Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-282-1

Gatiin: Qar. 76.90

Kutaa 11 Barnoota Afaan Oromoo Qajeelcha Barsiisaa Ministeera Barumsaa Bara 2005

# Barnoota Afaan Oromoo

## Qajeelcha Barsiisaa

## Kutaa 11

Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

# Barnoota Afaan Oromoo

## Qajeelcha Barsiisaa

## Kutaa 11

Qopheessitoonni:

Addunyaa Barkeessaa ( MA)

Alaamirroo Kaasaahun (MA)

Taarreqeny Mokonnon (MA)

Tashoomaa Egeree (MA)

Gulaaltonni:

Salamoon Gadaa (MA)

Tashoomaa Taaffasaa (MA)

Tasfaayee Jimaa (MA)

Madaaltonni:

Guutaa Fayyisaa (MA)

Hasan Waaqayyoo (BA)

Nagaasaa Hundee (MA)

Nuuriyaa Ibraahim (MA)

Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti

*Ministeera Barnootaa Bara 2005*

Setting a New Trend in Book Publishing

Galata

Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaabbiilee qulqullina barnootaa 1-12, manneen barnoota mootummaa keessatti kennamanirratti hojjetan, kanneen akka Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FQBW) irraa argameeni.

Federaalli Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaalaa (WGI), Fandii Faasti Inisheetiivii Kaataalikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo-Koorporeeshiinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaanii, Deggersa NiizarlaandiifiUK kan Muummee Guddina Internaashinaalaatiif dhaabbatan irraa argateen kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kun akka qophaa'u taasise. Kanaafuu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa namoota, gareewwaniifi qaamolee qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanarratti kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaachuun deggersa taasisan nigalateeffata.

© Federaala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa

Maxxansa jalqabaa- 2005/2012

Mirgi abbeentaa gama suurawwaniifi fakkiiwwanii, dokimentootaafi meeshaalee kanneen biroo odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaa

Dhaabbata Maxxansaa MK
L.S.P. 12385 Kaampaalaa
L.bil. +256 414-269150
Toora intarneetii www.mkpublisher.com
Kaampaalaa-Yugaandaa

ISBN 978-99944-2-282-1

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa kennamuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamin gochaawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaarii-ta Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 19996( July 19, 2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti ba'amanii heeruu yaallee jirra. Kanneen osoo itti hinyaadamin bira darbamaniif ammoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiinuu keessatti galateeffachuuf qophaa'oodha.

# BAAFATA


**Fuula**

Seensa Waliigalaa ........................................................................ iv

Boqonnaa 1: Afaan Akkamitti Jalqabame?............................................ 1

Boqonnaa 2: Garasuu Dhukii (Abbaa Booraa) .................................. 23

Boqonnaa 3: Namootaafi Bineensota ................................................ 29

Boqonnaa 4: Hirmaannaa Dubartootaa ......................................... 45

Boqonnaa 5: Eenyu Haafuudhu? ........................................................ 57

Boqonnaa 6: Addunyummaa .............................................................. 67

Boqonnaa 7: Industiriifi Sochii Tuuriizimii Addunyaa............................ 75

Boqonnaa 8: Barumsa Addaan Kutuu ......................................... 87

Boqonnaa 9: Injifannoo Walmorkii Olompikii ....................................... 93

Boqonnaa 10: Kan Mana Baasan Manaa Nama Baasa........................... 99

Boqonnaa 11: Og-Walaloo...................................................................105

Boqonnaa 12: Bifa Jireenyaa Hawaasa Sirna Gadaa............................ 111

Boqonnaa 13: Interpiraayizoota Daldaala Xixiqqaa ............................... 119

Boqonnaa 14: Balaa Beelaa Biyyoota Addunyaa 3ffaa Keessatti .......... 127

Boqonnaa 15: Faaya Mormaa ............................................................133

Boqonnaa 16: Xalayaa Barreessuu.......................................................137

Boqonnaa 17: Madda Odeeffannoo ......................................................143

# SEENSA WALIIGALAA

Kaayyoon barnoota afaanii (Language Education) inni guddaan akka waliigalaatti barattoonni afaan baratan sanaan hojjechuu akka danda'aniifi ogummaawwan afaanii warra bu'uuraa (the basic language skills) horachiisuudha. Xiyyeeffannoon barnoota afaanii Itoophiyaas, meeshaalee ogummaawwan kanarratti ga'umsa gonfachiisuun wal-qunnamtii, barnootaafi jireenya hawaasummaa garaagaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala mijeessuudha. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf carraaqqiiwwan taasifaman keessaa inni tokko qophii kitaaba barnootaati.

Kanaafuu, tokkoon tokkoon kitaaba barataa qabiyyeewwan garagaraarratti boqonnaalee garagaraatti qoodamuun barattoonni afaanii irraa caalaa ogummaawwan afaanii afran dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu boqonnaalee hunda keessatti xiyyeeffannoon akka gabbifataa deemaniif haala mijessa. Itti dabalees, boqonnaalee hunda keessatti qabiyyeewwan sadarkaa barnootaafi umrii barataatiin wal-gituun aadaa hawaasichaa bu'uureffachuun dhiyeessuuf carraaqqii guddaatu taasifame. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kunis kaayyoofi adeemsa kana bu'uureffachuun qophaa'e.

Boqonnaaleen kitaabaa barataa keessaas kan qophaa'an sirna barnootaa biyya keenyaa kan yeroo ammaarratti hunda'aniiti. Isaanis kaayyoo gooroofi gooree barnootaa afaanichaa galmaan ga'uurratti xiyyeeffatu. Qajeelchi barsiisaas kaayyoo, qabiyyee, mala baruufi barsiisuuirratti odeeffannoo ga'aafi barbaachisaa ta'an dhiyeessuun kitaaba barattootaatti fayyadamuufi Afaan Oromoo akka afaan tokkooffaatti barsiisuuf haala mijeessa. Barsiisaanis hanga isaa/ishii danda'ametti haala sissi'eessaa garagaraatti dhimma ba'uun (fayyadamuun) barnoonni gammachiisaa barbaachisaafi bu'a qabeessa ta'uu isaa barattoonni akka hubatan taasiisuu qaba. Qajeelchi barsiisaas, gilgaalaafi shaakala garagaraa dhiyeessuufi meeshaalee deeggarsaa eeruun kaayyoo barumsichaa galmaan ga'uurratti hojii barsiisaaf tumsa. Gilgaalonni kitaaba barataa keessatti dhiyaatanis kaayyoofi gosa garagaraa qabu. Kaayyoon isaanii,barsiisaa deeggaruun fedhii barattoonni barumsicharratti qaban kakaasuufi onnachiisuudha.

Qophiin kitaabaa kanaa sirna barnootaa bu'uura taasifachuun, odeeffannoofi hubannoo garagaraa dhiyeessuun, akka barsiisaan malleen baruu barsiisuu garagaraa wal-simsiisuun ogummaawwan afaanii hunda boqonnaalee dhiyaatan keessatti haalaan shaakalsiisuu gochuufi. Tokkoon tokkoon boqonnaalee keessatti kaayyoowwaniifi meeshaaleen deeggarsa barnootaa eeraman garagaraa nijiru. Gilgaaloonniifi odeeffannoon dabalataas mata dureewwan boqonnaalee hundaa keessaatti

barsiisaadhaaf dhiyaatanii jiru. Barattoonnis sonaan barachuu kan danda'an yoo waan baratanirratti hirmaatan waan ta'eef, gilgaalonni haala hirmaachisaa ta'een yoo dhiyaateedha. Kanarratti hundaa'uun, malli baruu-barsiisuu barataa giddugaleessa taasifateefi malli wal-qunnamtii kitaaba barataas ta'ee qajeelcha barsiisaa keessatti haalaan xiyyeeffataman boqonnaaleen kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessaatti qabiyyee barsiifamu irratti hundaa'ee gulantaalee murtaa'oo keessatti dhiyaateera. Fakkeenyaaf, boqonnaalee hunda keessatti, seensi, gulantaa wanta barattoonni beekanirraa ka'uun mata durichaan wal-barsiisanidha. Kunis, kan ta'u, fakkiiwwan garagaraa ilaaluun waan duraan beekan yaadachuun qabiyyee haaraa booda itti aansee dhufu hubachuuf bu'uura ta'a.

Barsiisaan afaanichaas, qabiyyeewwan boqonnaalee duraan barsiifaman keessaa isa barsiifamaa jiruun wal-qabsiisuuf yaadachiisuun akka barattoonni muuxannoo isaaniitiin wal-qabsiisuun tajaajila afaanichaan dinqisiifatan jajjabeessuu qabu. Kunis, seensa boqonnaalee keessatti kan raawwatamaniidha. Haalli dhiyeessa akkanaa kun akka barattoonni jechootaafi caasaa afaanichaa duraan itti fayyadaman yaadachiisuun dhimma amma irra jiraniin itti fufiinsaafi wal-simsiisaa gilgaalotaafi barnoota afaanichaa keessatti mirkaneeffachaa akka deeman taasisa. Karoora qabiyyee barnootaafi haala qindoomina gochaawwanirratti fakkaattiin qophaa'e karoora guyyaa qopheeffachuufi dalagaalee barnootaa qindeeffachuun, kaayyoon baruu-barsiisuu yeroo hundaa galmaan ga'uuf karaa saaqa.

Barsiisaan Afaan Oromoos, tokkoon tokkoon daree barnootaa keessatti qabxiileen ka'an mala baruu- barsiisuu adda addaa ykn cunqaa'aa (eclectic) ta'een barsiifamuu barbaachisuu isaanii hubachuun yeroo yerootti haalichattii of madaqsuu qaba. Kana malees, fedhii barataa tokkoo tokkoon addaan baafachuun kanneen fedhii adda qabaniif deeggarsa addaa gumaachuutu irraa eegama. Qabxii kana booda bal'inaafi xiyyeeffannoo addaa itti laachuun barattoota fedhii addaa qabaniif yaada jedhuun nikaafna.

Kaayyyoon guddaan barnoota afaanichaa kan sadarkaa gara garaatti dhiyaatee, ogummaawwan dhaggeeffachuufi dubbachuu barattoonni maatiirraa barachuu jalqabanii gara mana barumsaa dhufanitti dabalee ogummaa dubbisuufi barreessuu akka horatan taasisuudha. Kana jechuun ammoo, si'uma tokkicha martuu akka ogummaa goorootti barsiifamu jechuu miti. Tokko ykn lama yoo gooroo ta'e kaan ammoo isuma dahoo taasifachuun shaakalamu. Qabxiileen kanaan gaditti dhiyaatan kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti itti fayyadamuun akka barattoonni afaanicha guddifachaa deemaniif haalli mijaa'ee jira.

1. Qo’annaa fakkii
2. Shaakala dhaggeeffannaa
3. Ijaarsa barreeffamaa to’atamaa
4. Shaakala qubeessuu

Qabixiileen olitti ka’an, yoo gilgaalotaafi deeggarsa baruu barsiisuu garagaraatiin wal-simsiisuun dhimma itti ba’ame akka barattoonni ogummaawwan afaanii hunda gabbifachuun daree keessaafi dareen alatti itti fayyadaman gochuurra darbee ogummaawwan biroo kanneen akka ogummaa gadi fageenyaan yaaduu, ogummaa qaaccessuu, ogummaa dhuunfaafi garee hojjechuu danda’uufi, geggeessuu akka gonfatan taasisa.Kaayyoo afaan dhalootaatiin barachuu hojiirra oolaa jiru inni guddaanis kana bu’uureffata.

Itoophiyaa keessatti afaan dhalootaatiin barachuun kan xiyyeeffatu barattoonni ogummaawwan afaanii afran kana gabbifachuun afaan isaanii kan saayinsiifi teekinoolojii taasisuu akka danda’aniif karaa saaqa. Kitaabni kunis kaayyoo kana galmaan ga’uurratti yoo xiyyeeffatu xumura barnoota dhiyaatan irratti barattoonni.

- Ogummaawwan afaaniitti fayyadamuun ofiifi naannoo isaanii ibsu.
- Yaada mata duree tokko deeggaruun ykn mormuun falmii dhiyeessu.
- Odeeffannoo fudhachuufi kennuuf sirriitti dubbisu .
- Barreeffama qulqullinaafi qindoomina qabuun yaada isaanii dabarfatu.

## Ogummaawwan Afaanii Afran

## Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Barnoota Afaan Oromoo keessatti ogummaan dubbachuufi dhaggeeffachuu akkuma ogummaa dubbisuufi barreessuu xiyyeeffannoo argachuu qabu. Bu’uuruma kanaan kitaaba kana keessatti shaakala adda addaa jalatti dhiyaatanii jiru. Kaayyoon isaa barattoonni ogummaawwan kana maatiirraa baranii kan dhufan yoo ta’ellee tooftaafi haxa (methods & techniques) garagaraati fayyadamuun karaa saayinsawaa ta’een odeeffannoo argachuufi kennuuf akka itti fayyadamaniif haala mijeessa. Jireenya qabatamaa(in real life situation) keessattis ogummaawan kunneen irra deddeebi’amuun waan tajaajilaaniif xiyyeeffannoon akka laatamuuf ta’ee jira.

Barattoonni yeruma mara waan haaraafi gammachiisaa, kan jireenya qabatamaa keessatti bu’aa isaaniif qabu dhaga’uu barbaadu. Kanaafuu, barsiisaan fedhii barattoota isaa kana guutuuf hanga danda’ametti yeroo hunda waan gammachiisaafi bu’a qabeessa ta’e qabatee dhiyaachuu qaba. Wanti hubatamuufi xiyyeeffatamuu qabu inni guddaan

daangaan xiyyeeffannoo daa'immaniifi dargaggeeyyii afaanicha baratanii, murtaawaa ta'uu isaati.Haala kanaan, hanga danda'ametti, barsiisaan yeruma hunda shaakalaafi gilgaalota fedhiifi qalbii barattootaa hawwataniifi akkasumas, haala qabatamaa keessaa bu'aa qaban dhiyeessuun akka isaan dhaggeefataafi dubbataa gaarii ta'an qopheessuudha. Kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa keessatti gilgaalonni garagaraa ogummaa waan kana shaakalsiisuuf dhiyaatanillee, barsiisaan kana qofarratti of dagatuu hin qabu. Haala barbaachisummaa isaaniiraatti hundaa'ee shaakala garagaraa kanneen akka waliin dubbii, tapha jechootaa (word game), qubeessuufi wkf dhiyeessuun ogummaawwan akka gabbifatan taasisuu qaba. Gilgaalonni akka yaadachuu, gahee taphachuu, durdurii himuus barsiisaadhaaf eeramanii jiru. Kanneen kanaan gadiittif xiyyeeffannoon kennamuu qabu.

1. Sagaleessuu
2. Jabinaafi laafina
3. Ol ka'iinsaafi gadi bu'iinsa sagalee
4. Ilaalcha garagara akka dubbii keessatti dhiyaatanitti

**Hub:** Barsiisaan akka barattoonni ogummaawwan afaanii gabbifatan taasisuuf carraaqqii godhu keessatti dhiibbaan loogaafi afaanota naannootti dubbatamanii jiraachuu isaanii hubachuu qaba. Haala kanaan, barattoota gara sagaleessa isa waalta'eetti dhufuu dadhaban obsaan akka isaan sirreeffatan taasisa. Barattoota dhaggeeffachuufi dubbachuurratti rakkoo qaban malaan qabuun akka isaan dhawaataan ogummicha gonfatan jajjabeessuu qaba.

Barsiisaan Afaan Oromoo kanneen armaan gadii keessatti akka barattoonni dammaqinaan qooda fudhatan jajjabeessuu qaba.

1. Afaanichaan namoota fuul dura ba'anii bilisaan dubbachuu
2. Marii garee
3. Sagantaa gaaffiifi deebii keessatti
4. Falmii keessatti
5. Seenaa himuufi gosa seenessaa garagaraa keessatti .

## Dubbisuufi Barreessuu.

Ogummaawwan dubbisuufi barreessuu walitti hidhatanii gabbifatamuu waan ta'eef, waliin dhiyaatanii jiru. Barattoonni ogummaawwan kana lamaan sagantaa idilee keessatti mana barumsaatti shaakaluu eegalu. Kanaafuu, waa'ee ogummaawaan kanaa muuxannoon isaan qaban hanga warra lamaan kanaan dura ilaallee hinga'u. Namni afaanichaan dubbisaa gaarii ta'e tokkoo barreessaa gaarii ta'uu danda'a. Wal-

simannaan ogummaawwan kanneenii cimaa ta'uufi Afaan Oromoo barachuurratti qofa osoo hintaanee, Afaan Oromootiin barachuurrattiillee gumaacha guddaa qaba. Xiyyeeffannoon filannoofi itti fayyadama jechootaa, irraa-jalummaafi duraa-duubummaa caaseffamee afaanichaa, ogummaa barreeffamaatiin wal–qunnamuufi haala barreeffamaa garagaraatiif kennamuu qaba. Itti dabalees, ijaarsa himotaa, itti fayyadama sirna tuqaaleefi haalan itti fayyadama afaanichaa isa hawaasa keessaarratti ga'umsa horachiisa.

Barattoonni ittiin of gammachiisuufis ta'ee shaakala dareetti taasifamu keessatti carraa barreessuufi dubbisuu wal-qabate argachuu qabu. Haalli barattoonni daree keessatti sagalee ol fuudhaniifi callisaan dubbisan jiraachuun barbaachisaadha. Barattoonni tokko tokko qubaan akeekaa dubbisuun ariitii isaanii waan xiqqeessuuf barsiisaan haala akkasiirraa akka of qusatan taasisuun barbaachisaadha. Jabeessuu, sagalee isaanii ol fuudhuufi gadi buusuun akka dubbisan barsiisaatu haala mijeessa. Akkasumas, akka barattoonni barruu kalaqaa garagaraa kanneen akka walaloo, seenessaa, walaloo sirbaa, faaruu, xalayaafi asoosama gabaabaa barreessan jalqabarraa kaasee jajjabeessuun ga'ee barsiisaati. Kun ammoo akka barattoonni ijoollummaa isaaniitti ga'umsa jechootaafi caasaa afaanichaa barachuurratti fedhii dubbisuufi barreessuu horachuu kakaasa. Barattoota bitaadhaan barreessaniifis xiyyeeffannoon adda kennamuu qaba. Haalli teessuma daree keessaa barattoota akkasii kan akka isaan harka hiiqfatanii barreessan taasisu ta'uu qaba. Kun ammoo, teessoo nama lama sadii qabatu yoo ta'e gara moggaa osoo taa'aniis wayya.

## Mala Waliigalaa (Dimshaasha)

Malli waliigalaa asitti dhimma itti ba'ame (fayyadame) kan barattoota giddu-galeessa taasifateefi hirmaachisaadha. Barsiisaan akka barattoonni hirmaatan kan haala mijeessu malee kan ofii waa mara dhiyeessu miti. Kun ammoo, akka barattoonni ogummaawwan barbaachisoo ta'an wal-simsiisanii akka gabbifatan kan taasisuudha. Kanaafuu, adeemsa baruu-barsiisuu keessatti malleen dhimma baasan (fayyadan) adda addaa filachuufi itti fayyadamuu keessatti barattoonni hirmaachuu qabu. Qabxiileen kanaan gadii Afaan Oromoo barachuufI Afaan Oromootiin barachuuf malleen eeramaniidha.

i. Mala argannoo Qajeelfamaa (guided discovery method)

ii. Mala marii/hirmaachisaa)

iii. Mala agarsiisaa

iv. Mala gaaffiifi deebii

v. Mala sammuu kakaasuu / sissi'eessuu/

vi. Mala jechaafi gochaa

vii. Mala do'ii

## Mala Argannoo Qajeelfamaa

Malli arganno kun mala baruu barsiisuu keessaa isa tokkoo ta'ee kan barsiisaan tattaaffii barattoonni ogummaawwan afaanii guddifachuuf taasisan keessatti akka qajeechaatti tajaajiludha. Malli kun barattoonni wanta naannoo isaaniitti argamaniirraa ka'anii daawwannaafi yaalii geggeessuun odeeffannoo barnoota isaaniirraa argatan haala qabatamaadhaan wal-simsiisuun akka waan haaraa tokko argatan carraa laataaf. Barsiisaanis akka barattoonni isaa waan isaanii hin gallee gaafatan godha. Yoo isaan dogoggora uumanis akka ofii sirreeffatan walii sirreessaniifi ofii isaafii sirreessuu barnootaaf haala mijeessa. Asittis xiyyeeffannoo argachuu kan qabu, barattoonni dhaggeeffachuu ykn daawwachuu qofa osoo hin taane, hojjechaa barachuufi barachaa hojjechuu akka danda'an taasisuudha. Kana jechuun ammoo dubbisuudhaan dubbisuu barsiisuu, barreessuudhaan barreessuu barsiisuu, fedhuudha.

## Mala Marii

Malli kun marii barattootaafi barsiisaa akkasumas, barattootaafi barattoota gidduutti yaada wal-jijjiiruun akka geggeeffamu taasisa. Barsiisaan mata duree dhiyeessuun akka barattoonni irratti mariiyatanii yaada itti laatan, falman, deebii laatan, mormaniifi deeggaran taasisa. Marii isaanii kanas niqindeessa. Kun ammoo, barattoonni ogummaawwan gurguddoo afaanii cinatti ogummaa gadfageenyaan yaaduu, ogummaa seccessuu, ogummaa gareefi namootaan waliin hojjechuufi ogummaa dhiyeessan akka gabbifatan gargaara.

## Mala Agarsiisaa

Barattoonni umrii daa'imummaa isaaniitti, irra caalaa akkeessuudhaan baratu. Barsiisaan haala afaanichi hawaasa keessatti, ittiin tajaajilu barattootaattii agarsiisuu qaba. Barsiisota isaanii fakkaatu waan ta'eef, haalli dhiyeessaafi dhiyeenya barsiisaa, kan ogummaa jireenyaa jara gonfachiisan ta'uu qaba. Walirraas waan hedduu baru danda'uu waan ta'eef, haalli itti fayyadama ogummaa afaanichaa jarri qaban keessaa inni bu'a qabeessa ta'ee jajjabeeffamuu qaba.

## Mala Gaaffiifi Deebii

Mala kana keessatti barsiisaan gaaffiiwwan garagaraa fayyadamuun shaakala dhiyaateef akka barattoonni isaa ogummaawwan barbaachisaan gabbifatan taasisa. Gaaffiiwwan barattoonni kaasaniis ni deebisa. Barsiisaan akka barattoonni isaa karaa garagaraatin yaaduun qabiyyees ta'ee uunka barnoota argaaniirratti gaaffii kaasan jajjabeessuun haala mijeessa. Ofii isaatii gaaffiiwwan akka barattoonni yaada kaasan taasisuu ykn gaaffiiwwan deebii tokkoofi tokkoo ol qabachuu danda'an haala barbaachisaa keessatti dhimma itti baha.

## Mala Sissi'eessuu/Fedhii itti Uumuu/

Barsiisaan mala kanatti gargaaramee akka barattoonni muuxannoo isaanii gara dhimma barbaadutti akka fidataniif gaaffiiwwan dimshaasha ta'an kaasa. Gaafficha keessattis mormuun ykn deeggaruun akka barattoonni hirmaatan taasisa. Mata dureen barattoonni yaada irratti kaasanii kan kallattii adda addaattin ilaalamuufi kan sadarkaa barattootaatiin wal gitu ta'uu qaba.

## Mala Do'ii/Daawwii/

Haala dhiyeessa kana keessatti barattoonni akka abbaa dhimmaatti qooda fudhatu. Ijaara gocha ykn seenaa barsiisaan dhiyeesse tokko faana bu'uun akka suuraan dhimmichaa sammuu isaanii keessatti ka'utti waliin dubbii, ofiin dubbii, gahee taphachuu fa'iin daree keessatti dhiyeessu.

## Mala Jechaafi Gochaan Dhiyeessuu

Asitti barattoonni sochiilee qaamaa isaanii dhimmichaan walitti qindeessuun dhiyeessuuf qindaa'u. Gilgaalonni haala kanarratti qophaa'an walaloo hibboofi jechoota dubbachuurratti arraba namaa takaalan dhiyeessuun barsiisaas ta'ee barataan dhimma itti bahu. Barsiisaan akka barattoonni gareen cimdiin akkasumas dhuunfaan dhiyeessan affeeruun filaannoonni akkasii akka barattoonni

i. Jechoota sirritti akka dubbisaniifi barreessan gargaara.
ii. Saffisaan dubbisuu isaanii akka fooyyeeffatan taasisa.
iii. Barruulee garagaraa hubachuurratti dandeettiin barttootaa akka dabalu gargaara.
iv. Hiika jechaa ykn gaaleewwaanii galumsarraa akka tilmaaman
v. Hima sirriitti akka dubbisan
vi. Dha'a jabinaa, olka'iinsaafi gad bu'iinsa akka dinqisiifatan haala mijeessa.

## Hojii Garee (Marii)

Hojjin garee mala baratoonni gareedhan ta'uun dhimma kennameef tokkorratti yaada mataa isaanii mormuun ykn deeggarun itti ibsaniidha.

Dhimmoonni yaada keessa galuu qaban

i. Umrii barattootaa
ii. Dandeettiifi ogummaa
iii. Dhimmoota korniyaan hidhata qaban
iv. Muuxannoofi yaada barattootaa dinqisiifachuu

v. Qajeelfamoota ifa ta'an kennu

vi. Fedhii qabaachuu barattootaa

vii. Jijjiirama jiruufi jireenya hawaasa keessaa.

## Qindoomina garee

Daree barattoota 40 qabu keessatti barattoota 10 garee tokko taasisuun nidanda'ama. Ta'uu baannaan, garuu garee nama 4 ykn 6 qabu ijaaruu wayyaa. Kunis, barattoonni teessoo tokkorra 2 ykn 3 ta'anii kanneen isaan duuba taa'aniitti gara galuun akka mariyatan taasisuudha. Marii isaanii kan hoogganu barataa cimaaf laachuun dhimmi tokkoon tokkoon barattootaatiin akka galmaan ga'an barbaadame fiixa ba'uu danda'a.

## Bu'aa hojii garee

- Barattoonni sodaatan ykn leeyya'an(saalfataniifi), suuta waa hubatan akka si'aa'inaan hirmaatan jajjabeessa.
- Ofitti amantaa dabala
- Gilgaalota bal'aa yeroo murtaawaa keessatti shaakalsiisa
- Bilisaan of ibsuu barattootaa saffissisa
- Aadaa wal-gargaarsaa barattootaa gabbisa.
- Odeeffannoo akka walii hiran taasisa
- Miseensonni garee hunduu hubatamuu waan barbaadaniif wal-dorgomsisuuf haala mijeessa.
- Barattota giddu galeessa taasifata
- Barsiisaanis akka barattoota isaarraa baratu taasisa
- Hirmaannaa tokkoo tokkoo barattootaa cimsa
- Odeeffannoo dabalataa kennuufi keessa deebiidhaaf mijataadha.

**Rakkoo hojii garee keessatti uumamu akkamiin furuun danda'ama?**

- Dursanii garicha qindeessuu.
- Barattoota dandeettii fi fedhii isaaniitiin gareetti qooduu
- Nama garicha to'atu isaanuma keessaa akka filatan gochuu
- Barsiisaan dalagaa gareewwanii haalaan hordofuu
- Dhiyeessi baay'ee ta'uu
- Dogoggora uumamu sirreessuun akka marii isaanii mata duricharra taasifatan taasisuu
- Qajeelfama ifa ta'e kennuufi ammaa ammaa barattoota to'achuurraa of qusachuu.
- Dalagaan fedhii barattootaa kakaasuufi barbaachisaa ta'e kennamuufi qaba.

## Qo'annaa Fakkii

Fakkii qo'achuun akka barattoonni haalicha ilaalanii hubatan godha. Barattoonnis akka fakkiicha ilaalanii ibsan jajjabeeffamu. Gilgaalotaafi meeshaalee deeggarsa barnotaa afaanii kan haala qabatamaa keessaa dhimma baasu waan ta'eef, gilgaalonniifi meeshaaleen deegarsa barnoota Afaan Oromoo baay'ee barbaachisaadha. Barattoonni barumsa haala kanaan baratan muuxannoo isaanii gabbifachuun jijjiirama agarsiisuu qabu. Meeshaan deeggarsaa kunis kan addunyaa dhugaa keessatti bakka bu'aa qabuufi kan yaadaan jiru ta'uu mala. Hanga danda'ametti garuu dalagaalee daree keessaa isa jireenya qabatamaatiin wal-qabsiisuun barbaachisaadha.

Caasluga afaaniifi seera isaa walxaxaa ta'e barsiisuu keessatti illee haala hawaasa keessatti hojiirra oolurraa addaan baanaan bu'a qabeessa hin ta'u. Tajaajilli deeggarsa barnootaafi gilgaalotaas dhimma kana galmaan ga'uuf tajaajilu. Muraasni isaanii warra kanaan gadii yoo ta'an kitaaba barataa keessattis dhiyaachuun qajeelchi barsiisaa ammoo hojjii kalaqaa kanneen birootiin wal-qabsiisuun hojiirra oolchuu yaala.

Deeggarsa baruu barsiisuuf kanaan dhiyaatan kun salphaafi yeruma hunda daree barnoota afaanii keessatti itti fayyadamuun kan danda'amu ta'uullee qarshii xiqqoo baasuufi kaan ammoo barattoonniifi barsiisonni ofumaa qopheessuu kan gaafataniidha.

## Meeshaalee Deeggarsa Barnootaa

### Wantoota Qaamaan Jiran

Meeshaaleen deeggarsaa kunneen kan barattoonni jireenya dhugaa keessatti argatan, kan akka kubbaa, dhagaa, ulee, nama, gaazexaafi wkf ta'uu malas.

## Gilgaalota Baruu-barsiisuu

### Shaakala Dhaggeeffachuu

Ajajni maatiifi barsiisonni barattootaaf kennan baay'een isaanii kan dhaggeefatamanidha. Qajeelfamoonni kunneen ammoo barattoota hubama dhageettii qabaniif mallattoodhaan kan dhiyaataniidha. Qajeelfamni kun gabaabaatti shaakala dhaggeeffachuu kan milkeessanidha.

### Sadarkaalee Dhaggeeffachuu

### Dhaggeeffachuun Dura

- Qabiyyee barnootichaatiin kan qunnamtii qaburratti barattoota qopheessuu
- Fedhii barattootaa kakaasuu
- Qabiyyee barnoota darbee yaadachiisuu

## Yeroo Dhaggeeffachuu

- Shaakala sasalphaa kan barattoonni dhaggeeffachaa dalagan (fkn kan dhaggeeffatan keessaa waan sadii akka barreessan taasisuu. Kaayyoon isaas, xiyyeeffannaa isaanii cimsuufi.
- Barruu qophaa'e si'a lama ykn si'a sadii dubbisiif.
- Sagalee giddugaleessa ta'ee barattoota hundatti dhaga'amuun dubbisiif.

## Dhaggeeffachuun Booda

- Gilgaalota dhiyaatan shaakalsiisi.
- Hordoffii walitti fuffinsa qabu taasisi.
- Barruu dhaggeeffatan irratti hundaa'uun gilgaalota ogummaawwan adda addaa gabbisan shaakalsiisi.

Dalagaaleen kanaan gadii ammoo, barattoonni afaaniichaa ogummaa dhaggeeffachuu isaanii akka gabbifataniif tumsa godhii.

- Waliin dubbii
- Falmii
- Teeppii ykn televiijiinitti gargaaramuu
- Doo'ii (daawwii)
- Kennaa ykn ibsa ajajaa
- Ibsa kennuu

Shaakala ibsa kennuu keessatti barsiisaan barattoonni dhaggeeffatanii akka barreessan taasisa. Kaayyoo isaa ogummaa dhaggeeffachuufi barreessuu barattootaa madaaluuf barattoonni wanta ibsamu dhaggeeffatanii ariitiidhaan yaadannoo barbaachisaa ta'e akka qabatan taasisa.

## Gulantaalee Barsiisuu

## Gulantaa

1. Osoo barattoonni dhaggeefachaa jiranii ati ammoo, si'a lama dubbisiif.
2. Barattoonni shaakala barreessuu hima himaan akka barreessan qajeelchi.
3. Barruu san gabatee gurraacharratti barreessuun akka barattoonni isa barreessaniin wal-bira qabanii sirreeffatan taasisi.
4. Barattoonni dubbisicha hubachuu isaanii mirkaneeffachuuf afaaniin gaafadhu.

## Qo’annaa Fakkii

Kitaaba barataa keessatti jalqaba (mata dureewwan) boqonnaalee hundaarratti fakkiifi gaaffiiwwan karaa agarsiisaniin itti seenamee jira. Barsiisaanis akka barattoonni fakkiiwwan dhiyaatanirraa wantoota, bineeldotaafi namoota haala garagaraa keessaa addaan baafatan gaafachuutu irraa eegama. Kaayyoon isaas akka barattoonni waan beekanirraa ka’anii isa hinbeekne barachuu danda’aniifi haala mijeessuudha. Kana malees, barattoonni yoo fakkii ilaalanii ibsan dhugaa hawaasa keessatti kan duraan beekan jechootaafi caasaa afaanichaatti gargaaramanii ibsuun aadaafi duudhaa hawaasichaa ka’umsa taasifatu. Kanafuu, wanta arganii beekan tokko irratti yaada kennuun dhugaa hawaasa keessaa gara dareetti fiduurra darbe fedhiin isaanii akka daran dabalus godha.

## Gulantaalee

- Matadureen wal-barsiisuu
- Barattoonni gaaffii ati kaaftu mararratti mariyatu.
- Fakkii qo’atu.
- Barattoonni wantoota /bineeldota/namoota/haallan fakkicharraa argan ibsu.
- Gaaffiiwwan karaa agarsiisuuf kitaaba barataa keessatti dhiyaates nideebisu.

## Tapha Jechaa(word game)

Barnoonni jalqabaa muraasni jechoota haarawaa kanneen loogawwan keessa ba’aniin baratoota wal-barsiisan jechoonniifi caasaan haaraan ammoo hanga danda’ametti meeshaalee deeggarsa barnootaa fayyadamuun barsiifamuu qabu. Meeshaaleen deggersaa kunis, waan hunda dura akka qalbiin barattootaa gara dhimmichaatti luucca’u taasisuun salphaatti hubachiisa. Kun ammoo akka isaan waa’ee meeshaa deeggersaa sana waan addaan baafachiisurra taree, gara kamitti akka inni yaada isaanii harkise irratti akka yaada wal-jijjiiran taasisa. Fakkeenyaaf, kanaan dura barattoonni waa’ee halluu barachuu malee gosni halluu dhiyaateefi isa irratti hundaa’uun waa’ee isaa barachaa, halluun inni kaan ammoo akka jara garaa nyaate yaada isaanii dhiyeessuuf haalli mijataa hinturre. Meeshaaleen kun ammoo, haala kanarratti hubannoo cimsu. Kanaafuu, meeshaalee deggersa barnootaa garaagaraatiin deggeruun dhimma tokko dhiyeessuun wantootaafi waa’ee isaanii irratti hubannoo cimsa

Itoophiyaan biyya barattoonni afheddee ( multilingual)fi aadheddee (multicultural) ta’an keessatti barataniidha. Kanaafuu, barattoota muuxannoo garagaraa qabantu gara mana barumsaa dhufu. Fakkenyaaf, baadiyaafi magaalaan haallan adda addaa barnoonni keessatti kennamu. Barattoonnis naannoowwan garagara. Bakka wantoota

addunyaa qabatamaa keessa akkuma jiranitti daree barnootaatti fiduun ittiin barachuun rakkisaa ta'utti, fakkiiwwanii gabatee gurraachaafi kitaaba barataarraa jechootaafi yaad rimeewaan ciccimoo ta'an salphaatti hubachiisuun nidanda'ama. Jechoonni haala kanaan barsiifaman ammoo caasaa afaanichaa kan sadarkaa garagaraa keessatti itti fayyadamuuf haala mijeessa.

## Adeemsa

- Meeshaalee deeggarsa barnootaa dursanii barattootatti agarsiisi.
- Jechoota haaraafi akkaataa isaan itti sagaleessan barattootaan wal-barsiisi.
- Haala jechoonni sun keessatti tajaajilan ibsi.
- Akka barattoonni sifaana bu'anii sagaleessan taasisi.
- Himoota garagaraa keessatti jechichatti gargaarami.
- Barattoonni hima ofii isaanii keessatti akka jechoota sana gargaaraman taasisi.
- Hima barattoonni ijaaran harkaa fuudhiitii gabatee gurraacharratti barreessi.
- Dhumarratti, akka barattoonni gilgaala kitaaba barataa keessaa ofii isaaniitii filatanii barreessan jajjabeessi.

Hub. Dhumairratti gilgaala barreessuu shaakalsiisuun dirqama miti. Afaaniin daree keessatti mariyachuun gahaadha.

## Shaakala Qubeessuu

Shaakala qubeessuu keessatti barsiisaan jechoota garagaraa dubbisuun barattoonni akka barreessan taasisa. Kunis, jalqaba barnootarratti kan shaakalamuudha.

## Tapha Jechootaa (word game)

Taphni jechootaa akka barattoonni ogummaa xiinxaluufi gadi fageessanii yaaduu gabbifatan taasisa'. Tooftaan kun, akka barattoonni bashannanaa salphaatti hiika jechoota baratan taasisa

## Adeemsa Tapha Jechootaa

Taphni jechootaa adeemsa garagaraa keessa darba.

- Qabxiilee taphaaf qophaa'an barattoonni barruulee isaaniirratti ni- barreeffatu
- Eertota gaaffiiwwan sana keessaa niqo'atu.
- Eertota sanarraa ka'anii deebii laachuun taphicha guutuu taasisu.
- Bakka barattoonni gargaarsa fedhanitti cinaa dhaabachuu qaba.

- Barattoonni akka yeroo biraas tapha jechoota garagaraatti fayyadaman qajeelchuun gaariidha.

## Waliin Dubbii

Waliin dubbiin kan qophaa'u akka barattoonni ogummaa of ibsuu gabbifatan, ofitti amanamummaa horatan, jechootaafi caasaalee afaanichaa shaakalan gargaara. Xiyyeeffannoon isaa garuu ogummaa dubbachuufi dhaggeefachuu gabbisuurratti ta'a. Akkuma ija jabinaafi ofitti amanamummaa horachaa deemaniin ogummaa do'ii qopheessuufi isa qophaa'e keessatti qooda fudhachuun bashannansiisuu horachaa deemu.

Faayidaa waliin dubbii ogummaa dubbachuu barsiisuu keessatti

- Barattoota waan giddugaleessa taasifatuuf barattoonni hojii isaaniirraa baratu.
- Ogummaa dhaggeefachuu barattotaa gabbisa.
- Barattoonni waan dhugaafi hiika qabeessa ta'e akka dalagan taasisa.
- Afaanicharratti akka barattoonni ga'umsa dubbii horatan gargaara.
- Ogummaa dubbisuufi barreessuu horachuuf jara qopheessa.
- Ofitti amanamummaa gonfachiisa.
- Barumsicharratti akka barattoonni fedhii horatan taasisa.
- Hiika gaaleewwaniifi cirowwan guutummatti akka argatan godha.
- Hiikni jechoota haaraafi wkf akka barataman karaa saaqa.

## Waliin Dubbiin Barsiisuu

Barsiisaan Afaan Oromoo, hunda dursee waa'ee waliin dubbiirratti ibsa ifa ta'e kennuu qaba. Kun ammoo, seenduuba isaa, qooddattoota achi keessatti qooda fudhataniifi wkf ilaalchisee ta'uu danda'a. Barsiisaan dursee waa'ee waliin dubbii sana waan hubachiisuuf, barattoonni waa'ee kanaa beekan, kun ammoo, hojicha keessatti qixaan akka hirmaatan karaa saaqa.

## Adeemsa Waliin Dubbii

### Gulantaa 1

- Waliin dubbicha haala filatamaa ta'een dhiyeessu.
- Fakkeenyaaf fakkii haala bittaafi gurgurtaarratti qophaa'e barattootatti agarsiisuu.
- Qabxiilee ijoo fakkicharratti barattoonni waliin mariyachuu.
- Akka barattoonni waliin dubbii beekamaa tokko shaakalan taasisuu.

## Gulantaa 2

- Waliin dubbicha akka barattoonni dhaga'anitti dubbisuu.
- Yeroo dubbisaa sagalee haalarratti hundaa'uun jijijjiiruu.
- Gochaawwan qooddattootaa barattootatti himuu.
- Waliin dubbicha si'a lama irra deebi'uun dubbisuu.

## Gulaantaa 3

Caacculee afaanii waliin dubbicha keessaa qixaan barsiisuu.

## Gulaantaa 4

- Barsiisaa faana bu'uun akka barattoonni waliin dubbicha sarara sararaan irra deebi'an taasisuu. Kanaafuu,
- Barattoota kee bakka lamatti qooduun qooddattoota taasisi.
- Osoo addaan hinkutin akka gareewwan kan dhuunfaa isaanii dubbisan sochii qaamaatiin ajaji.

## Gulantaa 5

- Waliin dubbicha cimdiin shaakaluu.
- Waliin dubbicha akka barattoonni lama lamaan ija keessa wal-ilaalaa shaakalan qindeessuu.
- Akka isaan sagalee ol fuudhanii dubbatan hayyamuu.

## Gulantaa 6

- Barattoonni waliin dubbatu.
- Uffatanii akka qophaa'an taasisuu(yoo danda'ame)
- Warrii qophaa'an akka jalqaban taasisuu.

## Sirbuu

Barattoonni akka mukuu, dadhabbii, nuffiifi wkf irraa baraaramaniif, jaruma keessaa kan sirba danda'u tokko ka'ee akka walaloo sirba dhageessisu taasisuun ga'ee barsiisaati. Barattoonni akka walaloo sirbaa barreessaniifi dubbisan taasisuunis ogummaa isaanii kana cimsa.

## Walaloo

Walaloon mucaan cimaan tokko barreessuu dha'atas, dhikkisas qaba. Walaloonis amala muuziqaa waan qabuuf baay'ee barbaachisaadha. Walaloon kun daree barnootaa keessatti yeroo barbaachisaa ta'etti dubbifamuufi jechoonni haaraan achi keessaa ba'anis baratamuu qabu. Kana cinattis haalli walaloon waraqaarratti itti dhiyaate kan hololoorraa adda waan ta'eef, uunki isaa nibaratama.

Barattoonni akka walaloo barreessan jajjabeeffamuu qabu. Sagantaa barattoonni walaloo barreessuun itti walii dubbisan barsiisaan qopheessuu qaba. Kun ammoo dubbisuufi barreessuu irratti akka isaan fedhiifi jaalala horatan taasisa. Walaloo qophaa'e tokko akka barattoonni dubbisan taasisuun dura, barsiisaan ofii isaatii dubbisuu qaba. Barattoota sadarkaa hundaaf walaloon sagalee muuziqaa fakkaatuun dhiyaate daran bashannansiisaa ta'a.

## Adeemsa Walaloon Ittiin Dhiyaatu

### Gulantaa 1

- Akka barattoonni walaloo beekamaa tokko dubbisan taasisi.
- Walaloo sana haalaan sagaleessuufi gochaanis agarsiisuu akka danda'an gochuu.
- Barattoonni walalicha keessa isaaniitti beekuun jijjiirraa jechaa irraa of qusachuu qabu.

### Gulantaa 2

- Si'a tokko gaalee walaloo tokko barsiisi
- Ofii keetii dubbisuun ykn jechuun akka barattoonni sijalaa qaban taasisi.
- Barattoonni hundi akka irra deebi'anii jedhan kakaasi.

### Gulantaa 3

- Gareewwan keessaa gareen tokko si'a tokko akka walalicha irra deebi'an qajeelchi.
- Barattoota 2 ykn 3 kaasuudhaan akka walalicha irra deebi'anii dubbisan taasisi.

## Xiyyeeffannoo

Jechootaafi caasaa afaanichaatiin alatti ogummaafi duudhaan hawaasichaa kan barataman ni jiru. Fakkeenyaaf, barattoonni ofitti amanamummaa, obsa, waldanda'uufi rakkoo ykn mudama jireenyaa jala dhaabachuu danda'u. Jaalala itti gaafatamummaa fudhachuu, kalaqaafi uumama dinqisiifachuu, wal-qunnamtii ga'aa gaggeessuufi wkf gonfachiisuu kan danda'an barachuu qabu. Ogummaawwaan kana akka barattoonni

gonfataniif kitaaba baratаa keessatti gilgaalonniifi fakkiiwwan gosa garagaraa, qajeelcha kana keessattis haalli hojiirra oolmaa isaanii dhiyaatee jira. Kaayyoon kanaas, sonaafi duudhaa hawaasa keessatti ijoolummaa isaaniitiin akka guddatan taasisuudha.

## Gulantaalee

- Barsiisaan qabxiilee qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaatan dubbisuun haala hawaasa keessaatiin wal simsiisee barsiisa.
- Marii haala qabatamaa naannoorratti taasifamurratti barattoota hirmaachisa.
- Barattoonnis hirmannaa barbachisaa ta'e taasisu.

## Seenaa Himuu

- Seenaa himuun wantoota afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbaa har'a ga'an himuun ykn kan barreeffame dubbisuun akka barattoonni irratti hojjetan taasisuudha.
- Dalagaaleen dhimma kana jalatti ka'an akka barattoonni dabareedhaan seenaa himan, kaan ammoo, akka dhaggeeffatan taasisuufi ofiis keessatti hirmaachuun barsiisaarraa eegama.

## Bu'aa Seenaa Himuun Qabu

1. Akka barattoonni barnoota isaaniitti gammadaniifi fedhii horatan taasisa.
2. Ogummaa afaaniin ibsuu, marii keessatti hirmaachuu, sirbuu, do'ii dhiyeessuu gonfachiisa.
3. Ogummaa dubbachuufi dhaggeeffachuu barattotaa gabbisuun barnoota daree irratti akka xiyyeeffatan taasisa.
4. Kalaqaafi hirmaannaan barattootaa akka dabalu taasisa.
5. Ga'umsa barattoonni gama yaaduutiin qaban akka dabalus taasisa.
6. Akka barattoonni aadaa isaanii dinqisiifatan jajjabeessa.

## Haxawwan Seenaan Ittiin Himamu

- Do'ii
- Dhiyeessa sirnaawaa
- Gaaffii afaanii dhiyeessuun barattoota seenaa himuu keessatti hirmaachisuu
- Haala irratti hundaa'uun barattoota gareetti qoodu
- Sirba seenaa dhiyaatuun qunnamtii qabu fayyadamu.

## Dalagaalee Dhuma Seenichaarratti Dhiyaatan

- **Do'ii qooddattootaa**
- Irra deebi'anii seenicha himuu
- Bilisaan gaaffii afaanii deebisuu
- Marii
- Seenicha akkeessuu
- Fakkiitti jijjiiruu
- Barreessuu

## Gahee Taphachuu

Dalagaa akkanaa keessatti barattoonni seenaa, tapha, haalaafi wkf tokko fudhachuudhaan himuu eegalu. Jechoota achi keessaa bahanitti haalaan madaqu. Adeemsi akkasii ammoo akka isaan ogummmaa waa kalaquun afaanichatti dhimma ba'uun caala mudannoo ibsuu, dubbatanii amansiisuu, yaadolee walitti araarsuufi wkf gabbifatan taasisa. Barsiisaanis haala mijeessee akka barattoonni isaa keessatti gahee taphatan, fkn haala gabaa, mana yaalaa daawwachuufi wkf mijeessa.

## Falmii

Malli kun akka barattoonni mata duree isaanitti toluufi sadarkaa sadarkaa isaaniitiin wal-gitu filatanii irratti wal-falman carraa laata. Kunis gama lama qabachuudhaan gamni tokko mormee, gamni biraa ammoo deeggaruun keessatti hirmaatu.

Falmiin akka barattoonni dhimmoota adda addaa irratti yaada kaasuun ga'umsa afaanichaa fooyyeffataa deeman godha. Kanaafuu, barsiisaan mata duree salphaa ta'erraa akka eegalan taassuu qaba. Barattoonni darichaas garee lamatti qoodamuun akka dhimmicharratti falmii isaanii dhiyeessuu danda'an itti qophaa'u. Dhiyeessaafi falmii akkasii keessatti ogummaawwan afaanii hunda gabbifatu. Kana malees, wal-danda'uu, wal-kabajuufi walitti dhufeenyi gaariin akka argamu taasisa.

## Yeroo Wacuun Mariyatan

Asitti, barsiisaan akka barattoonni dhimma daricha keessaa tokkorratti hiriyoota ykn akkuma wal bira jiranitti mariyatan taasisa. Dareen marii sanaas wacaa falmuufi deeggaruutiin guuta. Gar malee akka hin taane barsiisaan ni to'ata.

## Yeroo Battallee

Yeroo kana ammoo barsiisaan gaaffiiwwan gaggabaaboo qopheessuun deebii gabaabaa

akka kennan taasisa. Kun ammoo hibboo fa'iin qunnamtii mata dureewwan qaban hedduu of keessatti hammachuu kan danda'uudha. Yeroon battallee kanaaf kennamus gabaabduu ta'uu qaba.

## Fakkiifi Faayidaa Isaa

Fakkiin odeeffannoo fudhachuufis ta'ee dabarsuuf ga'ee guddaa qaba. Akka barattoonni ogummaa fakkii kaasuus ta'ee dubbisuu horatan taasisuuf barsiisaan gilgaalota qopheessuun keessatti hirmaachisuu qaba.

Gilgaalonni qophaa'an kun ammoo, fakkii dhiyeessuun akka barattoonni barreeffamatti jijjiiran ykn barreeffama gara fakkiitti jijjiiramu tokko dhiyeessuun akka isaan yaada barreeffamicha fakkiitti jijiiruu danda'an taasisuu qabu. Kun ammoo, ogummaa waan ilaalan tokko ibsuufi waan yaadaan jiru tokko gara waan mul'atuutti jijjiiruu akka guddifatan gargaara.

## Piroojeektiiwwan Dhuunfaafi Gareen Hojjetaman

Akka barattoonni gareefi dhuunfaadhaan piroojeektii garagaraa hojjetan taasisuun ogummaafi ga'umsa yoomessa kalheddee keessatti tajaajilus akka gabbifatan godha. Hojii barattoonni gareen ykn waliin hojjetan kennuun, akka barattoonni suuteyyiifi ija laafeyyiin ofitti amanamuummaa horataniif isa kophaa kophaatti hojjetanii fooyya'anii akka argaman taasiisa. Kana malees, waliin hojjechuun walitti dhufeenya isaaniiratti, wantoota qaacceessuurratti, gadi fageessanii yaaduurratti, qindeessuurratti ga'umsa akka horatan taasisa. Kana galmaan ga'uufis akka barattoonni falmii, mariifi wkf keessatti qooda fudhachuun yaadaan morman, deeggaran, akkasumas, yaada wal-jijjiiran taasisuutu barsiisaarraa eegama.

Adeemsi itti dhiyaachuu qabu ammoo barattoota qabxii olaanaa qabaniifi qabxiin isaanii gadaanaa ta'e, dhiiraafi dubara akkasumas magaalaa fi baadiyyaa jiraatan waliin makuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e kanneen akka fakkii haasawaa taasifame, waan barreeffameefi wkf walitti qabachuun gareedhaan akka dhiyeessan taasifamuu qabu.

## Teekinoolojii Qunnama Odeeffannoo (TQO) Gargaaramuun Barachuu

Barnoota mala ammayyaa bu'uura taasifateen barachuufi barsiisuun odeeffannoo saayinsiifi teekinoolojiirraa argametti gargaaramuun barbaachisaadha. Odeeffannoo kana argachuuf ammoo, raadiyoonii, televiijiiniifi interneetiitti gargaaramuun dirqama ta'a. Barsiisonni afaanii odeeffannoo ykn yaada namoonni dirree qo'annoo garagaraa qaama mala baruu-barsiisuufi qabiyyee barnootaatiin qaban argachuufi itti fayyadamuuf meeshalee sub-qunnamtitti fayyadamuu qabu.

Barnoota afaanii saffisiisuuf, meeshaalee sab-qunnamtiitti kanneen akka televijiinii teephiidhaan waraabuun dhaggeeffachiisuufi daawwachiisuun ogummaa dhaggeeffachuufi ilaalanii ibsuu akka danda'an taasisa. Kun barattoonni odeeffannoo meeshaalee wal-quunnamtii kanarraa argataniin waan barataniifi haala itti baratan fooyyeffachuun isa duraan kitaaba barnootaa qofaan gaggeeffamurraa adda ta'uu danda'u.

Fedhii addaa daree baranoota afaanii keessatti miidhamni qaamaa, hubama sammuu miti. Barattoonni shaakala gilgaalota garagaraafi gargaarsa addaa barbaadan dagatamuu hinqaban. Barattootuma wajjiin ta'uun gargaarsa addaa yoo argatan haala gaarii dhaan barachuu kanneen danda'an xiyyeeffannoo bakka barbaachisutti gaaffiiwwan akka barattoonni karaa garagaraa deebii itti laatan kakaasu gaafadhu.

## Hanqina Xiyyeeffannoo

Barattoonni tokko tokko waan tokkootti xiyyeeffannoo kennuu dadhabu. Kanneen akkasiitiif ammoo

- Gilgaalootaafi dalagaalee ifaafi salphaatti xiyyeeffannoo isaanii hawwachuu danda'an qopheessuu .
- Gilgaalotaafi dalagaalee haala garagaraa keessatti barbaachisan waliin makuun dhiyeessuu.
- Haala isaanii hubachuun gosa gargaarsa kennamuu jijjiiruu
- Gargaarsa barattoota akkasiitiif taasifamu keessatti hiriyoota isaanii warra miidhama qaamaa hinqabne hirmaachisuu.

### Hanqina Yeroo Dheeraaf Yaadachuu Dhabuu

Barattoota yeroo gabaabaa qofaaf yaadachuu danda'aniif qabxiileen itti aanan barbaachisoodha.

- Gilgaalota irra deddeebii qaban hojjechiisuu; osoo qabiyyee barachuuf deeman sanatti hinseenin waa'ee isa duraan baratanii gaafadhu.
- Barreeffama ifaa, salphaafi gabaabaa ta'e kennuufiin akka qajeelfamicha yaadatan taasisu.
- Akka isaan tasgabbaa'uun gaaffii dhiyaateef deebii kennan yeroo ga'aa kenniif.
- Akka isaan dafanii yaadatan hindoorsisin.

**Miidhama Qaroo (visual impairment)**

Qabxiileen kanaan gadii barattoota miidhama qaroo qaban gargaaruuf eeraman.

- Fuuldura teessisuu
- Barreeffama gurguddisuu
- Yoo gonkumatti hinargan ta'e akka bireeliitti gargaarman taasisi. Kanaaf ammoo haala itti fayyadama bireelichaarratti leenjiin addaa kennamuufi qaba. Kanaafis nama ogummaa kanaan leenji'e qopheessuun haaldureedha.

## Miidhama Dhageettii

- Kallattiidhaan barattootuma sanatti dubbachuu
- Fuuldura teessisuu
- Itti agarsiisuun akka dubbatan jajjabeessuu (gabatee, fakkii wkf)
- Irradeeddeebi'uun jechoota ergicha baatan xiyyeeffachuu.

Yoo barattoonni miidhama cimaa qaban jiraatan ammoo, daree baranoonni addaa ykn gargaarsi addaa itti taasifamaniif baruun barbachisaadha.

## Miidhama Qaamaa

Barattoonni miidhama qaamaa ykn miilli citaa ta'an daree keessatti fuuldura akka taa'an gochuun gaariidha. Barsiisaan bulchiinsa mana barumsaatiin waliigaluun karaa isaan irra deeman ykn kursiin ittiin deeman akka tolfamu gochuufi barattoota hanqina akkanaa qaban, manni barumsaa akka baru taasisuu qaba.

## Barattoota Daran Cimoo ta'an.

Inni kun mudaa miti. Haata'u malee gargaarsa addaa barbaada. Barattoonni dafanii waan baratan hubatan haala warri suuta hubatan itti barataniin barachuun danqaa ykn nuffisiisaa itti ta'uu mala. Warra akkasiitiif barsiisaan gilgaala dabalataa kennuu qaba. Kana malees, barattoota warra kaan akka gorsan, karaa qabsiisan barsisaan jaratti fayyadamuu qaba. Dura bu'aa ykn qindeessaa garee taasisuunis barnoota isaanii saffisiisa. Kun ammoo, daran dammaqaa taasisuun dalagaa baruu barsiisuuf haala mijeessa.

## Korniyaafi Barnoota Afaanii

Daree barnoota afaanii keessatti yeroo mara ta'uu baatullee, barsiisaa afaaniitiif ka'umsa tokko. Barattoonni dubaraa yeroo tokko tokko warra dhiiraa dursanii, yeroo kaan ammoo jara biraa baay'ee duubatti hafanii argamu. Kun dhiiraafi dubara gidduutti adda addummaa uuma.

Barattoonni dubaraa baay'inaan dubbachuu keessatti qooda fudhachuurratti yoo of-qusatan warri dhiiraa garuu baay'ee dubbachuufi gochaan agarsiisuu keessatti qooda fudhatu. Haata'u malee, lamaan isaaniiyyuu wal-qixa haala hunda keessatti hirmaachisuun ga'ee barsiisaati. Itti dabalees, dalagaalee ciccimoo kanneen akka wacanii dubbachuu tapha jechootaafi wkf keessatti qooda fudhachiisuun bu'aa qaba. Hojii garee keessattis dhiiraafi dubaraa waliin makuun lamaanuu akka wal-qixa qooda fudhatan taasisuun wal-qixxummaa isaanii mirkaneessaa deemuu ta'a.

## Sissi'eessa  Barataafi Barsiisaa

Sissi'eessi baranoota afaanii keessatti iddoo guddaa qaba. Barsiisaas ta'ee barataan sissi'aa'uu qabu. Bakka barachuufis ta'ee barsiisuuf sissi'aayinni hinjirretti galma ga'uu kaayyoo barnoota afaanii eeguun rakkisaadha. Kanaaf ammoo barsiisaas ta'ee barataan wal-dammaqsuus ta'ee of dammaqsuun dirqama isaaniiti. Kanaafis tooftaa garagaraatu jiru. Isaanis, kan kanaan gadiiti ta'u.

## Jajuu

Barattoonni yeroo deebii deebisan ykn hojii bu'a qabeessa hojjetan jechaan jajjabeessuun bu'aa guddaa qaba. Barattoota jajuun akka fedhiin isaan barnootarratti qabaniif jajjabina argachiisa.

## Qabxiifi Yaada Jajjabeessu Kennuu

Barsiisaan qabxii barattoonni argatan qixaan kaa'uufi yaada jara jajjabeessu biratti barreessuufii qaba. Barsiisonni tokko tokko qabxii barattootaa irratti hundaa'uun yaada abdii jara kutachiisu kennu. Yeroo yaaddeebiin laatamu 'gaarii, baay'ee gaarii, ga'aa, akkasumaan itti fufi' jechuun fayyadamuun milkaa'inaaf bu'uura. Karaa biraatiin, 'dadhabaa, gadhee, gadaanaa, homaa gochuu hindada'amuufi wkf' fayyadamuun gaarii miti. Qabanni isaa barattoota mogolee buusuun abdii waan kutachiisuufi.Waan hundaafuu akka garaa wanta gaarii ta'e tokkootti deemsisuun jajjabeeffamuu qabu.

## Sissi'eessa Barsiisaa

Barsiisaanis kaayyoo barnootaa galmaan ga'uuf gammaduu qaba. Gammachuun kanaaf ammoo dhimmoonni kanaan gadii barbaachisoodha.

- Barsiisaan/barsiistuun ogummaa isaatiif/ishiitiif kaayyoo fi mul'ata ifa ta'e tokko qabaachuu qaba/qabdi.
- Walitti dhufeenyi inni ykn ishiin barsiisota biroo wajjin qaban gaarii ta'uu qaba/ qabdi.

- Bu'aa ba'ii jirenyaa jala dhaabbachuufi akkamitti akka keessumsiisan irratti ga'umsa qabachuu.
- Barsiisaan/barsiistuun yeruma mara milkaa'ina jiru jajjabeessuu, itti gammaduu qaba/qabdi.

Madaallii barnoota afaanii keessatti adeemsa baruu-barsiisuu, barataafi barsiisaa madaaluun bu'aa guddaa qaba. Kunis, bakka fooyya'iinsiifi hiri'inni jiru addaan baasuun jajjabeessuufi fala barbaaduuf haala mijeessa. Kun ammoo, qulqullinni akka jiru addaan baafachuurratti fayyada.

## Madaallii  Barataa

Barsiisaan adeemsaafi dhuma barnoota wayitii tokkootti barattoota isaa madaaluuf gilgaalota garagaraa shaakalsiisuu qaba. Dhuma semisteraa irrattis ta'ee waggaatti barattoota madaaluun dirqama barsiisaati. Kanneen armaan gadii tooftaalee barsiisaan barattoota isaa ittiin madaalu.

## Haala Barattoonni Irra Jiran Sakatta'uu

**Barattoonni maalirra akka jiran addaan baafachuuf hojiiwwan isaanii daawwachuufi sakatta'uun barbaachisaadha. Kun ammoo, karaa alidilee ta'een hirmaannaa isaanii bu'uureffachuun ta'uu mala. Gilgaalonni gahumsa isaanii kana sakatta'uuf gargaaran kitaaba barataa keessatti haalaan dhiyaateera. Barsiisaanis gilgaalota kanatti dhimma ba'uun waan barattoonni isaa irra ga'an madaaluu qaba. Deebii tokkoon gilgaalota kanaa qajeelcha barataa keessatti dhiyaatee jira.**

## Barsiisaan Madaaluu

Barsiisaan gilgaalota qabiyyee barnootaa jalatti dhiyaatan hunda booda tooftaa mataa isaatti gargaaramee barattoota isaa madaaluu qaba. Kun ammoo, bakka hiri'inni jirutti fala barbaaduufi bakka fooyya'inni jirutti jajjabeessuuf gargaara.

# BOQONNAA 1: AFAAN AKKAMITTI JALQABE?(waytii 10)

Dheerina waytii tokkoo daqiqaa 40

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni yaaxxinoota jalqaba afaaniirratti dhiyaatan addaan baafachuufi kallattii garaagaraatiin yaadolee dhiyaate xiinxaluu, mormuufi deggeruu akka danda'aniif jajjabeeffamuu qabu. Yaaxxinoonni afaanii gurguddoon keessatti addaan baafataniif dhiyaatan hundi bu'uura garaagaraa qabu. Bu'uurri isaaniis amantii, seera uumamaafi amala hawaasummaati. Dhimmoota kanarratti dammaqinaan dubbachuu, dubbisuu, barreessuufi wanta jedhaman ykn dubbifaman dhaggeeffachuuf miirri barattootaa dammaqoo ta'a. Gaheen barsiisaa dhimma miira barattootaatti dhiyoo kana dahoo taasifachuun ogummaawwan afaanii akka shaakalan haalaan qajeelchuudha.

Dhalli namaa uumamaan wal-qixaa; nidhalata; niguddata akkasumas, nidu'a. Afaan isaas akkasuma. Hanga fedheyyuu haaguddatuu ykn sadarkaa guddinaatiin boodatti haahafuu, afaan hunduu wal-qixa ta'uu isaaniirratti barattoonni hubannoo horachaa akka deeman taasisa. Amaloota afaaniifi amaloota hawaasaa wal-cina qabuun mormuufi deggeruun hubannoo haarawaa horachuuf waan gargaaruuf, nama misoomaa taasisuurratti ga'ee guddaa taphata. Rakkoo afaaniin hidhata qaban furuufis nigumaacha.

### 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaarratti barattoonni:

- yaada ijoo wanta dhaggeeffatanii addaan baafatu
- odeeffannoo barbaachisuun bakka duwwaa niguutu.
- ergaa dubbisichaa xiinxalu
- yaaxxinoota (theories) jalqaba afaanii addaan baafattu.
- hiikni jechootaa akkaataa galumsaatti jijjiiramuu isa mirkaneeffatu.
- birsagaafi caasaa isaa addaan baafatu.

- gosootaafi seera birsaga Afaan Oromoo nixiinxalu.
- jechoota dhamjechootatti qoodu.
- himoota caasaa isaaniirratti hundaa'uun ijaaru.
- sirboota yeroo hojii gamtaa qaaccessu.

## 2. Qabiyyee

- Yaaxxinoota Jalqaba Afaanii
- Hiika Jechoota
- Birsaga
  - ⇛Gosoota Birsagaa
  - ⇛Caasaa Birsagaa
- Fufiilee
  - ⇛ Gosoota Fufiilee
  - ⇛ Tajaajila Fufiilee
- Hima

  Hima Caasaadhaan
  - ⇛Hima Leexaa(Leexima)
  - ⇛Hima dachaa (Dachima)
  - ⇛Hima xaxamaa(Xaxima)
  - ⇛Hima dachaa xaxamaa
- Sirba

  Qaaccessa sirba daboofi daadoo

## 3. Mala baruu barsiisuu

Boqonnaa kana jalatti barattoonni ogummaawwan garaagaraa gabbifachuu danda'u. Ogummaan akka goorootti dhiyaatu garuu tokko ykn lama ta'uu mala. Isuma dahoo taasifachuun ogummaawwan kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, , dubbisuu, barreessuu, ogummaa jechootaa, ogummaa caaslugaafi, wkf barattoonni akka gabbifatan abdatama. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf ammoo, gilgaalonni garaagaraa kitaaba baraata keessatti dhiyaatanii jiru. Barattoonni ogummaawwan kana gabbifachuuf carraaqqii taasisan keessatti, kallattii adda addaatiin ilaaluun yaada, deebiifi mala garaa garaa dhiyeessuuf gadi fageessanii yaaduufi bal'isanii ibsuuf jajjabeeffamuu qabu. Kanaafuu, baraattoonni deebiiwwan qajeelcha barsiisaa kana keessatti dhiyaateen ala kan biraa kennuu danda'u. Kan asitti dhiyaate deebiiwwan isaan kennuu danda'an keessaa isa tokko ta'uu mala.

Kutaa kana jalatti ogummaan dhaggeeffachuufi dubbisuu warra gurguddoo ta'anii da'oo kanaan barattoonni ogummaawwan hunda akka gabbifataniif gilgaalonni garaagaraa kitaaba barataa keessatti kennamanii jiru. Gilgaalota kunnneen kallattii adda addaatiin ilaaluun barattoonni ga'umsa karaa adda addaatiin yaaduu akka gabbifatan waan abdatamuuf, deebii isaanii kan qajeelcha kana keessatti kennameen wal-bira qabuun qajeelchi

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Shaakala dhaggeeffachuu duraa kitaaba barataa keessatti dhiyaate akka barattoonni dubbachuufi muuxannoo isaanii gara mata durichaatti fidachuu gabbifatan taasisa. Kana taasisuunis, qabiyyee barnoota guyyaa sanaa keessatti dhiyaate salphaatti hubachuu dandeessisa. Kanaafuu, gaaffiiwwaniif deebiin barattoonni kennan kan bifa garagaraa qaban ta'uu waan danda'aniif, qajeelcha barsiisaa kana keesatti isa dhiyaate qofaarratti xiyyeeffachuun inni kun sirrii; kun ammoo dogoggora; jechuun rakkisaa ta'a. Deebii barattoonni kee kennan hundumaa harkaa fuuchuun akka isaan yaada isaanii gara mata durichaatti qajeelfatan taasisi.

Barattoonni deebiiwwan garaagaraa kennuun muuxannoo isaanii gara mata durichaatti akka fidatan erga taasistee booda, jechoota gaaffiiwwan

dhaggeeffachuu isaaniitti gufuu ta'u jedhaman barruu dhaggeeffachuu dhiyaate keessaa baasuun akka hiika isaanii tilmaaman taasisi. Asirratti garuu, hiika jechoota kanaa banaa taasisuun dhiisuun gaarii hinta'u. Kaayyoon isaa yeroo dhaggeeffatan akka isaan salphaatti hubatan taasisuuf waan ta'eef, gara hiika jechoonni kunneen dubbiisicha keessaa qabaniiti jara qajeelchuun barbaachisaadha.

Erga isaan hiika jechoota gufuu ta'anii addaan baafatanii booda, bakka duwwaa isaan yeroo dhaggeeffachuu guutan kan kitaaba barataa gilgaala (2) jalatti kenname dursiitee kooppii lakkoofsa barattoota keetiin wal-gitu qopheessuu ykn akka barattoonni kee manatti waraqaarratti garagalchatanii dhufan taasisuu.

**Deebii (A)**

Deebiin gilgaala kana jalatti kenname, akka barattoonni yaada isaanii gara mata durichaatti fidatan jajjabeessuuf malee, kana qofaa jechuun itti himuurraa of qusachuun gaariidha. Deebiin qajeelcha barsiisaa kana keessatti dhiyaatu gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti ka'an qofa deebisuu osoo hintaane, kan hubannoo barsiisaa cimsuun barattoota isaa qajeelchuu dandeessisuu ni haammata.

Gaaffiiwwan **1,fi 2 ,** barattoonni fakkii dhiyaate xiinxaluudhaan yaada isaanii gara jalqaba afaaniitti akka fidatan, fakkiiwwan kunneenis jalqaba afaaniirratti yaada garaagaraa kaasuu isaaniirratti akka dubbatan kakaasi.

**3. Afaan Maali?**

Hayyoonni garee adda addaa yeroo garaagaraa keessatti afaaniif hiika kennanii jiru-kennaas jiru. Afaan jireenya dhala namaa keessatti iddoo guddaa waan qabuuf, waaheen isaa daangaa hubannoo namaatiin achi ta'uu mala. Hiikawwan jiran keessaa lama kanaan gaditti dhiyaatanii jiru.

"Afaan kan dhalli namaa qofti yaada, fedhiifi miira isaa mara mallattoolee walii galteedhaan uumanitti dhimma bahuun ittiin walta'anidha... a puerly human and non-instinictive means of communicating ideas , emotions and desires by means of voluntarily produced symbols" (Sapier 1981).

"Afaan sirna; caaseffamaafi qindaa'ina qabatamaa, akkasumas tartiiba murtaawaa tokkko waan qabuuf walitti qabama wantoota addaan ciccitanii miti. Qamoleen marti bakka murtaawaafi tokkummaa kan qaban , waliinis kan dalaganidha, "Langauge is a system. It is not just a collection of separate items. But structured whole, which is arranged in a definite order… patern where all the units are

interre- lated and conditions one another...where each part has definte place , function in relation to all the others " (Despatie 1938).

**4. Jalqaba Afaanii**

Jalqaba afaaniirratti, akkuma jalqaba dhala namaa, hanga yoonaatti yaanni cariin kan hayyoota hunda walii galche tokko hinmul'atu. Sababuma kanaan, yoomessiifi akkaataan jalqaba afaanii bara baraan mata duree falmii ta'ee jira. Falmii kana keessatti yaaxxinni garaagaraa kan hubannoofi falmiif karaa saaqan dhiyaatanii jiru. Yaaxxinoonni kunis, xiyyeeffannoofi ragaa adda addaa dhiyeessuun amansiisuu yaalu. Jalqaba afaaniirratti yaxxinoota jiran bakka gurguddaa sadiitti qooduun nidanda'ama. Isaanis, akka kanaan gadiiti ta'u.

- Yaaxxina afaan kennaa Waaqaati jedhu(the divine source theory),
- Yaaxxina afaan namatu uummate jedhu(the invention source theory)
- Yaaxxina afaan adeemsa tirataa keessa uumame jedhu (the natural evolutionist theory)

Yaaxxinoonni kunneen sadan bu'uura garaagaraa qabu. Akkasumas, ragaalee adda addaa dhiyeessuun amansiisuuf yaalu. Yaaxxinni afaan "Waaqatu uume" jedhu bu'uura amantii qaba. Gartuun kana deggaran Waaqayyo nama isa jalqabaa Addaamiin erga uumee booda wantoota "Jannata" keessa jiraniif akka inni maqaa baasu taasise; jarris maquma isaaniitiin hafan jechuun Uu 2:20 ka'umsa taasifata. Kanaafuu, kennaa kana keessa galuun xiinxaluun uumaan walitti nama buusa yaada jedhuun yeroo dheeraaf laguu ta'ee ture; har'as deggertoonni yaada kanaa jiraachuu malu. Gartuun biraa yaaxxina kanaan mormuun, "Erga afaan kennaa Waaqaa ta'ee, adda addummaan afaanii eessaa dhufe?" gaaffii jedhu dhiyeessaniif. Deebiin isaaniis, namoonni afaan tokko dubbaachuun salphaatti walii galaa waan turaniif, Waaqa afaan isaaniif kennee arguuf gara Isaatti riqaa (tower) ijaaran. Kun ammoo, Waaqayyoo itti rifachuun riqaa isaanii sun akka jiguufi waliigalteen isaanii akka dhabamu, afaan isaanii addaan baase jedhu.

Yaaxxinni inni lammaffaan, "Afaan Namatu Uummate" kan jedhu yoo ta'u, akkaataa uumamsa isaarratti garuu mala-dhayiitii adda addaatu jira. Mala-dhayiitiin inni tokko akkeessuudha. Gartuun mala-dhayiitii kana deggaran dhalli namaa sagalee uumaman dhaga'aman kanneen akka guungumii, kakawwee, korrisaa, didichaafi wkf akkeessuun afaan ummatan jedhu. Yaaxxinni kun

dhugaa tokko of keessaa qaba. Innis, yeroo ammaa kana afaanota hedduu keessatti jechoonni sagalee isaaniitiin wal-fakkaatan baay'een jiraachuu isaaniiti. Fakkeenyaaf, Afaan Oromoo keessatti jechoonni akka 'xaaxa'uu' ragaadha. Kana malees, namoonni durii jiraachuuf wal'aansoo godhan keessatti gufuu buqqisaa, gindillaa harkisaa turan. Yeroo hojii cimaa akkanaa sagalee dhageesisuun hinoolu. Gartuun yaada kana deggeranis sagalee haala akkanaatiin uumametu jalqaba afaaniitiif qabata ta'e jedhu. Kun ammoo, hawaasummaan madda afaaniitii gara jedhutti nu geessa. Mala-dha'iitiin inni biraa wal-kipha sagaleewwan dhaga'amaniifi sochiilee qaamaa bu'uureffata. Yaanni jalqaba afaaniirratti dhiyaate kun, isa yeroo ammaa namonni yaada, miiraafi dubbii isaanii sochiilee qaamaatiin deggeraniin utubamuu danda'a.

"Afaan Adeemsa Tirataadhaan Uumame," yaaxxinni jedhu ammoo, namni jalqaba miilla afuriin deema ture. Jiraachuuf jecha nyaachuun dirqama waan ta'eef, dhawaata miilli fuulduraa hiixachuufi ija mukaa funaannachuu eegale. Adeemsuma kanaan, miillichi dhawaata deemsarraa bilisa ta'uun suuta qaamni akka ol jedhu taasisaa deeme. Adeemsi kunis sammuu irraan dhiibbaa ga'uun qaamolee dhala namaa kanneen akka hidhi, arraba, ilkaaniirratti ajaja baase. Bu'uuruma kanaan, afuurri sombaa bahuufi seenu qaamolee kanarratti gufachaa dhufe. Afaan haala kanaan waan uumameef, amala dhala namaa qaba jedhu. Kana jechuun namni tokko qaama nagaa dhalannaan, seera uumamaa hordofuun dhawaata deemuu, afuura baafachuu, guddachuu, nyaachuu akka baru afaanis akkasumatti eegale jechuudha. Haata'u malee, osoo yaaxxinni kun dhugaa ta'ee lubbu qabeeyyiin biroos adeemsa kanaan afaan uummachuu danda'u turan yaada jedhuun qeeqamee jira. Kana malees, afaan seera uumamaa hordofee argama jechuun barumsaan hinargamu jechuudha. Akkas taanaan ammoo, aadaadhaan osoo hindaangeffamin daa'imni hawaasa afaan tokko dubbaturraa dhalattee kan afaan biraa dubbatan keessatti yoo guddatte kan itti dhalatte sana barti jechuudha. Kun ammoo dhugaarraa kan fagaate jechuun gartuun yaaxxina kanaan morman nijiru.

Gabaabumatti, yaaxxinoonni jalqaba afaaniirratti dhiyaatan ragaa adda addaa dhiyeessuun 'Anatu ctaala' haajedhan malee, karaa saayinsaawaatiin kun dhugaadha; kun ammoo, dhugaa miti jechuun hindanda'amu. Haata'u malee,

ragaalee dhiyaatanrraa ka'uun yaaxxina tokko ykn isaa ol deggeruun nidanda'ama. Dhalli namaa afaaniin wal-quunnamuu kan eegale guyyaa kana jechuun rakkisaa ta'uyyuu, yeroo dheeraa mallattoodhaan wal-quunnamaa turuufi mallattoon kun wal-quunnamtii ga'aa gonfachiisuu dadhabuun boodarra afaanitti gargaaramuu akka jalqaban xinqooqni seenawaan (historical linguistics) ni'ibsa. Kanarraa kan hubannu, seenaan achii-as-dhufa dhala namaa afaan isaa dursuu isaati.

Barattoonni hiika jechootaa yeroo dhaggeeffatan danqan dursanii tilmaamuu keessatti deebiin kennan tokkoo ol ta'uu danda'a. Atis deebii mataa kee laachuu malta. Kees, kan barattoota kees, isaa kanaan gadiitiin wal-bira qabuun akka hubannoo isaanii gabbifatan taasisi.

**Deebii (B)**

1. Kan dhamaatee(dadhabbii) tokko malee akkasumatti argamu
2. Yaada mariidhaaf dhiyaatee gartuun murtaa'e tokko irratti waliigaluun dhimmichi kallattii sanaan ilaalamuun akka irra jiru falmudha.
3. Ta'uu danda'a jechuun yadaa dhiyaatudha.
4. Jecha sagalee dhaga'amuun wal-fakkaataniidha. fakkeenyaaf, weenniin korrisuu, qaccen xaaxa'uufi wkf.

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

**Deebii**

Barsiisaa, shaakala dhaggeeffachuun duraa jalatti beekumsa barattoonni kee afaanirratti qaban dadammaqsuun gara "Afaan Akkamitti Jalqabame?" Jedhuutti yaada isaanii qajeelchitee jirta. Kana malees, jechoota hubannoo isaanii gufachiisu jedhamanis hiika isaanii tilmaamsistee jirta. Amma ammoo, barreeffama mata duricha jalatti dhiyaate, barattoota keetiif dubbista. Kaayyoon gulantaa dhaggeeffachuu kun akka barattoonni ogummaa wanta dhaggeeffatan irraa odeeffannoo baafachuu, yaadannoo qabachuu (note taking) gonfatan taasisuudha. Kanaafuu, dhaggeeffachaa akka guutaniif, barreeffama kanaan gaditti dhiyaate si'a sadii dubbisiifi. Jalqabarratti ariitiidhaan dubbisuun akka isaan callisaanii dhaggeeffatan taasisi. Si'a lammaffaatti ammoo, bakka duwwaa qophaa'e guutaa akka dhaggeeffataniif suuta dubbisiif. Sadaffaarratti waan guutan mirkaneeffachuuf akka dhaggeeffatan taasisi.

**Afaan Akkamitti Jalqabame?**

**Kutaa 1ffaa**

Yeroon dhalli namaa afaan dubbachuu eegaleefi waa'ee afaaniirratti ragaa walitti qabachuu jalqabe wal-buusa. Akka qorannoon achi-as-dhufa afaan dhala namaarratti geggeeffame mul'isutti jalqaba afaaniirratti ragaa funaanuun kan eegale dhiyeenya kanadha. Kanaafuu, baraafi bakka afaan itti eegale qixaan dhiyeessuun rakkisaadha.

Haata'u malee, yaaxxinoonni adda addaa jalqaba afaaniirratti dhiyaatanii jiru. Isaanis, maddi afaanii waaqaafi nama jechuun iddoo gurguddaa lamatti qoodamu. Yaaxxinni "Maddi afaanii Waaqa," jedhu bu'uura amantii qaba. Kanarraan kan ka'ee Waaqayyo nama isa jalqabaa erga uumeee booda wantoota biroo uumuun gara namichaatti fidee akka inni maqaa baasuuf taasise. Maqaan jaraas sanuma ta'ee hafe. Kanaafuu, kennaa Waaqaa waan ta'eef, waa'ee isaa xiinxaluun dheekkamsa fida jedhu. Yaaxxinni biraa ammoo, "Afaan namatu uummate," kan jedhu yoo ta'u, bu'uurri isaas sagaloota uuman dhaga'aman akkeessuufi jireenya gamtaa keessatti yeroo hojii cimaa sagaloota jajjabinaaf namoonni dhageessisan ta'a. Sagaloonni uumamaan dhaga'aman kanneen akka korrisuu, aaduu, corrisuu, kakawweessa'uu, uursuu, didichuufi wkf ta'uu danda'u. Ta'us yaanni hundaan fudhatama argate tokko hinjiru. Qabanni isaa, martuu tilmaama mataa isaanii kan yaaxxina tokko bu'uureffatu dhiyeessuu waan yaalaniif ta'a.

Gabaabumatti, afaan Yoom? Eessatti? Akkamitti? akka jalqabamerratti deebiin hunda-galeessi tokko dhibullee, tilmaamileen akka Waaqatu kenne; namatu uume, akkeessuun umameefi wkf jedhan akka waa'ee isaa yaannuuf karaa nuu saaqu. Haata'u malee, yaaxxinoonniifi tilmaamileen hundumtuu jalqaba afaaniirratti odeeffannoo dabaluun ala, kanatu sirriidha; kun ammoo dogoggora jechuun hindanda'amu. Sirrummaafi dogoggorummaa yaaxxina namni tokko filatee ragaadhaan deggeruun barbaachisaadha.

### Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Kaayyoon gilgaala kanaa akka barattoonni odeeffannoo dhaggeeffannaarraa argataniifi muuxannoo isaanii wal-simsiisan taasisuudha. Kanaafuu, gaaffiiwwan yeroo dhaggeeffachuu sana akka irra deebi'anii ilaalan taasisuun gaariidha. Kunis, ogummaa dubbachuu isaanii gabbifachaa dhimmicha akka hubatan karaa bana. Shaakala afaanii kana booda, yaada dimshaashaa wanta dhaggeeffatanii keeyyata tokkoon akka barreessan taasisuuf gilgaalli (3) kitaaba barataa keessatti dhiyaatee jira. Atis akka isaan keeyyata ijaaran taasisuun ala ulaagaa keeyyatni tokko guutuu qabu iddoo itti ibsitu miti.

Gaaffii 3^ffaa^fi 4^ffaa^n, ammoo gosa himaa addaan baafachuuf akka barreessan barbaada. Kanaafuu, ogummaan bareessuu sadarkaa himaatti ta'e malee, asitti nishaakalama. Himoonni caasaa isaaniitiin hima salphaa, hima dacha, hima xaxamaafi hima dachaa xaxamaa ta'uun qoodamu. Hima salphaan gochima tokko qofa kan qabu yoo ta'u hima dachaan garuu wal-ta'iinsa himoota sasalphaati. Himni dacha xaxamaan ammoo gochimoota tokkoo ol qabaatee, ciroo hirkataa tokkoofi isaa ol, of danda'oo lamaa ol qaba. Asitti akka ogummaa barreessuutti malee keessoo himaa sakatta'uu miti.

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Kaayyoon guddaan dubbisaa kun akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata duree dubbisichaatti fidatan taasisuudha. Kana gochuuf, ammoo kitaaba barataa keessatti gilgaalonni gaaffiiwwan gareedhaan mariyatanii akka dareedhaaf gabaasan taasisu kennamee jira. Kunis, ogummaan dubbachuu barattootaa akka gabbatu taasisa. Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti 1-3 dhiyaatan haalaan irratti mariyachiisi. Deebiin barattootaa kan kallatti garaagaraa ta'uu danda'a. Kan eegamus akka barattoonni kallatti adda addaatiin ilaaluun yaada isaanii ibsatan jajjabeessuudha. Yaanni kanaan gaditti ka'es deebii barattoonni kennan keessaa tokkota'uu mala.

### Deebii

Achi-as-dhufa dhala namaarratti mala dha'iitii garagaraatu jiru. Kaan waaqatu uume yoo jedhu, kaan ammoo uumama jaldeessa fakkaaturraa adeemsa tirataa

keessa bifa ammaa qabate jedhu. Saayinsiinis, yaada isa lammaaffaa kana deggaruun " nama duriifi nama ammaayyaa" jechuun kaa'a. Karaa fedheenuu haa'uumamuu, akkuma uumameen afaan dubbachaa akka hinturreefi yeroo dheeraaf mallattoon wal-qunnamaa turuu isaa qorannoon ni dubbata. Kun ammoo, dhalli namaa erga addunyaa kanarratti argamee booda afaan uummate yaada jedhus nikaasa (crystal 1997, Hyons 2006). Haata'u malee, Yoom? Eessatti? Akkamitti? akka eegalerratti yaanni hundaan fudhatama argate tokko hinjiru.

Yaada barattoonni kee kaasaniifi isa kana erga wal-bira qabdee ilaaltee booda, jechoota dubbisicha keessaa yeroo dubbisaatti gufuu ta'u jedhamuun kitaaba barataa keessatti dhiyaatan shaakalsiisi.

B.

1. suuta, qalbiidhaan
2. walirraa oolmaa
3. kaabii
4. na'uu, bir'achuu

**Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Shaakalli gulantaa kanaa kanneen biroorra yaada dubbisichaa hubachuurratti ga'ee guddaa qaba. Kaayyoon isaa inni guddaanis, akka barattoonni callisaafi saffisaan dubbisuun ogummaa dubbisuu isaanii gabbifatan taasisuudha. Kanaafuu, gaaffiiwwan ogummaa kana isaan gonfachiisan kitaaba barataa keessatti dhiyaatanii jiru. Dubbisichi si'a lama geggeeffama. Si'a jalqabaa gaaffiiwwan yaada dimshaashaa dubbisichaa argachuuf isaan kakaasan, kan keeyyata seensaafi keeyyata goolabaa qofa ijaan butuun deebisantu gilgaala 5(A) jalatti dhiyaatan. Kanaafuu, akka barattoonni kee keeyyattoota kana dubbisuun yaada dimshaashaa argatan taasisi.

**Deebii(A)**

Deebiin gilgaala kanaa tokkoo ol ta'uyyuu, kanneen of keessatti haammachuu danda'a.

1. Yaanni ijoo dubbisichaa akkaataa afaan itti jalqaberratti yaaxxinoota dhiyeessuun akka barattoonni tokkummaafi adda addummaa isaanii xiinxaluun odeeffannoo argatan taasisuudha.
2. Akkaataa afaan itti jalqaberratti yaanni waliigalaa, tokko hinjiru. Yaaxxinni garaagaraa jiraachuun garuu hinhaalamu.

**Deebii (B)**

1. Yaaxxinoonni jalqaba afaaniirratti dhiyaatan

-Afaan waaqatu uume.
-Afaan namatu uummate
-Afaan adeemsa tirataa keessa uumame

2. Gartuun afaan waaqatu uume jedhan amantiirratti xiyyeeffatu.
3. Afaan adeemsa tirataadhaan uumame kan jedhu seera uumamaa bu'uureffata.
4. Tilmaamileen "Afaan namatu uummate" jedhu keessati haammatamaan akkeessuu, wal-kipha sagaleewwan dhaga'amaniifi sochiilee qaamaati.
5. Afaan namatu uummate yaaxxina jedhudha.
6. Yaaxxinoonni jalqaba afaaniirratti dhiyaatan bu'uura adda addaa waan qabaniif wal-mormu.
7. Waa'een afaanii kaallattii jireenya namaa mara waan ilaallatuufi namoonni dirree qa'annoo (fields of study) adda addaa waan keessatti hirmaataniifi.
8. Afaan adeemsa tirataadhaan uumamuu isaati.
9. Miilla afuriin deemuun hafee inni fuula duraa harka ta'e jechuudha.
10. Dheerina yeroofi barreeffamaan wanti taa'e dhibuu.

**Deebii(C)**

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | Soba | 2. | Soba |
| 3. | Soba | 4. | Dhuga |
| 5. | Soba | | |

**Deebii(D)**

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | E | 2. | E |
| 3. | E | 4. | E |
| 5. | E | | |

**Deebii (E)**

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | gudeelcha | 4. | riqaa<br>rifuu |
| 2. | milkaa'ina | | |
| 3. | dhawaata | 5. | qeeqa,<br>calala<br>to'annaa |

**Deebii(F)**

1. gindillaa harkisuu,
   -gindillaa baachuu,
   -gindillaa gangalchuu.
2. quttoo/awwaara/dhukkee – kaasuu,
   -siphachuu
3. booka unchuu
4. cooma murachuu
   -cooma nyaachuu
   -cooma waaduu
5. Harka- muruu
   - nyaachuu
   -kennuu
   -bitaa

**Deebii(G)**

1a. Qaceen bineensa tokko tokko lafarraa bade jira.
hiika = sanyii

1b. Qacceedhaan sangaa garafe.
hiika =fo'aa

2a. sangichi gurra buuse
hiika = dhukkubsate

2b. Gurra abbaasaa nyaate
hiika= maqaa

3. Funyaan qaba
hiika = ta'uu danda'a
foolii fuudha.

4. Foon jaallata.
hiika = fira jaallata
leenca
wal-quunnamtii saalaa jaallata

5a. Finfinneen handhuura Oromiyaatii
hiika =giddugaleessa

5b. handhuura dheerata
hiika = fira qaba

5c. handhuura bira dhukkuba
hiika = Qaama namaa

### Gilgaala 6: Shakala Dubbisuun Boodaa

**Deebii**

1. Barattoonni yaaxxina jalqaba afaanirratti dhiyaate keessaa tokko deggeruun sababa isaanii akka ibsan taasisi.
2. Afaan meeshaa wal-quunnamtii isa dursaa ta'uufi kan meeshaa kanatti haalaan gargaaramu nama qofa ta'uu isaati.
3. Jalqaba afaaniitiif yaanni waliigalaa tokko waan hinjirreef, adda addummaan jiraachuun nama hinraaju.
4. Tokkummaan isaanii jalqaba afaaniirratti yaada dhiyeessuu yoo ta'u, adda addummaan isaanii ammoo, hojii namaafi hojii Waaqaa ta'uudha.
5. Afaan kan namni uummate ta'uu isaa mul'isa.

## Barannoo 3: Dubbachuu

### Gilgaala 7: Shaakala Falmii

**Deebii**

Kaayyoon gilgaala kannaa barattoonni falmii geggeessuun ogummaa dubbachuu, ibsuu, amansiisuufi wkf akka gonfatan  taasisuudha. Akkuma kitaaba barataa keessatti dhiyaate garee gurguddaa sadiitti qooduun seera falmii eeguun  akka falman taasisi. Kun ammoo, bakka ati akka abbaa seeraatti jara tajaajiltutti haa ta'u. Adeemsa kanaan ofitti amanamummaa, ija jabinaafi akkamitti yaada isaanii qindeeffachuu akka danda'anrratti yaada isaanii gabbisa.

## Barannoo 4: Caasluga

Afaan Oromoo caasaa mataa isaa qaba. Caasaan kun ammo, seera ittiin to'atamu qaba. Akkuma sadarkaan caasichaa jijjiiramaa deemuun seerri caasaa kana to'atu adda adda ta'aa deema. Seerichi caasluga jedhama. Asitti caasaa birsagaarratti gaaffii kitaaba barataa keessatti ka'eef deebii ta'a kan jedhametu dhiyaate.

### Gilgaala 8: Shaakala Birsagaa

**Deebii**

| Jecha | birsaga | baay'ina birsagaa |
|---|---|---|
| barumsa | ba, rum, sa | 3 |
| ulfina | ul, fi, na | 3 |

| | | |
|---|---|---|
| waadaa | waa, daa | 2 |
| gamna | gam, na | 2 |
| gurgurtaa | gur, gur, taa | 3 |
| foon | foon | 1 |
| as | as | 1 |
| duulchise | duul, chi, se | 3 |

**Deebii (B)**

1. loo-mii - birsaga banamaa
2. yoom - birsaga cufamaa
3. fur- fur-re - birsaga cufamaa fi birsaga banamaa
4. ta- pha-te - birsaga banamaa
5. mu- kar-ra - birsaga banamaafi cufamaa
6. kir-ki-ra - birsaga banamaafi cufamaa
7. kir-ki-ra - birsaga banamaafi cufamaa
8. ol - cufamaa
9. of - sanuma

**Deebii (C)**

| Jecha | Birsaga salphaa | Birsaga jabaa |
|---|---|---|
| tilmaama | til- ma | maa |
| afaan | a | faan |
| sardiida | sar,da | dii |
| yaaxxina | xi, na | yaax |
| akkeessaa | ak | kees, saa |
| wal- kipha | wal, ki, pha | |

**Deebii (D)**

1. firfirsan
2. aaduu
3. Oromoo
4. bishaan

5. deeme

Kanarratti barattoonni jechoota mataa isaanii fudhatanii akka shaakalan taasisi. Kana jalatti ammoo akka barattoonni birsaga wanta amma jenne walitti qaban qajeelchi. Gabaticha keessatti fakkeenyi tokko hojjetamee jira.


**Deebii (E)**

| Jecha ijaarame | birsaga | gosa birsagaa | Baay'ina birsagaa | Caasaa birsaga |
|---|---|---|---|---|
| Jabaate | ja | birsaga salphaa<br>birsaga banamaa | 3 | $d_m$ $d_s$ |
| | baa | birsaga jabaa<br>birsaga banamaa | | $d_m$ $d_s$ $d_s$ |
| | te | birsaga salphaa<br>birsaga banamaa | | $d_m$ $d_s$ |

**Deebii (F)**

1. g, r, ` ⇒ ka'umsa
   o o ⇒utubaa
2. g, b,r ⇒ka'umsa
   a ⇒utubaa
3. m, j ⇒ka'umsa
   a, aa ⇒utubaa
4. m,n,n ⇒ka'umsa
   a, ee ⇒utubaa
   n, n ⇒cufaa
5. l,g ⇒ka'umsa
   aa ⇒utubaa

**Deebii (G)**


1
B1
K G
m U C
a n
B2
K G
n U C
ee n
2
B1
K G
f U C
i r
B2
K G
f U C
i r
B3
K G
s U C
e -
B2
K G
d U C
a -
3
B1
K G
f U C
a a
4
B1
K G
b U C
a r
B2
K G
U C
u m
B3
K G
s U C
a -

**Gilgaala 9: Shaakala Fufiilee**

Fifiileen akkuma maqaa isaaniirraa hubanu uunka xinqooqaa waan tokkotti fufamuun argamudha. Isaanis, qaamolee xixxiqqaa afaanii hiika qabeeyyii ta'an keessaa isa tokkodha. Kun ammoo, kan hirkatan uunka ykn bifa isaaniitiin akka ta'e nu hubachiisa. Dhaabbii isaaniitiin fufiilee duree, duubee, giddeefi naanneedha. Fufiileen dureen, dura jechaa galuun kan argaman yoo ta'u, duubeen ammoo akkuma maqaa isaanii duuba galtoota. Gidduu jecha tokkootti warri argamani ammoo, fufillee giddee, duraafi duubatti si'a tokkicha warri argamanis naannee jedhamu.

Fkn:

hindeemne hin- deem- ne

argine arg-ne

Fakkeenya kana keessatti {hin}n fufii duree yoo taatu, {-ne}n ammoo duubee taati. Fufiileen kun lamaan walmalee waan bu'aa hinbuufneef 'naannee' jedhamu. Giddeen Afaan Oromoo keessatti baay'inaan kan hinmul'anne qorannoo gadi fageenyaa waan barbaaduuf bira darbameera.

**Deebii A)**

**1.** Bar-siis – e {– siis-} ⟶ gochimmeessituu

{-e} ⟶ haala raawwii agarsiisti

**2.** Bar- am- e {- am-} ⟶ taasifamaa agarsiisti

{- e} ⟶ haala raawwii

**3.** Bar- at – e {- at-} ⟶ ofiif barachuu (taasifataa)

**4.** Firfirs –am-e {- am-} ⟶ gochimmeessituu(raawwatamaa)

**5.** Nam-oom-e { -oom-} ⟶ gochimmeessituu

**6.** Buk'-aa,- e {`-aa} ⟶ gochimmeessituu.

**Deebii(B)**

Jechoota mataa isaanii fudhaachuun akka fufiilee irraa baasuun tajaajila isaanii himan taasisi. Jechoonni isaan fudhatanis kanneen fufiilee garaagaraa ofirraa qaban osoo ta'ee caalaatti ga'umsa isaan gama jechootaafi fufiilee addaan baasuutiin qaban cimsa.

**Deebii Gilgala 13(C)**

| Jecha | Fufiilee | Gosa Fufii |
|---|---|---|
| deemsise | -sis-e | duubee (booda) |
| haadeemnu | haa- | duree |
| | -nu | duubee |
| namoota | -oota | duubee |
| mummurame | mu- | duubee |
| | -ame | duubee |
| gale | -e | duubee |
| nama | -a | duubee |
| niyaada | ni- | duree |

**Gilgaala 10: Shaakala Himaa**

**Deebii(A)**

1. Hima xaxamaa(xaxima)
2. Hima salphaa(leexiama)
3. Hima xaxamaa(xaxima)
4. Hima salphaa(leexima)
5. Hima xaxamaa(xaxima)
6. Hima salphaa(leexima)
7. Hima xaxamaa(xaxima)
8. Hima salphaa(leexiam)
9. Hima salphaa(leexima)
10. Hima salphaa(leexiam)

**Deebii(B)**

1. Hima dacha xaxamaa
2. Hima dachaa
3. Dacha xaxamaa
4. Hima dachaa
5. Hima dachaa
6. Hima dacha xaxamaa

Hima tokko caasaa isaarratti hundaa’uun hima salphaa, hima xaxamaa , hima dachaafi dacha xaxamaa jechuun qooduun nidanda’ama. Himni salphaan akkuma maqaa isaa, salphaadha. Kunis, gochima tokko qofa of keessaa qabaachuu isaatiin ilaalama.

Hima dachaan ammoo walta’iinsa himoota sasalphaati. Kunis, gochima lama ykn

isaa ol qabaachuu danda'a.

Hima xaxamaan yoo xiqqaate ciroo hirkataa tokko of keessa qaba. Xaxamaa kan taasises, jiraachuu ciroo hirkataati

Dachaa xaxamaan ammoo, walta'iinsa xaxamaafi hima dachaati. Kanaafuu, yoo xiqqaate ciroo hirkataa tokkoofi of danda'a lamaafi isaa ol of keessaa qaba.

## Barannoo 5: Afoola

### Gilgaala 11: Shaakala Sirba Daboofi Daadoo

**Deebii(A)**

1. Gaaffiin kun deebii garagaraa qabaachuu danda'a. Jireenya gamtaa keessatti ga'ee guddaa qabaachuun afoolaa isa tokko ta'uu mala.
2. Yeroo mana ijaaranii xumuran galgala baadiyaatti kan sirbamudha.
3. Ulfina mana sanaafi ulfina Oromoon goromsaaf qabu agarsiisa.
4. Daboon irbaata barbaaduudha.
5. Maalummaa waleefi cooktuu addaan baafachiisuuf yaada barattoonni kennan qalbeeffadhu.

**Deebii (B)**

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | goromsa | 2. | amala |
| 3. | midhaan ol kaa'ame | 4. | kaachisuu |
| 5. | darbuu | 6. | bareedduu |
| 7. | diilalla | | |

**Deebii(C)**

Kaayyoon gaaffiiwwan kanaa ammoo, akka barattoonni ogummaa qaaccessuu isaanii gabbifatan taasisuurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, walaloo kitaaba barataa keessatti dhiyaatan gadi fageenyaan xiinxaluun akka isaan qaaccessan haala mijeessi. Qaaccessi isaaniis, sarara sararaan akka ta'u karaa qabsiisi. Fakkeenya kitaaba barataarratti kennameef dursanii akkaa ilaalanis taasisi.

**Deebii (D)**

Gaaffiiwwan kun akka barattoonni deebii kennaniif sababa dhiyeessan jajjabeessu.

Kanaafuu, soba kan jedhaniif sababaafi ragaa garagaraa akka dhiyeessan haala mijeessuufin ga'ee barsiisaati.

**Deebii (E)**

Kaayyoon gaafiiwwan kanaa akka barattoonni irra deebbi'anii walaloo dhiyaate tokko tokkoon xiinxalan taasisuudha. Adeemsa kanaan sirba daboo jireenya isaanii keessatti isaan itti fayyadamanillee xiinxaluu akka danda'an taasisa. Atis akka barattoonni kee xiyyeeffannoon hojjetan taasisi.

**Deebii(F )**

1. D  2. E  3. E  4. D  5. A

## Barannoo 6: Barreessuu

### Gilgaala 12: Shaakala Cuunfaa Bareessuu

**Deebii(A)**

| Yaaxxinoota jalqaba afaaniirratti dhiyaatan | | |
|---|---|---|
| Akaakuuwwan yaaxxinootaa | Ka'umsa yaaxxinichaa | Ragaa yaaxxinichi jalqaba afaaniirratti dhiyeessu |
| a) Afaan waaqatu uume | amantaa | a) seera uumamaa kan agarsiisu kitaaba qulqulluu<br>b) rifuu Waaqaatiin addaan ba'uu |
| b) afaan adeemsa tirataan uumame | seera uumamaa | a) wal-kipha qaamolee dubbii<br>b) adeemsa nyaataa, afuura baafannaafi wkf |

| | | |
|---|---|---|
| c) afaan namatu uummate | a) hojii gamtaa<br>b) akkeessuu | a) hojii gamtaan hojjetamu keessatti sagalee jajjabinaa<br>b) jechoota sgalee isaanii fakkaatanii amma jiran |

**Deebii (B, C fi D)**

Kaayyoon gilgaalota kanaa akka barattoonni yaada cuunfuu, qindeessuu, mormisiisuufi dorgomsiisuun ogummaa barressuu gabbifatan taasisuurratti xiyyeeffata. Kanaafuu, gilgaalota kitaaba barataa keessatti kennaman faana bu'uun akka isaan karaa adda addaatiin shaakaluun ogummicha gabbifatan jajjabeessi. Xiyyeeffannoon kees, sirriifi dogoggora qabiyyichaa itti himuu osoo hintaane barreessuun barreessuu akka baratan taasisi.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Caasaa birsaga Afaan Oromoo kanneen biroorraa maaltu adda taasisa?
2. Caalugni seerota caasaalee afaan tokkoo kan sadarkaa garaagaraa to'ata. Caasluga Afaan Oromoo kan sadarkaa birsagaa addaan baasuun agarsiisi.
3. Himoota caasaafi tajaajila isaanii bu'uureffachuun qooduu dandeenya. Garagarummaan qooddii kanaa maali?
4. Hima dachaafi hima xaxamaa maaltu addaa taasisa?
5. Caasaan hima tokkoo xiqqaa ykn guddaa ta'uu mala. Xiqqaachuufi guddachuun caasaalee kanaa maal bu'uureffata?
6. Dhamjechoota horteefi uumamtee addaan baasuuf akka ulaagaa guddaatti kan tajaajilaan maali?
7. Garaagarummaan jechaafi dhamjechaa maali?
8. Afaan tokko keessatti barbaachisummaan dhamjechootaa maali?
9. Jechoonni hiika kallattii garagaraa qabu. Hiika jechootaa kana fakkeenya kennuun addaan baasi.
10. Yaanni jalqaba afaaniirratti beektonni kaasan yaada mataa keetiitiin wal-morkisiisuun barreeffama keeyyata seensaa, qaamaafi goolabaa qabu tokko barreessiiti dareedhaaf dubbisi.

Gaaffiiwwan kanaan olii dandeettii barattoota keerratti hundaa'uun shaakalsiisi. Barattoonni fedhii addaa (special need) qaban gargaarsa addaa barbaadu. Kanneen dafanii hubatanis akkasumatti kan ariitii isaaniitiin wal-gitu dhabnaan ninuffu. Warri suuta hubatan ammoo, akkuma humna isaaniitti shaakaluu barbaadu ta'a. Kanaafuu, gaaffiiwwan kanaan olitti dhiyaatan akkuma dandeettii isaaniittii addaan baasuun shakalsiisi.

## 5. Madaallii

Boqonnaa kana jalatti gilgaala, fakkeenyaafi ibsa dhiyaaterraa barattoonni ogummaa abdatamu gonfachuu isaanii bakka itti addaan baafattudha. Kanaafuu, barattoonni kee yaaxxinoota jalqaba afaanii, birsagaafi caasaa isaa, seera birsagaa, qaamolee birsagaa, jechaafi dhamjecha akkasumas, himoota caasaa isaaniitti qooduufi sirba hojii gamtaarratti beekan dhiyeessuufi qaaccessuu isaanii mirkaneeffatta. Barattoonni ogummaa barbaachisu gabbifachuu isaanii karaa lamaan madaaluun nidanda'ama. Inni tokko kan dhuma semisteeraafi dhuma waggaarratti geggeeffamu yoo ta'u, innis madaallii xumura barnootichaa jedhama. Kan biraa ammoo, yeruma hunda daree keessatti akka barbaachisummaa isaatti kan geggeeffamu madaallii itti fufiinsa qabudha. Hunda caalaa inni kun barbaachisaadha. Qabanni isaa yeruma sana bakka hir'inni jiru addaan baasuufi fala kennuuf yeroon waan jiruufi.

Gabaabumatti, ogummaawwan afaanii gurguddoo kanneen akka dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuufi kanneen xixiqqaa ogummaa caaslugaa, ogummaa jireenyaafi ogummaa ogbarruu gabbifachuu isaanii addaan baafatta.

## BOQONNAA 2: GARASUU DHUKII (ABBAA BOORAA) (WAYITII 10)
## Dheerina wayitti tokkoo 40'

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun hojii gootummaa Garasuu Dhukii raawwate da'oo taasifachuun caacculee afaaniifi ogummaawwan garaagaraa akka barattoonni gabbifatan taasisa. Caacculee afaanii keessaa hiika jechootaa, maqaafi ibsa maqaarratti xiyyeeffachuun caasluga jalatti dhiyeessa. Ogummaawwan kanneen akka afoolaa, ogummaa jireenyaa, ogummaa barreessuufi dubbisuu, ogummaa qaaccessuu akka gabbifatan gilgaalota garagaraa kitaaba barataa keessatti dhiyeessa. Gilgaalonni kunis deebii garagaraa argachuu danda'u. Isaan keessaa deebiin qajeelcha barsiisaa kana keessatti dhiyaate isa tokko ta'uu mala. Barsiisaa, atis deebii barattoonni kee kennaniifi kan ofii qopheeffatteefi kan asitti dhiyaate walitti fiduun gara barattoota jijjiirraa amalaa gonfachiisuutti qajeelchi.

### 1. Kaayyoo : Xumura baranoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- yaada ijoo dubbischaa addaan baafatu.
- ergaa dubbisichaa argatu.
- hiika jechoota haaraa himu.
- maqaafi gosoota isaa xiinxalu.
- maqibsaafi gosoota isaa balballoomsu.
- geerarsa dhiyaate ni qaacceessu.

### 2. Qabiyyee

- Yaada ijoo dubbisaa
- Hiika jechootaa
- Mqaafi gosoota isaa
- Maqibsaafi gosota isaa
- Geerarsaafi ergaa isaa

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

Malli baruu barsiisuu qajeelcha kana keessatti dhiyaate giddu-galeessa kan taasifatu barattoota. Kanaafuu, hojiin hedduun barattootarraa eegama. Kana jechuun ammoo barsiisaan ga'ee hinqabu jechuu miti. Innis qajeelchaa akka miseensa tokkootti keessatti qooda fudhata. Barannoowwan dhiyaatan jalatti barattoonni ogummaa barbaadame sana akka gabbifatan barsiisaatu haala mijeessa.

Barannoo jiran jalatti shaakala dubbisuun duraarraa kaasee hanga shaakalaa dubbisuun boodaatti dalagaalee jiran kaayyoo isaanii waliin akka barattoonni hojjetan taasisuun gaariidha. Kaayyoon shaakala dubbsuu duraa muuxannoo isaanii gara mata durichaatti fiduufi fedhii barattootaa kakaasuu waan ta'eef gilgaalota kennamerratti yaada jarri kennan harkaa fuudhi. Deebii sirrii itti himuurraa garuu of qusadhu. Shaakalli yeroo dubbisuu ammoo, odeeffannoo dimshaashaa dubbisichaa akka argatan taasisa. Kanaaf ammoo, gilgaala dhiyaate jalatti gaaffiiwwan kennaman callisaan dubbisuu isa jalqabaatiif haala mijeessu. Barattoonni bakka kuufama odeeffannoo isa ta'e keeyyata seensaafi keeyyata goolabaa ariitiin dubbisuun yaada ijoo dubbisichaa akka argatan qajeelchi. Callisaan dhuunfaatti dubbisuu isa jalqabaa booda gaaffiiwwan 'B' jalatti dhiyaatan yaadaan qabuun gara callisaan dubbisuu isa lammataatti akka ce'an taasiisi. Yeroo kana ammoo, odeeffannoo dimshaashaa argatanirratti hundaa'uun, odeeffannoo callaa argachuuf dubbisu. Gaaffiiwwan 'B' jalaas kanaaf jara qopheessu.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

### Deebii gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Gaaffiiwwan dhiyaatan muuxannoo barataa ilaallatu. Barattoonni ammoo, muuxannoo garagaraa waan qabaniif deebii hunda-galeessaa tokkoo dhiyeessuun rakkisaa ta'a. Barattoota kee waliin mariyachuun yaada isaanii gara mata durichaatti qajeelchi.

B. Hiika jechoota dubbisuuf gufuu ta'u jedhamanii yaadamanii,

1. Maqaa jaalalaa baasuu
2. Qabamee harka diinaa gale

3. Mo’amuu
4. Fiixa ba’iinsa argachuu.

**Gilgaalaa 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

**Deebii(A)**

1. Biyya isaarraa diina qolachuu
2. Garasuu lolaaf kan kakaase roorroo koloneeffattoonni biyya abbaa qabu cabsuun gabroomfachuufi.

**Deebii (B)**

1. Maaruutti
2. Ogummaa farda gulufusiisuu
3. Biyyaa Oromoo narraa fudhachuun ga’umsa isaa sanaan olaantummaa kootti gufuu ta’a shakkii jedhuun
4. Xaaliyaanii
5. Abbaa Booraa
6. Aaddee Warqee Elemoo
7. Kaanserii
8. Manan
9. Gabramaariyaam Gaarii
10. Mo’ichaafi dhamaateen isaa garuu mootii biratti iddoo guddaa dhabuun

**Deebii(C)**

1 Soba 2. Dhugaa 3. Soba 4. Dhugaa 5. Dhugaa

**Deebii (D)**

| | | |
|---|---|---|
| 1. dhokatee dagee | 2. mo’ame | 3. milkaa’uu |
| 4. murannoo | 5. daba, seera | |

**Deebii(E)**

| | | |
|---|---|---|
| 1. Kufaatii | 3. lugna | 5. quxisuu |
| 2. mijateef | 4. gammachiisaa | 6. dhorkamaa |
| 7 jireenya | 8. galuu, bu’uu | 9. waliigaltee |
| 10 gadaanaa | | |

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan asitti dhiyaatan tarkaanfiifi hubannoo barattootaa gaafatu. Kun ammoo, garagara ta'uu mala. Kanaafuu, deebiin isaa tokko hinta'u. Akka isaan yaada isaanii ragaadhaan deggeraa ibsa bal'aa itti kennan taasisuun ga'ee barsiisaati.

## Barannoo 2: Caasluga

## Gilgaala 4: Shaakala Maqaafi Maqibsaa

Barannoo kana jalatti ibsa kenname kitaaba barataarraa ilaaluun gaariidha,. Deebiin gilgaalotaa garuu armaan galitti dhiyaatee jira.

**Deebii(A)**

| | Maqaa | Maqibsa |
|---|---|---|
| 1. | konkolaataa | guddaa |
| 2. | mana | keenya, guddaa |
| 3. | Intala | bareedduu, qalloo |
| 4. | obboo , Waaqee, farda | odolcha |
| 5. | huccuu | dheeraa |
| 6. | nama, guddina | mara, ijaarsaa |
| | | biyya ,yaada, yeroo |
| 7. | abbaa | koo, sodaataa, ilma |
| 8. | ilma, | amala-qabeessa |
| | | Waaqa, nama |
| 9. | gadhummaa , biyyaa | isaa |
| 10. | qodaa , bishaan | cabaa |

**Deebii(B)**

| maqaa bu'uuraa | maqaa uumamtee |
|---|---|
| laga, ijoollee, ija | filannoo, qaalii, ijoollummaa |
| | jaarsaa , eegee, qabee, ibsaa |

**Deebii (C)**

| **maqibsoota bu'uura** | **maqibsootaa uumamtee** |
|---|---|
| bulee, haphii | huqqataa |
| cuquliisa, furdaa | |
| bal'aa | |

**Deebii(D)**

1. Maqaa waliinii
2. Maqaa waliinii
3. Maqaa dhuunfaa
4. Maqaa waliinii
5. Maqaa dhuufaa
6. Maqaa dhuunfaa
7. Maqaa waliinii
8. Maqaa waliinii
9. Maqaa waliinii
10. Maqaa waliinii

**Deebii (E)**

1. Maqibsa maalummaa
2. Maqibsa maalummaa
3. Maqibsa maalummaa
4. Maqibsa akeektuu
5. Maqibsa maalummaa

**Deebii(F)**

Gaaffiiwwan as jalatti dhiyaataniif maqibsoota adda adda tarreessuu dandeessa. Akaakuu maqibsoota dhiyaataniifi fakkeenya sadii,sadii kennuun shaakalsiisi.

## Barannoo 3: Afoola

Barannoo kana jalatti geerarsatu dhiyaate. Kaayyoon isaas akka barattoonni ergaa geerarsa adda addaa qaacceessuun ogummaa isaa gabbiifatan gargaaruudha. Kanaafuu, geerarsa dhiyaate ka'umsa taasifachuun akka barattoonni geerarsa dhiyeessuun qabiyyee isaa qaaccessan taasisi. Gilgaalli ogummaa kana jalatti dhiyaates deebii adda addaa waan barbaaduuf deebii dhaabataa tokko kennuun rakkisaadha.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Gootummaan maaliini? Namoota goota jedhamaniifi hojii isaan ittiin beekaman lama fudhachuun dorgomsiisuufi morkisiisuun ibsaa.
2. Akaakuuwwan maqibsa Afaan Oromoo tarreessuun fakkeenya kennaa.

3. Maqaan akka matimaa, aantimaafi maqibsaatti tajaajiluu danda'a. Qabxiiwwan kana fakkeenya kennuun ibsaa.
4. Amalli maqaan waliinii qabu maal fa'i?
5. Akaakuu maqaa keessaa kan namoonni dhuunfaatti ittiin waamaman isa kami?
6. Yaada dimshaashaafi yaada callaa dubbisa tokkoo argachuu yoo barbaanne akkamiin dubbisna? Keeyyattoota dubbisichaa isa kam dubbisna?
7. Ogummaa jechootaa gabbifachuuf tooftaaleen ittiin shaakaluu qaban maal fa'i?
8. Maqibsi amalaafi bifa waan tokko ibsu akaakuu maqibsaa keessaa isa kam jalatti ramadama?
9. Halluu gurraacha waraqaa adiirratti barreessu wayya. Hima akkanaa keessaa maqaafi maqibsa baasi.
10. Geerarsa gootummaa dhiyeessuun ergaa isaa qaaccessi.

## 5. Madaallii

Boqonnaa kana jalatti ogummaawwan garaa garaa shaakalamuun gabbifachuutu xiyyeeffatame. Barattoonni ogummaawwan dhiyaatan haalaan shaakaluun gabbifachuu isaanii mirkaneeffadhu. Kanaaf ammoo, gaaffiiwwan garagraa akka piroojeektiitti, akka hojmaneetti, akka hojdareetti dhiyeessuun madaallii walitti fufiinsa qabu geggeessuu kees addaan baafadhu. Ogummaa dubbisuu, dubbisuun gabbifachuu akkuma danda'an, ogummaa barreessuus barreessuun gabbifachuu isaanii tooftaa mijatuun mirkaneeffadhu. Madaalliin boqonnaa kana jalatti geggeessitu kan keefi kan barattoota kee waan ta'eef, gama lamaaniinuu ciminaafi hanqina jiru addaan baafachuun boqonnaawwan itti aanan keessatti irratti hojjechuuf si gargaara.

Gama caacculee caaslugaatiin ammoo, maqaaleefi maqibsoota hubachuun itti gargaaramuu barattootaa mirkaneeffadhu. Itti dabalees, akaakuuwwan maqaafi maqibsootaa addaan baafachuu isaanii mirkaneeffadhu. Afoola keessaas geerarsa gootummaa agarsiisan dhiyeessuufi isa dhiyaate qaaccessuun ergaa isaarratti hubannoo horachuu barattoota keetii madaalta.

# BOQONNAA 3: NAMOOTAAFI BINEENSOOTA (WAYITII 8)
## Dheerina Wayitii Tokkoo 40'

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun mata-duree 'Namaafi Bineensota,' jedhu ka'umsa taasifachuun akka barattoonni ogummaawwan garaagaraa gabbifatan taasisa. Isaanis, ogummaa dhaggeeffachuufi dubbachuu, ogummaa dubbisuufi barreessuu, ogummaa jechootaa, ogummaa caaslugaafi ogummaa qaacceessuu fa'i. Ogummaawwan kunneen akka gabbifataniif gilgaalonni adda addaas dhiyaatanii jiru. Barattoonni akka kaayyoo barbaadame kana galmaan ga'uun jijjiirama fiduu danda'anitti haala darichaa faana bu'uun shaakalsiisuun ga'ee barsiisaati. Dhimmoonni dhiyaataniifi afaan ittiin dhiyaatan akka miiraa barattootaa kakaasuun dammaqinaan hirmaatan nitaasisu abdii jedhu qabna. Barsiisaan ammoo kallattiidhaan bakka dhimmi kun hojiirra ooluu waan jiruuf gummachi inni /isiin tassis(t)u galma ga'uu kaayyichaatiif kan hunda keenyaa caala.

### 1. Kaayyoo : Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni

- adda addummaa namaafi bineesotaa nihumu
- yaada ijoo dubbisichaa addaan baasu.
- akkaataa galumsaatti jechootaaf hiika nikennu.
- yaada jechoonni bakka bu'an ni'ibsu.
- bamaqaalee hima keessatti nifayyadamu.
- sirna tuqaalee keessaa tuqlameefi waraabbii fayyadamuun hima ijaaru.
- sheekkowwaan bineensotaa adda addaa qaaccessu.

### 2. Qabiyyee

- Hiika jechootaa
- Bamaqaa
- Bamaqoota akka antimaatti
- Tuqlamee
- Sheekkoo bineensotaa
- Garaagarummaa Naamaafi bineensotaa
- Jechoota waliin deeman
- Bamaqaa akka matimaatti
- Bamaqaa akka abbomaatti
- Mallattoo Waraabbii

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Gaaffiiwwan gilgaala kana jalaltti dhiyaatan akka barattoonni ogummaa dubbachuu gabbifatan taasisuun qo'annaa mata durichaatiif qopheessa. Muuxannoo isaanii kana gara mat-durichaatti akka fidataniif, fakkiiwwan adda addaa dhiyaatanii jiru. Barattoonnis, fakkii dhiyaate qo'achuun gareedhaan mari'atanii dareedhaaf akka gabaasan taasisi.

**Deebii(A)**

Fakkiiwwan dhiyaatan namaafi bineeldota akkasumas, sochiiwwan isaan taasisan agarsiisu. Fakkii 'B' gilgaala kana jalatti namootaafi sochii isaaniitu, dhiyaate. Sochiiwwan kunis mukaafi dhagaa guuruun mana ijaaruu, waa'ee jiruufi jireenya isaaniirratti mari'achuu, midhaan calleessuufi biqiltuu garagaraa dhaabuutu mul'ata. Sochiiwwan kana keessaatti afaanitti fayyadamuun waliigaluu, wal-mormuu akkasumas, jijjiiramaafi guddina naannoo isaanii keessaatti qooda fudhachuu danda'uutu mula'ata. Fakkii (A) jalaa garuu bineeldotatu namaan alaatu mul'atu. Binealdonni kun gosa adda addaa kan qaban yoo ta'u, isaanis jireenya guyyaa qofaaf yeroo isaan carraaqan agarra. Kanaafuu, sochiin isaanii isa kan namaarraa adda jechuudha.

Tokummaafi addummaan isaaniis ifatti mul'ata. Namoonni qorra, aduu, roobaafi dhiibbaa adda addaarraa dandamachuuf mana ijaarrachuun jireenya solloqa keessarraa baraaraman. Ijaarsa kanas mana citaarraa gara mana dhagaatti ol guddisuun fooyya'ina ogummaafi naannoo isaanii mul'isan. Kana malees, mariyatanii raawwachuuf, raawwatanii mari'achuuf, hojii qonnaa keessatti hirmaachuun callaa oomishuu, qilleensa jiidhaan kan jireenya bineeldotaafi dhala namaatiif barbaachisu akka hindhibneetti biqiltoota dhabuun sochiin namoonni taasisan hedduudha . Bineensonni garuu sochiilee kana taasisuu hindanda'an. Haaluma argatan keessaa jiraachuu malee mijeeffachuu, isa borii

yaaduu hindanda'an. Kanaafuu, yaaduufi ogummaa horachuufi fooyyeeffachuu dadhabuun namarraa adda isaan taasisa.

Namoonniifi bineensonni akkuma adda addummaa qaban, waan ittiin wal-fakkaatanis niqabu. Fakkeenyaaf, akkuma namaa horuu, nyaachuu, dhuguu, afuura baafatuu danda'u . Barattoonni yaada kanaafi kana fakkaatan dhiyeessuun gaaffii 1-3 jiranirratti akka mariyatan taasisi. Haa ta'u malee kanatu sirrii, kanatu dogoggora jechuurraa of qusadhu. Yoo isaan qabiyyichaarraa ce'an tooftaadhaan gara mata durichaatti qajeelchuu, deebisuu garuu nidandeessa.

**Deebii(B)**

Jechoonni dhiyaatanis hiikawwan kanaan gadii qabaachuu malu.

1. argachuu, gabbifachuu
2. waan tola argamu, badhaasa.
3. darbee
4. taattaaffii, dhamaatee, ifaajee

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

Shaakala dhaggeeffachuun duraa keessatti fakkii dhiyeessuun beekumsa barattoonni mata duricharratti qaban dadammaksuun akka barattoonni gara waan dhaggeeffachuuf deemanitti yaada isaanii qajeelfatan taasistee jirta.

Kana malees, jechoota dhaggeeffatanii hubachuuf gufuu ta'u jedhaman akka tilmaaman kitaaba barataarratti isa dhiyaate hojjechiiftee jirta. Barsiisaa, amma ammoo, barreeffama kanaan gaditti dhiyaate barattoota keetiif dubbisuuf deemta. Dhaggeeffachaa akka guutaniif barreeffama bakka duwwaa of keessaa qabu kan kitaaba barataarratti dhiyaate dursanii waraqaarratti akka garagalfatan taasisi. Sana booda, dubbisa kanaan gadii si'a sadii akka dubbiftuuf itti himi. Si'a duraa yeroo ati dubbiftuuf callisanii akka dhaggeeffatan, si'a lammataa ammoo, dhaggeeffataa akka guutan itti himi. Si'a sadaffaatti sirriitti guutuu isaanii mirkaneeffachaa, kan hafe guutaa akka dhaggeeffatan ifa taasisiif. Ariitii

dubbisuu kee giddu-galeessa taasisuu hindagatin.

**Dhala Namaa Lubbu-qabeeyyii Biroorraa Maaltu Adda Taasisa?**

Dhala namaa lubbuu-qabeeyyii biroorraa kan adda taasisan keessaa inni tokko yaaduufi ogummaa adda addaa horachuu danda'uudha. Ga'umsa yaaduu isa dandeessise waliin dhalachuun adeemsa keessaa bal'ifachaa deema. Itti yaadee, hojjeta; hojjetees itti yaada. Bu'uuruma kanaan, muuuxannoofi ogummaa wayyaa dha'uu, mana ijaaruu, muka soofuu, callaa oomishuu, saayinsiifi teeknoolojii babal'isuufi meeshaalee dhimmoonni kun marti ittiin hojjetaman qopheessuufi uumuu gabbifachaa deema. Lubbuu-qabeeyyiin biroo garuu adeemsa akkasii keessa taruun ofiifi naannoo isaanii guddisuuf kennaa akkasii hinqaban. Haata'u malee, kanneen akka jaldeessaa, adurreefi saree leenjifamuun konkolaataa ofuuf carraaqu danda'u, Ta'ullee, yaadanii ogummaa kana fooyyeffachuufi waan haaraa uumuu hindanda'an.

Addummaan dhala namaa inni biraan, dandeettii afaan baruufi itti fayyadamuu qabaachuudha. Dandeettii kana waan qabuuf, haala naannoo isaatiin wal-simsiisee quunnamtii keessatti dhimmaa itti ba'uufi eenyummaa isaa ittiin ibsachuu danda'a. Lubbuu qabeeyyiin biro wal-quunnamtii uumuu danda'aniillee, akka afaan dhala namaa sagalee dubbiirraa uumamee hiika-qabeessa kan ta'e hinqaban. Simbirri 'Paarot 'jedhamu isa namni jedhe akkeessuun irra deebi'uu danda'a; uumee dhiyeessuu garuu hindanda'u. Gabaabumatti, dhalli namaa dhimmoota wal-xaxaa ta'an yaadee dubbachuufi uumee itti fayyadamuun ga'umsa qaba. Afaan dhimmoota dhala namaa ibsuufi dabarsuurratti ga'ee guddaa qaba. Wantoota darban isa har'aatiin, kan har'aa ammoo, isa boruutiin wal-qabsiisuu danda'a. Bineensonni garuu haala akkasii keessa of jiraachisuu hindanda'un. Kanaafuu, garaagarummaa guddaatu namaafi bineensa gidduutti mul'ata.

### Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

**Deebii**

Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti kitaaba barataa keessatti dhiyaatan odeeffannoo dubbisarraa argataniin wal-qabata. Kaayyoon isaa inni guddaan akka barattoonni odeeffannoo barreeffama dhaggeeffatanirraa argatan muuxannoo isaaniitiin wal-simsiisan taasisuudha. Kanaafuu, gaaffiiwwan yeroo dhaggeeffachuu sana irra deebi'anii akka ilaalan gochuun gaariidha. Kanarratti hundaa'uun bakka duwwaa guutanirratti gareedhaan akka mariyatan taasisi. Gaaffii 1-4 jiran yaadolee dubbisa dhaggeeffatan sanarraa argatan akka cuunfan, yaada ijoo tokko jalatti akka qindeessan muuxannoo isaaniitiin akka wal-qabsiisan taasisa. Kanaafuu, akka barattoonni kee dubbisicha keessaan of ilaalan yaada garaagaraa kaasuun shaakalsiisi. Kun ammoo, dubbisa jarri callisan dubbisuuf deemaniif haala mijessa.

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Kaayyoon gulantaa kanaa barattoonni muuxannoo isaanii gara mata-duree dubbisichaatti akka fidatan taasisuudha. Gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti gilgaala kana jalatti dhiyaatanis akka barattoonni irratti mariyatan taasisuun kaayyoo kana galmaan ga'uu yaala. Adeemsa dhimmicharratti mari'achuutiin ogummaa dubbachuu isaanii gabbifachaa waan deemaniif, haalaan irratti mari'achiisuun ga'ee barsiisaati.

Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaataniif barattoonni deebii garagaraa kennuu danda'u. Kan barbaadamus, akka barattoonni karaa garaagaraa ilaalan waan ta'eef, deebii kanatu sirrii, kun ammoo dogoggora; jechuurraa of eeggadhu. Deebiin isaan kennanis kan kanaan gadii of keessatti haammachuu danda'a.

**Deebii(A)**

Dhalli namaa waan bineensonni dalaguu hin dandeenye hedduu hojjeta. Isaan keessaa muraasni qotanii biqilfachuun oomisha callaa geggeessuu, manneen

akaakuu garaagaraa ijaaruun balaa namtolcheefi uumamaa jalaa baraarama. Kana malees, qorannoo walxaxaa geggeessuun ji'arra ba'uun, garaa galaana jala qaxxaamuruun, meeshaalee fayyadaamuun balaa geessisan to'achuu danda'eera. Hundaa olitti, yaaduufi ogummaawwan horatee gabbifachuun dhala namaa bineeldootaa irraa adda taasisa. Bineeldonni garuu kana raawwachuu hindanda'an. Gaaffiiwwan gilgaalicha jalatti dhiyaatan yaaduma asitti ka'een walqabsiisuun akka isaan ibsan, dubbisuufis qophaa'an taasisi.

**Deebii(B)**

1. darbuu
2. jala dhaabachuu, ofirraa ittisuu
3. lafa bosonaan marsamee, ededi gamaa-gamanaa cite gidduun dachaa ta'ee jiru.
4. 'beelladaafi bineensa' jechoota jedhanirraa ijaarame kan lamaanuu bakka bu'u.

## Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

**Deebii(A)**

Kaayyoon gaaffiiwwan 1-2 jiranii akka barattoonni ariitiidhaan dubbisuun yaada dimshaasha dubbisichaa argataniifi . Kanaaf ammoo, bakka odeeffannoon itti cunqaa'ee jiru keeyyata jalaqabaafi keeyyata dhumaa akka ijaan butaa dubbisan taasisi. Yaada barattoonni kee kaasan isa ofii keetii itti qophoofteen wal-cina qabuun akka isaan odeeffannoo dimshaashaa qabatanii gara dubbisa yeroo lammataatti seenaan taasisi. Dubbisa si'a lammataa keessatti barattoonni odeeffannoo callaa barbaadu. Kaayyoo kana galmaan ga'uuf ammoo suuta dubbisuu qabu. Milkaa'ina kanaaf ammoo, dursanii gaaffiiwwan gilgaala '5B' jalatti kitaaba barataa keessatti dhiyaatan akka yaadaan qaban taasisi. Dubbisni yeroo kanaas deebii gaaffiiwwan kanaa barbaaduudha.

**Deebii (B)**

1- Wanti nama bineensarraa adda taasisan keessaa inni guddaan yaaduufi of fooyyessuuf dandeettii qabaachuu isaati. Inni biraan ammoo dawoo

ijaarratee oomishee jiraachuudha. Bineensonni garuu, yaaduufi of fooyyessuu dadhabuun, bosona galuun, rifeensa qaamolee isaanii mararraa qabaachuu, foolii fuuchuuf wkf adda taasisa.

2. Namoonni dubbatanii ykn afaanitti fayyadamuun yoo wal-quunnaman bineensoonni garuu mallattoodhaan wal-quunnamu. Afaan namaa sagalee dubbiirraa kan ijaarame yoo ta'u, kan bineensotaa garuu jaraaf malee namaaf hiika waan hinqabneef, yerootti fooyya'uu waan hindeemneef- bakkaa bakkaatti adda addummaa waan hinagarsiifneef mallattoodha jechuun nidanda'ama.
3. Namoonni dandeettii yaaduufi yeroodhaa yerootti of fooyyessuu, naannoo isaanii jijjiiruu waan qabaniif, ogummaawwan muka soofuu, wayyaa dha'uufi wkf ,kanarraa argachuu danda'an.

4a. Kanniisa, bookee, boombii, daamuufi wkf

4b. uumamaan badhaafaman

4c. hindanda'an

4d. hindanda'an = sababni isaa yaaduu waan hindandeenyeef

5. 'Paarot'
6. Yaaduu danda'uudha
7. Namoonni mana ijaarrachuun, wayyaa dha'uun yoo ta'u. bineensonni ammoo rifeensa uumamaan kennameefiin ta'a.
8. Gaaffii kanaaf deebiin garagara jiraachuu malu. Barattoonni kaan Waaqatu waliin uume jechuu danda'u. Gariin ammoo dandeettiin yaaduu uumamaan waan kennameef bu'uura sanaan yaadee uumate jechuu danda'u. Kanneen adeemsa tirataa keessaa jijjiirama argameen qaqqabatanii bira ga'an jedhanis jiraachuu malu. Kamiinuu haajedhanii bal'isanii yaaduufi kan nama amansiisuu tokko dhiyeessuurratti akka xiyeeffatan taasisuun ba'eessa.

**Deebii (C)**

1. Soba 2. Dhugaa 3. Dhugaa 4. Dhugaa 5. Soba.

**Deebii(D)**

1. D 2. C 3. E 4.B 5.E 6.C 7.A 8.F 9.E. 10. E

**Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Gaaffiiwwan 1-6 dhiyaataniif barattoonni deebii garagaraa kennuu malu. Sadan isaaniiyyuu akka isaan dubbisicha keessaan of ilaalanu muuxannoo isaaniitiin wal-qabsiisan taasisu. Kun ammoo, garaagara ta'uu waan danda'uuf ibsi kennamuu madaalaa, wal-falmaa, deeggeraa, mormaa akka hubatan taasisi.

## Barannoo 3: Dubbachuu

Dubbachuun kan baratamu dubbachuudhaani. Dubbachuuf ammoo haallaniifi mata dureewwan dubbachuuf mijatan jiraachuun dirqama. Haallan ogummaa dubbachuu gabbisuuf barbaachisan keessaa muraasni marii ( gareen, cimdiin, daree guutuun), waliin dubbii, nama duratti ba'anii haasawaa taasisuu, falmiifi wkf ta'uu danda'a. Boqonnaa tokko jalatti yaaxxinoota jalqaba afaaniirratti ka'anirratti falmii geggeessuun ogummaa barattoonni gabbifachuuf yaalii taasisu jedhamee amanama. Mata duree kana jalatti ammoo, barattoonni kee lama lama ykn garee gareedhaan ta'uun waliin dubbii akka geggeessan taasisi.

Amaloota waliin dubbii kanneen akka yaada duraan ka'e bu'uura taasifachuun deggeruu ykn mormuu, yaadannoo isaanii milachaa dubbachuu, sochii qaamaatiin yaada ofii deeggeru, haqaaquu, cimsuufi wkf fayyadamuuf barattootaa haala mijeessi. Dubbataa gaarii ta'uuf yaadoleefi jechoota ofii qindeeffachaa, irra deebi'uun cimsachaa, sababa isaanii dimshaasharraa gara murtaawaa ykn murtaawaarraa gara dimshaashaatti dhiyeessuu akka danda'an odeeffannoo kenniif.

**Gilgaala 7: Shaakala Waliin Dubbii**

Garaagarummaafi tokkummaan namootaafi bineensotaa hedduu ta'uu mala. Muraasni isaanii akka kanaan gadiitti ta'uu malu. Qabxiin kun garuu, tooftaalee ati yaada kee ittiin qindeeffattu keessaa isa tokko ta'uu danda'a jechuudha malee kana qofa jechuu miti.

**Namootaafi Bineensoota**

| Namoota | Tokkummaa | Bineensota |
|---|---|---|
| * Yaaduu danda'uu | Lubbu- qabeeyyiidha | * Yaaduu dadhabuu |
| * Mana Jiraachuu | Wal –horu | * Bosona jiraachu |
| * Ogummaa fooyyeffachuu | Soorata barbaadu | * ogummaa fooyyeffachuu dadhabuu |
| * Qorannoo wal- xaxaa geggeessuun saayinsiifi teeknoolojii babal'isa | | *Jijiiraafi fooya'iinsa naannoo keessatti ga'een isaan qaban hinjiru |
| * Hojiifi ogummaa dhalootaaf ta'u dabarsuu | | * Waanuma ammaaf ta'uuf hojjechuu . |

Barsiisaa, atiifi barattoonni kee ammoo, yaada kanaan olitti fooyya'aa ta'e dhiyeessuun irratti walii galuu dandeessu; xiyyeeffannoon keessan garuu barattoonni hunduu qooda fudhachuun dubbachuu akka danda'aniif carraa kennuudha.

## Barannoo 4: Hiika Jechootaa

Barattoonni ogummaa jechootaa gabbifachuuf tooftaan ittiin barataniifi qayyabatan murteessaadha. Malli jechoonni ittiin baratamuun ogummichi gabbifamu keessaa muraasni galumsatti gargaaramuu, galmee jechootaatti fayyadamuu, hiika gama aadaafi hiika bakka bu'amaa barbaaduu, caasaa jechootaa keessatti qaamolee jechaa addaan baasuufi waan kana fakkaatutti fayyadamuudha.

Gilgaalonni barannoo kana jalaatti kitaaba barataa keessatti dhiyaatanis hiika addaa ( connotative meaning), hiika bakka galumsaa ( contextual meaning)fi hiika bakka bu'aamaa ( referential meaning ) jechootaa maal akka fakkaatan addaan baasuurratti xiyyeeffatu.

**Deebii(A)**

1. nikore /yaabe/
2. biyya lakkise ala deeme
3. fuudhe, of danda'e
4. homaa keenya miti, addaan cinnee
5. Danaa abbaati, abbaa fakkaata, amala abbaa qaba.

6. Narra goree, gargar baane.
7. carraa.
8. qaama nyaaraa ol rifeensaa mataatti gad jiru.
9. garaagara
10. milkaa'i, injifadhu,irra aani.

**Deebii (B)**

1. Carraaqqii
2. Bu'aa- bahii
3. Qaxxaamuruu
4. Wal'aansoo
5. Kalqa
6. dhimma ba'uu
7 Suuqqateen
8. Alaalatti
9. Wal-xaxaa
10. Dandammachuuf

**Deebii (C)**

1. Gaara bahe, bu'e, dhiibe, ta'e
2. Garaa galaanaa jala qaxxaamure
3. Tulluu qaxxaamuruu, yaabuu, naanna'uu, qaari'uu
4. Ija jabeessa,
5. Nyaara guure, nyaara aaddattee
6. Garaa nyaate, gara balleessa, garaa kutate, gara-jabeessa, garaatu na'e
7. Gurra qaree, qurraqaba, gurra nyaate,gurra gate, gurra buuse
8. Miilla qalleessa,
9. Funyaan bira, funyaan qaba, funyaaniin haasa'a
10. Harka-qalleessa, harka nyaate, harkarra deebi'e, harka-wayyaa jalaa wkf.

## Barannoo 5: Caasluga

Caaslugni, seera caasaa afaan tokkoo kan sadarkaa garagaraa to'atudha. To'annaan kun ammoo, duraa-duuba jechootaafi caasaalee, wal-ta'iinsa matimaafi gochimaa, buufata gareewwan jechootaafi wkf ilaallata. Gareewwan jechootaa Afaan Oromoo maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima jechuun bakka afuritti qoodamu. Haaluma kanaan kan Mitikkuufi Tashoomeen (1992) , Addunyaan (2010) shanitti qoodan keessaa xumibsiin/gochibsi garee jechaa of danda'aa

tokko ta'uun gaalee isaa ijaarrachuu waan hindandeenyeef, afuritti deebi'e jira( Addunyaa 2011). Bamaqaan ammoo, bakka maqaa bu'uudhaan tajaajila maqaa tokkoo kennuu kan danda'udha. Akkuma maqaan bakka matimaafi bakka aantimaa galuu danda'u bakka bu'aan isaa kunis bakka jedhame lamaan galuun tajaajiluu danda'a.

**Gilgaala 9: Shaakala Bamaqaa**

A.
1. koo/keenya
2. inni
3. isaa na/nu
4. keenyaa inni
5. si/ ishii
6. kootii
7. si ati/ishiin
8. na/isaan
9. kee/ofii keetti
10. isaanii

**Deebii(B)**

1. hawaasummaa
2 miliyoona jaha
3. namootaa
4. namaa

**Deebii(C)**

.

| Bakka matimaa | Bakka aantimaa |
|---|---|
| Isaan | isaan |
| Inni | isa |
| Isheen | ishii |
| Nuyi | nu |
| Jarri | jara |
| Isin | isin |
| Ati | si |
| Ani | ana |

## Barannoo 6: Afoola

Afoolli kanneen afaaniin dhalootaa dhalootaatti darban ilaallata. Isaanis, mammaaksa, sheekkoo, geerarsa, hibboo , eebba, abaarsaafi wkf ta'uu danda'u. Barannoo kana jalatti kan ilaalamu sheekoodha . Gosa Sheekkoo keessaas kan bineensotaarratti xiyyeeffatame.

### Gilgaala 10: Shaakala Sheekkoo Bineensotaa

Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti dhiyaatan barattoonni qabiyyee sheekkoo dhiyaatee haala jireenya hawaasaatiin waliin qabsiisuun akka xiinxalan haala mijeessa. Kanaafuu, baratoonni gareen ta'uun mari'achuuf callisaan sheekkoo dhiyaate akka dubbisan taasisi. Deebiin isaan kennanis kan kallattii garagaraa qabu ta'uu mala.  Kan isaan dhiyeessan keessatti yaanni kanaan gadii argamuu danda'a.

**Deebii(A)**

Sheekkoon mata-duree 'Arbaafi Bineensota Afur," jedhu jalatti dhiyaate qabiyyeewwan garaagaraa of keessaa qaba. Isaanis, rakkoo yeroo jala dhaabachuu dadhabuu, kan borii yaaduu dadhabuu, gorsa fudhachuu diduu, hojii ofii argachuufi kanneen kana fakkaatan ta'uu malu. Isaan kanas yoo ilaallu, arbichi dheebuu jala dhaabbachuu dadhabee, waraabiyyiin beela'oon sunis beela yerichaa obsuu dadhabanii qileetti haraman. Waraabeyyiin sadan sunneenis dhibee (rakkoo ) booda itti dhufu dursanii yaaduu dadhabuun gorsa hiriyaan isaanii kenneefillee fudhachuu dadhaban. Kanarraan kan ka'e rakkoon irra ga'es hanga lubbuu isaanii dhabanitti geessise.

Gama biraatiin waraabessi inni afraffaan dursee waan yaadeef, rakkoo kana hubachuun gammachuus ta'ee rakkina har'aa ilaaluun kan bor ta'uuf jiru dagachuu akka hinqabne yaada dhiyeesse. Kanaaf ammoo, mari'achuun gorsaafi yaada nuuf dhiyaatu wal-cina qabnee ilaaluun barbaachisaadha.

**Deebii(B)**

1. 'Garbi nigu'a; arbis nidu'a' jechuun wanti hindhumneefi kan dhaabatee hafu hinjiru jechuudha. Hunduu nidarba yaada jedhus niqaba.

2. ‘Itti lallabe’; jechuun ammoo, akka sheekkichaatti, fageenyarraa itti hime, waame; jechuudha.
3. ‘Arbis du’ee; garbis gu’ee , kan jette ga’e’ kan jedhu hunduu darbee, kan ati dursitee tilmaamte, kan nuti daganne dhufe; jechuudha.
4. ‘Warri isin hingorsin, isin haagorsan,’ jechuun ammoo nuti/ani isin gorsinee waan dadhabneef rakkoon isin keessa jirtanuu isin hubachiisuu malu jechuudha.
5. Warra baay’ee beela’etu waan barbaadan bakka isaan miidhuu danda’u keessatti argan akka jechuuti.

**Deebii (C)**

1. E 2. A 3. C 4. B 5. A

**Deebii (D)**

Ajaja kana jalatti akka barattoonni sheekkoo garagaraa kan bineensota ilaalatan fiduun ergaa isaarratti mari’atan taasisi.

## Barannoo 7: Barreessuu

Barreessuun ogummaadha. Ogummaan kun ammoo shaakala barreessuutiin gabbifatama. Shaakalli walirraa hincinne gabbina ogummaa kanaatiif gumaacha guddaa taasisa. Kanaafuu, mata duree kana jalatti barreessuun akka shaakalamu kitaaba barataa keessatti gilgaalota garagaraa jalatti dhiyaatee jira. Barannoo kana jalatti akka ittiin barreessuun shaakalamuuf kan dhiyaate tuqlameefi waraabbiidha. Sirni tuqaalee kunneen faayidaa garaagaraa qabu. Faayidaa isaanii keessaa muraasni akka kanaan gadiitti ta’u.

Tuqlamee (:)

- Dhimmoota walitti aanaanii barreeffaman dura galuun yaada ‘sittan hima; isaanis’ jedhu qaba.

Fkn:

- Fedhiin koo waalama: baradhee barsiisuu.
- Godinni Illuu Abbaa Booraa callaa garagaraa oomisha : xaafii, qamadii,

garbuufi boqqolloon warra bu'uura.

- Safara Iskeelii agarsiisa.

  1:1 2: 1

- Saa'atiifi daqiiqaa addaan baasa.

  2: 30 10:05

Waraabbii (" ")

- Yaada ykn jecha namaa akka jirutti yoo fudhanne mallattoo waraabbii keessa keenya.

Fkn 1: " Unki xinqooqaa tokko tajaajila adda addaatiif ooluu,
tajaajilli tokko ammoo, unka adda addaatiin dhiyaachuu
danda'u" (Addunyaa 2010: 100-1).

2. Akka Abarraafi kaawwaniitti (1998:142) "Gareen jechoota
Afaan Oromoo bakka jahatti qoodamu."

- Xiyyeeffannoo keenya agarsiisuuf fayyada.

Fkn.

- kan dhaloonni ammaa kun baruu qabu "hojiin hundee" ta'uu isaati.
- Kan har'a addunyaa mariyachiisaa jiru "Waa'ee misoomaati."
- Barsiisaan keenya, "Boru walaloo yeroo yeroon qabi jedhu dubbisaa kottaa," nuun jedhe.

**Gilgaala 11: Shaakala Tuqlameefi Waraabbii**

**Deebii**

1. "Waqtiin Bonaa ji'oota armaan gadii qaba: Muddee, Amajjiifi Guraandhala," nuun jedhe barsiisaan.
2. Aniifi hiriyaan koo 5:30 beellama qabna.
3. Reeshoon barattootaa dhiiraafi dhalala mana barumsaa keenyaa 2:1 ta'a.
4. Barattoonni ogummaa adda addaa horachuu qabu : dubbachuu, dubbisuu, barreessuufi dhaggeeffachuu ta'a.
5. Hawwiin ishee waa sadii : barumsa, dhirsaafi konkolaataadha.
6. Akka Maarkis jedhutti, "Nama kan nama taasise hojiidha."

7. “An hinrafne; boqqolloon hinhafne,” jedhe namichi booyyeen boqqolloo fixnaan.
8. “Arbis dhume; garbis gu’ee ; kan ati jette sunis ga’ee,” jedhanii sagalee gaabbiitiin deebisaniif.
9. Waraabessi inni afuraffaan, “Arbaafi galaana ilaallee qilleetti dhumuu hin qabnu,” jedhe.
10. Manichi cimaadha: dhagaa, sibiilaafi simmintoorraa ijaarame.

**Gilgaala 12: Shaakala Keeyyataa**

Gilgaalli kun akka barattoonni waan boqonnaa kana jalatti baratan cuunfuun himoota ijoo kitaaba barataa keessatti dhiyaatan sadan himoota gargaartuufi hima goolabaa itti dabaluun akka barreessan taasisi. Bakka kanatti , akaakuufi qaamolee keeyyataa barsiisuu osoo hintaane, yaadolee, jechoota, bamaqaa, sirna tuqaalee baratan fayyadamuun keeyyaticha barreessuu isaanii mirkaneeffadhu.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Namniifi bineensi maal fa’iin adda ta’u? Maal fa’iin wal-fakkaatu?
2. Yaada ijoo dubbisa tokoo addaan baafachuuf maal gochuu qabna?
3. Jechi ‘tume’ jedhu akkaataa galumsaatti hiika adda addaa argachuu danda’a? hiika jechi kun qabu afur hima itti ijaaruun agarsiisi.
4. Bamaqaalee adda addaa fayyadamuun hima ijaari.
5. Bamaqaaleen hima tokko keessatti akka matimaa, akka aantimaafi akka abboomaatti tajaajiluu danda’u. Tajaajila bamaqaalee kana sadan addaan baasuufi fakkeenya kennuun ibsi.
6. Tajaajila tuqlamee hunda tarreessi. Fakkeenyaanis deggeri.
7. Mallattoo waraabbiitti haallan akkamii keessatti gargaaramna?
8. Mallattoo waraabbiifi tuqlamee gargaramuun keeyyata tokko barreessii dareedhaaf dubbisi.
9. Sheekkoo garaagaraa dhiyeessuun ergaa isaarratti maariyadha?
10. Sheekkoo bineensotaa akaakuu sheekkoo kanneen biroorraa maaltu adda taasisa?

## 5. Madaallii

Kaayyoon boqonnaa kanaa inni guddaan ogummaa wantootaafi yaada ijoo dubbisa tokkoo addaan baasuu, walitti fiduu akkasumas, ogummaa jechootaa, caaslugaa, barreessuu afoolaa akka gabbifatan taasisuudha. Kanaafuu, caacculee ogummaawwan kanaa keessaa kanneen dhiyaatan haalaan shaakaluun gabbifachuu barattoota keetii madaali. Yaada ijoo dubbisa tokko argachuuf bakka kuufamni odeeffannoo jiru kanneen akka keeyyata seensaafi dhumaa ariitiin dubbisuu danda'uu isaanii, hima tokko keessa jechootaafi bamaqaalee bakka garagaraa galchuun tajaajila isaanii addaan baafachuu isaaniis mirkaneeffadhu. Tajaajilli tuqlameefi waraabbii himaafi keeyyata itti ijaaruun hubachuu barattoota keetii tooftaa siif mijatuun mirkaneeffadhu. Dhumarratti, sheekkoowwan bineensotaa akaakuu isaa kanneen biroorraa addaan baasuun ergaa isaa hubachuu danda'uu barattootaas madaali.

## BOQONNAA 4: HIRMAAMAANNAA DUBARTOOTAA (WAYITII 6)
Dheerina wayitii tokko 40’

### Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun hawaasa keessatti hirmaannaan dubartootaa akkam akka tureefi yeroo ammaa maal akka fakkaatu addaan baafachuun barattoonni jijjiirraa amala akka fidan jajjabeessuurratti xiyyeeffata. Dhiibbaan dubartootarra tureefi darbee darbee jiru gama barsiifataatiin, gama siyaasaatiin, gama dinagdeetiin, gama amantiifi gama hawaasummaatiin maal akka fakkaaturratti barattoota kee waliin yaadoleefi qabxiiwwan garagaraa kaasuun mari’achuuf akka tolutti gilgaalonni kitaaba barataa keessatti dhiyaatanii jiru. Deebii barattoonni kennan dinqisiifachaa, jajjabeessaa, bal’inaan akka irratti yaadaniif karaa saaquun ga’ee barsiisaati.

Dhimmoonni hawaasaa dhiyaatan kan ittiin darban dhimmoonni afaanii ( language issues) boqonnaa kana jalatti shaakalamanis gilgaalota garaagaraa jalatti dhiyaatanii jiru. Isaanis jechoota waliin deeman, hiika jechootaa, hima ijoo keeyyataa addaan baasuu, himoota waliin makaman qindeessuun keeyyata ijaaruu, fufiilee horteefi uumamtee ( yaasaa) addaan baafachuun itti fayyadamuu ta’u. Barsiisa, gilgaalota dhiyaatan tooftaan itti barsiistu isa nuyi jenne qofaan ga’aa ta’uu dhiisuu mala. Haala barattootaafi naannichaarratti hundaa’uun tooftaa mijataa kan akka barattoonni salphaatti hubachuu danda’an taasisu filadhuutii itti gargaarami.

### 1.Kaayyoo : Xumura barnootaa boqonnaa kanaarratti barattoonni:

- ergaa dubbisichaa ni himu.
- hiika jechootaa haala galumsaarraa addaan baafatu.
- seera loojikii eeguun himoota wal-makan sirreessu.
- hima ijoo keeyyataa baasu.
- hima ijoo kennamerratti hunda’uun keeyyata ijaaru.
- fufiilee horteefi uumamtee ( yaasaa ) jechootarraa nibaasu.
- adda addummaafi tokkummaa fufiilee horteefi uumamtee ibsu.

## 2. Qabiyyee

- Hiika jechootaa galumsarraa
- Seera loojikiitiin himoota sirreessuu
- Sagalee lubbu-qabeeyyii addaan baasuu
- Keeyyataafi hima ijoo
- Dhamjechoota hirkatoo
  - Fufii uumamtee
  - Fufii hortee

## 3. Mala Baruu barsiisuu.

Boqonnaan kun, barattoonni ogummaawwan garaagaraa kanneen akka ogummaa dubbisuu, ogummaa dubbachuu, ogummaa barreessuu, ogummaa jechootaafi ogummaa caaslugaa akka horatan taasisuu yaala. Kanaafis gilgaalonni ga'aa ta'an dhiyaatanii jiru.

Ogummaawwan baribaachisan ykn abdataman gonfachuuf carraaqqii taasisan keessatti barattoonni yaada garagaraa kaasuu malu. Hundinuu akka hirmaatan taasisuun yaada isaan kaasan kallattii qabsiisuun ga'ee barsiisaati. Kun ammoo akka yaanni isaanii jalaa hinfaffacaane waan taasisuuf daran barbaachisaadha. Ogummaawwan kanneen biroo shaakalsiisuuf akka goorootti kan dhiyaate ogummaa dubbisuuti. Dubbisuun milkaa'ini barattoonni argatan kaawwaniifis waan karaa saaquuf, haxawwan ( techniques) dubbisuu eeguun akka dubbisan jajjabeeffamuu qabu. Dalagaalee dhuunfaan, gareefi cimdiin akka hojjetaniif dhiyaatanis haalaan shaakaluu qabu.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Kaayyoon guddaan gulantaa dubbisuu kanaa akka barattoonni beekumsa duraan qaban gara mata-durichaatti fidataniif fedhiin isaanii akka kaka'u taasisuudha. Kun ammoo, qabiyyee dubbisichaa haala salphaa ta'een hubachuu akka danda'an karaa saaqa. Kanaafuu, gilgaalota kitaaba barataa keessatti dhiyaataniif deebiin barattoonni kennan garagara ta'uu waan danda'uuf, kunis muuxannoo garagaraa

isaan qaban waan bu'uureffatuuf, "kun sirrii; kun ammoo dogoggora," jechuurraa of qusadhu. Gara mata duree dubbisichaatti qajeelchuu garuu hindagatin.

Gulantaa dubbisa duraa kana keessatti kan xiyyeeffatamuu qabu inni biraa hiika jechoota haaraa kan dubbisanii hubachuu barattootaatti gufuu ta'anidha. Barattoonni osoo gara dubbisichaatti hinseeniin, jechoonni haaraan shan hin caalle kan baay'ee xiyyeeffatamuun ba'anii barsiifamuu ykn barattoonni hiika isaanii tilmaamuu qabu. Hiika jechoota kanaa banaatti dhiisuun garuu gaarii miti. Sababni isaa kaayyoon jechoota kana barsiisuu hubannoo barattoonni dubbisanii argatan akka hindanqineef waan ta'eef.

Deebii gilgaalota kitaaba barataa keessatti dhiyaatanii guutummaan guutuutti qajeelcha barsiisaa kana keessatti dhiyaateera jechuun rakkisaadha. Barattoonnifi barsiistonni Afaan Oromoo gaaffii banamaa tokkoof deebii garagaraa kennuu waan hinoolle. Kanaafuu, kan qajeelcha barsiisaa keessatti dhiyaate isa jarri dhiyeessan keessaa tokko ta'uu danda'a abdii jedhutu jira. Kun ammoo, barsiisaan qajeelcha kanarratti of gatuun itti yaaduu dhiisuurraa of qusachuu ykn kan barattoonni dhiyeessaniin dogoggora jechuu hinqabu jechuudha. Isa as keessaa, kan isaa/isheefi kan barattootaatiin walcinaa qabuun yaada fooyya'aa tokko akka barattoonni argatan taasisuu qaba.

**Deebii(A)**

"Yeroo ammaa hojiin dubartii qofa ilaallatan hinjiran" kan jedhu akka yaadaatti jiraatullee haalli qabatamaan kan mul'isu garuu warri akka daakuu, biddeen tolchuu, gundoo hodhuu, farsoo naquufi wkf dubartii qofaan hojjetamaa jiru. Dalagaaleen akka qonnaa, mana ijaaruu, araaraa /jaarsummaa / fi wkf ammoo warra dhiiraatiin raawwatu. Bu'uurri qooddi dalagaalee kanaas hawaasuma malee hojiin dhiira ykn dubartii ta'uun uumamaan hinjiran.

**Deebii(B)**

Akkaataa dubbisichaatti hiika kanaan gadii argachuu danda'u.

1. Harka keessa qabachuu; qooda fudhachuu
2. Bobba'uu- hirmaachuu, hojjechuu
3. Tumuu – calleessuu, dha'uu

4. Dhiibbaa – cunqursaa, hacuuccaa, gad-qabaa.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Gulantaan yeroo dubbisuu of eegganoo cimaa barbaada. Sababni isaa qophiin dubbisa duraa taasifamuufi kaayyoon dubbisuu inni guddaan daldagaalee gulaantaa kanatti raawwatamaniin murtaa'a. Kanaafuu, barattoonni qajeelfama ga'aa argachuun dubbisuu qabu. Dubbisichis si'a lama geggeeffama. Si'a duraa barattoonni odeeffannoo waliigalaa dubbisichaa argachuuf keeyyata seensaafi keeyyata goolabaa ariitiin dubbisu. Kanaafis gaaffiilee kitaaba barataa keessatti gilgaala 2(A) jalatti dhiyaataniin qajeelfamu. Kaayyoon gaaffiilee kanaas yaada dimshaashaa akka argatan taasisuudha. Kan dubbisanis ariitiidhaan ijaan butaa ta'a. Haala kanaan, dubbisiisuun deebii jaraa gara yaada ijoo dubbisichaatti qajeelchi.

**Deebii(A)**

Yaanni ijoo dubbisichaas dhiiraafi dubartiin uumamaan wal-qixxummaa osoo qabanii hawaasni dhiiraaf looguun dubartoonni akka gadaanootti ilaalamuun dogoggora isa jedhu ta'uu mala . Haalli koorniyaa kun garuu biyya keenya keessatti yeroo ammaa kana xiyyeeffannoo argachuun dubartoonni akka warra dhiiraa siyaasa, barnoota, dinagdeefi amantii keessatti hirmaannaan isaanii mul'achaa dhufee jira. Haata'u malee, wal-qixxummaa hirmaannaa dhiiraafi dubartootaa kanatti kan gufuu ta'an ilaanya (ideology) fi ilaalcha dhuunfaa duraan hawaasicha keessa turaniidha. Erga saffisaan dubbisuun yaada ijoo (gist) dubbisichaa argatanii booda yaadolee callaaf ammoo suuta akka dubbisan taasisi. Dalagaa yeroo dubbisaa kanaafis gaaffiiwwan gilgaala 2(B fi C) jalatti dhiyaatan dursanii akka yaadaan qaban daqiiqaa muraasa laadhuuf. Sana booda akka isaan gaaffiiwwan yaadaan qaban sana deebisaa callisaatti dhuunfaan dubbisan taasisi. Barattoonni hidhii isaanii sochoosaa, quba irra butaa, sagalee ol fuudhanii dubbisuurraa akka of eeggatan qajeelchi.

**Deebii(B)**

1. Soba
2. Soba
3. Dhugaa
4. Dhugaa
5. Soba

**Deebii(C)**

Dhiibbaan dubartootarra ga'aa ture keessaa muraasni

- o Siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa keessatti akka hinhirmaanne taasisuu
- o Barmaatilee miidhaa geessisan da'oo taasifachuun dhiira jalatti akka bulan taasisuu
- o Qabeenyaafi dhaalarratti aboo dhowwachuu

Dhiibban loogiiwwan kanaa ammoo,

- Ofitti amanamummaa dhabsiisuun gadaantummaafi ija-laafina horachiise
- Ofuma isaaniitii olaantummaa dhiiraa akka lallaban, mirkaneessan taasise.

2. Mammaaksota wal- caalmaa dhiiraafi dubartii mul'isan hedduun nijiru. Isaan keessaa muraasni akka kanaan gadiitti ta'u.
   - Dubartiifi harree dugdarraa nyaatu
   - Durba kudhanirra dhiira tokko wayyaa
   - Dubartiifi gundoon hinteessu
   - Dubartiin beekaa deessi malee beektuu hinqabdu
   - Hoolaan albaateefi durbi gabaa baate namaa baate

   Akkasumas, ibsoonni wal-caalmaa kana mirkaneessan
   - Dubartiin barattee eessa geessi
   - Dubartiin dhiira waliin oollaan nicaaphanoofti

   Haallan olii kun jijjiiramanii yeroo ammaa ammoo,
   - Dubariifi xuwween ykn udaan xinnoo hinqabdu
   - Dubartiin mala hinwallaaltu
   - Hirmaannaa dubartii malee milkaa'inni hinjiru.
   - Qodaan haati warraa cabsite, amma qadaadde.
   - Dubartiin waa hunda: haadha, obboleettii, haadha warraa, bu'uura misoomaa wkf
3. Loogii hawaasni taasiseen bakki guddaan dhiiraaf kenna.
4. Dubartoonni warri carraa barnootaa argatan akka addaan kutan kanneen taasisan keessaa muraasni.
   - Ijoollummaatti heerumuu
   - Dhaqna qabaa
   - Hojii mana keessaa
   - Fageenya mana barumsaa
   - Sirna barnootaafi wkf

5. Tooftaaleen ittiin ogummaafi beekumsi dubartootaa akka hinmul'anne taasifama ture.
   - Hirmaannaa dhowuu ( barumsa, dinagdee, siyaasa )
   - Sababa barmaatilee miidhaa geessisanii
   - Olaantummaa dhiiraa lallabuun wkf

**Deebii(D)**

1. D  2. D  3. E  4. F  5. A

**Deebii(E)**

1- Cunqursaa, hacuuccaa
2- Mirga, aangoo
3- Danqaa, danqaraa
4- ayyaana, faara
5- yaraa , salphaa
6. Hubannoo aadaafi hawaasa sanarraa madde
7. Akka gadi baatee dhiiraa wajjin hinoolle mana keessatti ittifamuu
8. Olaantummaa dhiraa kan aadaafi hawaasichi ittiin buluttu akka beekumsi isaan hinmul'anne taasise.
9. Dhiiraan geggeeffamu, akka dhiirri taasise ta'u.
10. Hojii mana keessaafi daa'ima guddisuu qofaarratti hundaa'uu, wantoota ulaan alaa dhiiraaf dhiisuu.

**Deebii(F)**

1. sababa, ka'umsa, qabata
2. agarsiifame, mul'atame.
3. calleessuu,
4. argame
5. dheekkame, aare, lole

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**Deebii(A)**

Gaaffiiwwan gilgaala kana jalatti kitaaba barataa keessatti dhiyaatan akka barattoonni waan baratan haala jiruufi jireenya hawaasaatiin wal-qabsiisan

taasia. Kanaafuu, ga'een barsiisaa inni guddaan qabxiilee ijoo ta'an kaasuudhaan akka barattoonni dhimma isaarratti waliin mariyatan, wal-morman, wal deggeraniifi yaada isaanii haalaan ibsuu danda'an haala mijeessuudha.

**Deebii(B)**

1. nidutti  2. nii' iyyiti  3. nidutti
4. nikolfiti  5. niwacci  6. ni'aada , ni barooda
7. niyuusa  8. ni'iyyti  9. nisiiksa, foorica
10. niharqa

**Deebii(C)**

1. kora
   ciibsata
   gaana
2. ciibsate
3. goromsa
   -ameessa/garabaqeessa
   - gu'aa
4. goromtii
   dhankaaka
5. ogree
   - ilmoolee
   - daa'ima
   - bukurii
6. qubeelaa
   - amartii
   - lootii
   - albuu

## Barannoo 2: Dubbachuu

### Gilgaala 4: Shaakala Gabaasa Dhiyeessuu

**Deebii(A)**

Barannoon kun akka barattoonni yaadolee dubbisichaa keessatti dhiyaatan muuxannoofi jireenya hawaasaatiin wal-qabsiisanii mormuu, deggeruu, cimsuufi wkf qalbeeffatanidha. Kanaafuu, barattoonni walii isaanii akka mormaniifi deggeran haala mijeessi. Gaaffiiwwan 1-5tti dhiyaatan irratti mariyachiisuun ogummaa dubbaachuu isaanii akka gabbifatan taasisi. Yaada isaaniis fakkeenyaan

deggeruun akka gabbisan taasisi.

**Deebii(B)**

Hundumti mammaaksota kana jalatti dhiyaatanii gadaantummaa dubartootaa mul'isu. Kun ammoo aadaa, amantiifi hawaasni dhiiraa looguurraan kan ijaarame malee dhalootaan adda addummaan akkasihinjiru.

## Barannoo 3: Caasluga

### Gilgaala 5: Shaakala Dhamjechootaa

Kaayyoon barannoo kanaas fufii horteefi fufii uumamtee addaan baasuu akka danda'aniif barattoota kakaasuudha. Fufii horteen kaneen tajaajila caaslugaa agarsiisanidha. Tajaajilli caaslugaa kunis maayii, lakkoofsa, koorniyaa, ramaddii, ennaafi haala raawwii ta'uu danda'a. Fufiileen yaasaan (uumamteen) ammoo garee jechaa ykn hiika jijjiiruurratti xiyyeeffatu. Fufii hortees ta'ee fufii yaasaan dhamjechoota hirkatoo jalatti ramadamu. Dhamjechoonni hirkatoon ammoo dhamjecha walabarraa adda. Dhamjechi walabni of danda'ee afaanicha keessa kan jiru yoo ta'u, hirkatoon garuu of hindanda'an . Fakkeenyi armaan gadii akaakuu dhamjechoota kana lamaani addaan baasa.

| **Dhamjecha** | Dhamjecha hirkataa | Dhamjecha walaba |
|---|---|---|
| suuta | - | suuta |
| keessa | - | keessa |
| kun | - | kun |
| -oota | -oota | - |
| -ina | -ina | - |
| -n | -n | - |
| deem- | deem- | - |

| Hundee | Fufii | |
|---|---|---|
| | hortee | Uumamtee ( yaasaa) |
| deem- | -ota | -ina |
| qal- | -n | -ummaa |
| | -t | -sa |
| | -e | -eenya |

Akkuma deebii(A) jalaa agarru, dhamjechi hiika tokko qofa kan qabuufi unkaalee hiika tokkoo ol qabanitti addaan qoodamuu kan hindandeenye ta'u. Kunis hirkatoofi walabatti yoo qoodamu, dhamjechi hirkatoon hundee jechaafi fufiileedhaan; dhamjechi walabni ammoo kanneen fufiifi hundeetti addaan qoodamuu hindandeenye haammatu. Fufiileen ammoo faayidaa isaaniitiin horteefi yaasaatii qoodamu. Fakkeenya gabatee 'B' jalatti dhiyaate keessatti warri hortee jalaa marti tajaajila caaslugaa agarsiisuu malee garee jechaa ykn hiika hinjijjiiran. Fufiileen yaasaa jalaa garuu garee jechaa ykn hiika jijjiiruu danda'u.

**Deebii(A)**

1. deem-hundee
   -n - heddummina (hortee)
2. guluf - hundee
   -am- - uumamtee
   -e - hortee
3. qar- hundee
   - at - - yaasaa (uumamtee)
   - e - hortee
4. qot- hundee
   -siis - yaasaa
   - e hortee
6. –nam - hundee
   - a - hortee
7. hor - hundee
   -ii -hortee
8. gang - hundee
   -ee - hortee
   - dhaan - hortee
9. diim - hundee
   -ess - yaasaa(uumamte)
   - e hortee

5. hor- hundee
   - at -yaasaa
   - e -hortee

10. kut - hundee
   -e hortee

**Deebii(B)**

| **Fufiilee hortee** | | **Fufiilee yaasaa** | |
|---|---|---|---|
| -e | - lii | -ummaa | -at |
| -n | - lee | -aa | - maata |
| -t- | - aa | -a | - eenya |
| -oota | | | |

**Deebii(C)**

1. -oonni(oota-ni)
2. -ummaa
3. -een
4. -ina
5. -ina
6. -e
7. -oom-, -e

## Barannoo 4: Barreessuu

### Gilgaala 6: Shaakala Keeyyata Barreessuu

Ogummaan, barreessuu akkuma ogummaawwan bishaan daakuu, muka soofuu, wayyaa hodhuu, konkolaataa oofuufii wkf shaakaluun baratama. Shaakalli kun ammoo, barreessuudha. Kana jechuun barreessuun barreessuudhaan barama. Haata'u malee, ogummichi irra deddeebi'amee, ykn shaakala fufiinsa qabuun kan horatamu malee, akka ogummaawwan kaawwani si'a tokko lamaan horachuun rakkisaadha. Kanarraan kan ka'e yeroo hedduu, yagguu namoonni irraa dheessan , akka ulfaataatti ilaalan agarra. Haata'u malee, ogummaan kun dhamaatee haaqabaatu malee, gabbina ogummaawwan kanneen birootiillee haala mijeessa. Kanaafuu " waa cabsan malee waa hincobsan," akkuma jedhamu, carraaqqiin ogummaa kana gonfachuufi gonfachiisuuf taasisu haalaan yoo qabame bu'aa guddaa argamsiisa.

Shaakalli ogummaa barreessuu kun sadarkaa garaagaraa qaba. Bifa dhamsaga tokko haalaan boocuurraa eegalee hanga barreeffama dheeraatti qabxiilee

jiran ilaallata. Barannoo kana jalatti kan akka barattoonni horatan barbaadame, himoota ijoo keeyyataa baasuu, himoota gargartuu waliin makamanii dhiyaataniif seera loojikii hordofuun sirreessuufi himoota ijoo kenname faana bu'uun keeyyata ijaaruudha.

**Deebii(A)**

1. 5   2. 3   3. 7   4. 2   5. 1   6. 6   7. 4

**Deebii(B)**

Himoota ijoo 'B' jalatti kitaaba barataa keessatti dhiyaatan faana bu'uun keeyyattoota barreessuun nidanda'ama. Barattoonnis bifa garaagaraatiin barreessanii dhiyeessuu danda'u. Hima ijoo san jijjiiruu garuu hindanda'an. Barsiisaa, atis keeyyata mataa keetii hima ijoo sanarratti qopheeffattee isa kan barattootaa madaaluun siifis ta'ee barattoota kee ogummaa barreessuu keessaa qajjiisa tokko horachiisaa jirta jechuudha. Kanaafuu, akka barreessaniif haala mijeessuun kee gumaacha guddaa qaba.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Garaagarummaan dhiiraafi dubartii naannoo keetti agarsiisan hidhata garaagaraa qabaachuu danda'a. Isaan keessaa tokko hidhata aadaafi hawaasaa isa qabudha. Akka barmaatilee jirutti garaagarummaa dhiiraafi dubartii gidduu jiru addaan baasii barreessi. Garaagarummicharratti gartummaan kee maal akka fakkaatus ibsi.
2. Fufiin maali?
3. Akaakuuwwan fufiilee Afaan Oromoo tarreessuun fakkeenya kenni.
4. Himoota dhiyaatan seera loojikii eeguun sirreessuuf garamii garamitti deemna?
5. Lubbu-qabeeyyiifi sagalee isaanii tarreessuun agarsiisisi. Fakkeenya armaan gadii hordofi.

| **Lubbu-qabeeyyii** | **sagalee** |
|---|---|
| Saree | dutuu |
| Wkf | wkf |

6. Bakka himni ijoo keeyyata tokkoo itti argamu fakkiidhaan agarsiisi.
7. Garaagarummaan fufii yaasaafi hortee maali?
8. Jechoota armaan gadii keesaa fufiilee horteefi uumamtee baasi.

   a. hindeemne

   b.nyaateera

   c. namoota

   d. barsiisummaa

   e. murate

9. Caalaan buna **tume**.

   Jaarsi seera **tume**.

   Jechoonni gurraacheffamanii dhiyaatan hiikaan adda adda. Garaagarummaa kana kan fide maali?

10. Saame jedhee ‘saamicha’ yoo jedhe, uffate jedhee maal jedha?

## 5. Madaallii

Adeemsawwaniifi shaakaloota boqonnaa kanaa keessatti dhiyaatan keessa darbuun ogumaawwan barattoonni akka gonfatan barbaadame mirkaneeffachuun barbaachisaadha. Kanaafuu, barattoonni kee ogummaa dubbisuu, ogummaa caaslugaa, ogummaa barreessuufi ogummaa jechootaa horachuu isaanii gaaffiiwwan garaagaraa dhiyeessuun mirkaneeffachuun barbaachisaadha. Kanaafis barreessuun barreessuu, dubbisuun dubbisuu shaakalsiisuu keefi shaakaluu barattootaa mirkaneeffachaa ogummicha gabbifachuu isaanii addaan baafadhu. Fufiileenis akaakuu garaagaraa akka qabaniifi bakkaanis ta’ee tajaajilaan garagarummaa qabaachuu hubachuu barattootaa madaali. Jechootas galumsarraa hubachuun akka danda’amuufi yaadolee callaas ta’ee yaadolee ijoo dubbisa tokkoo tooftaalee dubbisaa garagaraatiin argachuun akka danda’amu hubachuu barattoota keetiis addaan baafadhu.

# BOQONNAA 5: EENYU HAAFUUDHU? (WAYITII 8)
## Dheerina wayitii tokko 40’

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana jalatti shaakaloonniifi gilgaalonni dhiyaatan ogummaawwan garaagaraa gabbisuurratti xiyyeeffatu. Akka bu’uuraatti ogummaawwan dubbisuufi barreessuu dhiyaatanii jiru. Isaan kana dawoo taasifachuun ammoo, ogummaawwan kanneen akka caaslugaa, jechootaa, afoolaa akka gabbifatan gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Hunduma haalaan gabbifachuun kan danda’amu yoo barsiisaafi barattoonni dammaqinaan hojicha keessatti hirmaatanidha. Gilgaalota ogummaawwan kana gabbisan jalatti gaaffiiwwan dhiyaatan, deebii garaagaraa qabaachuu malu. Kan qajeelcha barsiisaa kana keessatti dhiyaates isaan keessaa tokko ta’uu danda’a. Atiifi barattoonni kees karaa garaagaraa ilaaluun deebisuu dandeessu. Hundayyuu walitti qabuun gara hubannoo waliigalaa tokkotti barattoota kee qajeelchuun ga’ee keeti. Kanaafuu, barsiisaa, barattoonni dammaqinaan akka hirmaatan, hoj-daree, hoj-manee garagaraa kennuun shaakalsiisi.

## 1. Kaayyoo: Xumura barannoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ergaa durdurii dubbisanii himu.
- yaada rarra’ee hafe, tokko xumuru.
- hiika jechootaa kennu.
- walsimannaa matima, aantimaafi gochimaa addaan baafatu.
- malleen dubbiifi gosoota isaa balbalIoomsU.
- qaamoleefi caasaalee keeyyataa addaan baafatu.
- geerarsa gootaa qaaccessu.

## 2. Qabiyyee

- Yaada rarra’ee hafe xumuruu
- Qaamoleefi caasaa keeyyataa
- Wal-simannaa matima, aantimaafi gochimaa
- Malleen dubbiifi gosoota isaanii
- Geerarsa gootaa

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

Qabiyyeewwan boqonnaa kana jalatti dhiyaatan haalaan hubachuufi ogummaawwan akka barattoonni gabbiifatan barbaadame bira ga'uuf malli barsiisaan itti gargaaramu iddoo guddaa qaba. Barattoonni dubbisa dhiyaate callisaafi dhuunfaan dubbisuun ergaa isaarratti gareen mariyachuu qabu. Yaada marii kanas dabaree dabareen dareedhaaf gabaasuun akka yaanni gareewwanii hunda bira ga'u taasisa. Shoora guddaa kan taphatan barattootaa ta'aniillee, barsiisaanis akka miseensa gareetti hirmaachaa yaada kaasaa, gaaffiiwwan agarsiistuu dhiyeessaa haala mijeessa. Kanaafuu, barsiisaa, akka miseensa garees ta'ee akka qindeessaatti barattoota kee waliin waan jirtuuf, kutannoofi ciminni kee yoo itti dabalame bu'aa guddaa buusta abdii jedhu qabna.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

### Deebii(AfiB)

Gulantaan dubbisuu kun akka barattoonni beekumsa isaanii gara mata duree dubbisichaatti fiduun dubbisuurratti fedhii horatan taasisu, Kanaafuu, gaaffiiwwan 'A' jalatti (1-3) kitaaba barataa keessatti dhiyaatan irratti barattoonni gareedhaan mariyaatanii akka afaaniin gabaasan taasisi. Ati deebii ykn yaada jaraa harkaa fuudhuu, qajeelchuu malee, "kanatu sirrii, kanatu dogoggora" jechuurraa of qusadhu. Gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan irratti mari'achiisuun fedhii isaanii erga kakaaftee booda, waa'ee maalii dubbisuuf akka qophaa'aa jiran tilmaamsisi. Itti aansuun jechoota dubbisanii hubachuuf gufuu itti ta'uu danda'u jedhamuun 'B' jalatti dhiyaataniif hiika isaanii akka tilmaaman taasisi. Hiika jechoota kanaa garuu banaatti dhiisuun gaarii hinta'u. Sababni isaa yoo dogoggoran hubatan, hubannoo isaanii maksuu waan danda'uuf. Hiikni jechoota kanaas akka kanaa gadiitti ta'uu danda'u.

1. Waan tokko qabuuf ykn ajjeessuuf barbaacha taasifamu. Namichi gochaa kanarratti bobba'e ammoo adamsiituu jedhama.
2. Rukutee lafaan iddee, ajjeese.

3. Heddummeessuu
4. Kan deebi’ee hinargamne, kan dhumeef,

**Deebii Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

**Deebii(A)**

Gulantaan dubbisuu kun akka barattoonni yaada ijoo waan dubbisuuf deeman sana argatan taasisa. Kanaafis kitaaba barataa keessatti gaaffiin yaada dimshaashaa kana argachuuf gargaaran dhiyaatanii jiru. Gaaffiiwwan kana deebisuuf akka barattoonni kee keeyyata seensaaf keeyyata goolabaa ariitiin dubbisan taasisi. Kana taasisuufis dursanii akka gaaffiiwwan sana qalbeeffatan haala mijeessi. Deebii isaan kennan irrattis daree guutuu waliin mariyadhu.

Akkuma barattoonni yaada ijoo dubbisichaa argataniin gaaffiiwwan shaakala yeroo dubbisaatiif ‘B’ jalatti kitaaba barataa keessatti dhiyaatan akka qalbeeffatan yeroo murtoofte kenniif. Kana booda, akka barattoonni dhuunfaatti callisanii dubbisan taasisi. Yeroo barattoonni kee dubbisanis irra deemiitii to’adhu. kun ammoo, haala dubbisuu isaanii addaan baafachuun tarkaanfii fudhachuuf si gargaara. Tarkaanfiin kunis, barattoonni hasaasaa, quba dubbisarra butaa, akkasumas, waan biraa hojjetan daandiitti akka deebi’an taasisuudha. Gulaantaan dubbisuu kun odeeffannoo callaa argachuuf waan ta’eef suuta dubbifamuu qaba. Kunis gilgaala yeroo dubbbisaatiif qophaa’e deebisuuf shaakala dubbisuu taasifamudha.

**Deebii(B)**

1. Soba 2. Soba 3. Soba 4. Dhugaa 5. Soba

**Deebii(C)**

| | |
|---|---|
| 1. itti yaadamee | 4. mul’isa / saaxila |
| 2. garaa | 5. galaafatame |
| 3. suuta/dhawaata | 6. golgola |

**Deebii(D)**

| | |
|---|---|
| 1. kara deemtuu | 4. kottaa’an |
| 2. gufufe | 5. fagoo |
| 3. jalqabe | 6. caama |

**Deebii(E)**

.
1. galgala maayii
2. guddaa
3. adii weecaa
   - waashaa
   - shaashoo
   - qaanqee
4. ximboo rukute
5. huccuu moofaa, gate, buuse, haphii
6. biluu, dhiiga
7. Ija-muree
   - jabeessa
8. Ilkaan -adii
   - badheessaa
   - aannan
9. Kara-deemaa
10. daga-qaxxaamura

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Shaakalli gulantaa dubbisa boodaa akka barattoonni isa shaakala dubbisa duraa keessatti tilmaaman, kan shaakala yeroo dubbisaa keessatti argatan muuxannoo isaaniitiin waliin qabsiisuun yeroo itti madaalaniidha. Kanaafuu, gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan deebii garagaraa argachuu danda'u. Deebii barattoota hundumaa harkaa fuudhuun akka  isaan yaada walii isaanii deggeran, morman taasisi .

## Barannoo 2:  Caasluga

### Gilgaala 4: Shaakala Wal-simannaa Matimaa, Antimaafi Gochimaa

Afaan tokko caasaa qaba. Caasaan kunis sadarkaa garaagaraatti ilaalamu danda'a. Sadarkaaleen balballoomsaa, Afaan Oromoo xinsagaa kaasee hanga xinhimatti maal akka fakkaatu Addunyaa ( 2010 ) ibsee jira. Sadarkaalee kanatti caasaa afaanichaa kan to'atus caasuluga jedhama.

Caasluga afaanichaa keessaa duraa-duuba jechootaa, sadarkaa himaatti, kan to'atu isa tokko. Jechoonni Afaan Oromoo duraa-duuba amala afaanichaa bu'uureffateen hiriiru. Kun ammoo, jechoonni afaanichaa keessatti bakka isaanii qabame akka qaban agarsiisa. Akka walii galaatti, hima tokko keessa buufata bu'uuraa sadiitu jiru. Isaanis buufata matimaa, buufata aantimaafi buufata gochimaa ta'u.

Matimni kana gocha raawwate ykn kan waa'een isaa dubbatamu yoo ta'u,

jechoonni bakka kana buufatanis maqaafi bamaqaa ta'u. Aantimni ammoo, kan gochaan irratti raawwatame yoo ta'u bakkicha kan buufatus yeroo baay'ee maqaadha. Gochimni kan gocha raawwatame ilaallatudha. Afaan Oromoo keessatti bakki kun yeroo hunda gochimaan qabama.

Qaamoleen himaa olitti dhiyeessine sadan hima kennataa (well-formed) ta'e tokko ijaaruuf wal-simannaa qabaachuu qabu. Kun ammoo, wal- simannaa lakkoofsaan, maayiin, koorniyaafi wkf ta'uu danda'a. Wal-simannaa kanarra haalaan xiyyeeffachuun, wal-quunnamtii taasisnu tokkoon milkaa'ina gonfachuuf gargaara.

**Deebii(A)**

1. Matima- Jaarsaatfi jaartii
   Aantima- gorsa
   Gochima- laatan
2. Matima Tufaan
   Aantima Kitaaba
   Gochima barresse
3. matima- bishaan
   antima- muka
   gochima- yaabe
4. Matima- ijoollee warra jajjaboo
   aantima- maatii
   gochima- quubsan
5. Matima- Obsee
   aantima - qoraan
   gochima cabsite

**Deebii(B)**

2. dogoggora lakkoofsaa:
   -Caalaan obboleettii isaa waliin waamame.
3. dogoggora matimaafi gochimaa:
   Barsiisaan keenya hojmanee nuuf kenne
4. dogoggora lakkoofsaa:
   Mucaan harma hodhe.
5. lakkooffsaa
   Osoo ijji isaanii ilaaluu wayyaa bite.
6. dogoggora maayii (maqlaalee)
   Tolaan gaangeedhaan deeme.

## Barannoo 3: Afoola

Afoolli damee ogumaa ta'ee afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbudha. Afoola jechi jedhus 'Afaaniin oola' gaalee jedhurraa jechoota adeemsa suphaatiin uumame. Gosoonni afoolaas hedduudha. Isaanis mammaaksa, sheekoo ( oduu durii), eebbaafi abaarsa, ciigoo, malleen dubbii, geerarsa hibboofi wkf maqaa dha'uun nidanda'ama. Barannoo kana jalatti xiyyeeffannoon malleen dubbiifi geerarsarratti ta'a. Malleen dubbii jechuun karaalee ykn tooftaalee waan tokko miidhagsuufi suura sammuu namaa keessatti kaasudha. Akka Edwards(2009) jedhutti , "painted words and phrases," jechuun akka wanti halluu dibame tokko ija fuudhu. Jechoonniifi gaaleewwan malleen kanaan dhiyaatan yaada namaa hawwatu jechuudha. Gosoonni malleen dubbii hedduudha. Isaan keessaa muraasni akkasaa, iddeessaa, nameessaa, eemitii, arbeessaa, habalaka, wal-qabsiisuufi wkf ta'uu danda'u. Akkasaan mala wantoota lama waliin dorgomsiisuudha.

Fkn,

- Sangaan isaa amma roobii ga'a.
- Mucaan isaa isheen quxisuun akka aduu ifti.
- Maddiin ishee bunuutii fakkaata

Iddeessaan ammoo, gosa malleen dubbii ta'ee waan tokko bakka waan biroo buusuun keessootti akka wal-dorgoman taasisa. Adda addummaan inni akkasaarraa qabus bakka amala waan sanaa buusuuf tajaajiluu isa ta'a.

Fkn

1. Oromoon leenca.
2. Haati warraa Caalaa simbira.
3. Gamtaan billaacha.

Akkuma fakkeenya kanarraa agarru amalli Oromoon bakka amala leencaa, amallii haadha warraa Caalaa bakka simbiraa, amalli Gamtaa bakka amala billaachaa bu'uun cimina yeroon ka'uufi fiigichaa agarsiisu.

Malli dubbii biraan ammoo nameessaadha. Nameessaan lubbu-qabeeyyii ykn lubbuu-maleeyyiin amala namaa gonfachiisuun akka namaatti dubbachiisuu, dheebochuufi wkf taasisuu ilaallata.

Fkn

1 “Shantamni dhalus, dorrobu, koo qiraaciitti,” jette adurreen.

2. “Kan garaa keenyaa malee, kan maqaa keenyaa yoom nu dhibe,” jedhe waraabessi.

Fakkeenya kana keessatti akka namaatti dubbachuun amala isaa kan gonfatan adurreefi waraabessa.

Arbeessuun ammoo waan tokko garmalee ol kaasuu ykn garmalee gad-buusuun agarsiisuudha.

Fkn.

1. Fincaan isaanii lolaa ta’ee bubbisa.
2. Dheeraa Waaqa ga’udha
3. Xiqqaatee amma injijjiitti gale.

Habalaknis malleen dubbii keessaa tokko ta’ee waan tokko faallaa isaattiin ibsuu ilaallata.

Fkn.

1. Nama gurraachaan, “Faranjichi dhufe”
2. Nama gabaabaan birbirsoo agartani?

**Gilgaala 5: Shaakala Malleen Dubbii**

**Deebii(A)**

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| 1. | akkasaa | 4. | iddeessaa | 7. | akkasaa |
| 2. | nameessa | 5. | iddeessaa | 8. | kineessuu |
| 3. | eemitii | 6. | akkasaa | 9. | iddeessa |
| 10. | iddeesaa | | | | |

**Deebii(B)**

1. D 2. A 3.C 4.B 5. F 6. E

**Gilgaala 6: Shaakala Geerarsa Gootaa**

Gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti (1-6) jalatti dhiyaatan akka barattoonni geerarsa dhiyaate qaaccessuun ergaa isaarratti mari’aatan affeeri. Kanaafuu ,barattoonni ergaa geerarsichaa karaa adda addaa qaaccessuu danda’u.

Qaaccessi asitti taasisnus kan atiifi barattoonni kee taasistan keessaa isa tokko ta'uu mala.

Geerarsi (1) n bakka bu'e kan ajjeessaati. Yoomessi geerarsichaas biyya keenya keessatti bineensa gurguddoo kanneen akka gafarsaafi leencaa ajjeessuun yeroo dhorkaa turetti. Geeraraan sunis, leenca ajjeessuun geerare. Kanas kan hubannu, "Leenca anfaarroo fixeensa" jechuun kan toora walalichaa isa jalqabaarratti dhiyaaterraati. Namichichi yoo geeraru mootii bineensaa ta'uu isaa baqatees, dhokatees ba'uu dadhabuu isaafi muddamni itti dhufnaan ajjeesuu ibsa. Ajjeesuu isaatiif kan isa gaafachiisu akka ta'e, fuula seeraa dhaabachuun isaas kan hinoolle ta'uu toora walaloo "Fuula daanyaattan geessa," jedhuun nu hubachiisuu yaala. Kanaafuu, osuma dhorkaa ta'ee jiru garaa qe'ee dhufuun bakkee keessatti dubartoota biratti miidhaa geessisuuf yoo carraaqu ajjeessuun lubbuu hedduu baraaruun isaa duuba geerarsicharraa nihubatama. Akka aadaa Oromootti bakka dubartiin jirtutti wantoota cicimoo akkasii dheessuun qaanii ta'uu isaas ni'ibsa.

Geerarsi (2) n bakka bu'e ammoo, bineensa ajjeesuun faayidaa akka hinqabne ibsa. Geerarsicha keessatti 'gurraa' kan jedhame gafarsa. Gafarsa ajjeessuun dibachuun, gaafa namichi ajjeesaan sun du'e faaccoo isaa karaatti baasuun fannisuuf malee, midhaan ta'ee du'a nama hinoolchu. Kanaafuu, bineensa ajjeesuurra midhaan dhiibanii galchuun kaloofi maatii ofii misoomsuu jechuun geerara. Yaada kanas " dilbiifi birrii horanna" jechuun, isaanis kan du'aa fayyisaniiti, nama furdisan ta'uu isaanii geerarsicha keessatti ibsamee jira.

Barsiisaa, qaaccessa geerarsa gilgaala(6) jalatti dhiyaate kanaan ol ta'uu mala. Gaaffiiwwan gilgaalicha jalaa yaada qaaccessichaa keessaa hinba'an. Gaaffiiwwan ( A, fi B) jalaa haalaan dubbisuun barattoota kee waliin dammaqinaan hojjedhu. Geerarsa dhiyeessiitii akka qaaccessan taasisi. Geerarsa akka dhiyeessan taasisuunis qaacceessiisi. Gama hundaanuu ergaa isaarratti xiyyeeffadhu.

## Barannoo 4: Barreessuu

### Gilgaala 7: Shaakala Keeyyata Barreessuu

Barannoo kana jalatti barattoonni keeyyata barreessuu shaakalu. Keeyyanni yaada ijoo tokko babal'isuuf, ibsuufi gabbisuuf adeemsa taasifamuudha. Innis qaamolee guguddaa sadii qaba. Qaamoleen kunis, hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa ta'u.

Himni ijoo hima yaada handhuura ta'e kan himoota gargaartuun babal'atu qabee jirudha. Himoonni gargaartuun garuu, yaada hima ijoo keessatti dhiyaate karaa adda addaa babal'isuu kan danda'anidha. Kunis fakkeenya kennuun, ibsuun , qoqqooduufi wkf kan dhiyeessun ta'a . Himni goolabaan garuu, yaada hima ijoo keessatti tuqame, kan himoota gargaartuun ibsame walitti qabee guduunfa.


**Deebii(A, B, Cfi D)**

1. Hima ijoo –Tartiiba armaan gadii yoo hordofte xaafii facaasuu dandeessa.
2. Himoota gargaartuu,
   - Jalqaba lafa siif ta'u filattee qulqulleeffatta.
   - Itti aansuun gindii (nooyee) ciisaa, maarashaafi babadde dhumtuun ija keessa ilaalte baqaqsita.
   - Bukoo isaa eegdee galgalchita.
   - Sana booda babattee, maarashaafi hordaa haaraadhaan ija keessa ilaaltee besselta.
   - Erga beeseltee booda nimeesta.
3. Hima goolabaa

Adeemsa armaan olii kana haalaan hordofnaan xaafii fincaan fardaa fakkaatu galfachuu dandeessa. Keeyyaticha fakkiidhaan yoo agarsiifnu akka kanaan gadiitti ta'uu danda'a.

**Hima ijoo jalqabarratti argamu**

Barsiisaa, gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti gilgaala kana jalatti dhiyaatan fakkeenyuma kana faana bu'uun shaakalsiisi. Hubannoon ati bakka kanatti barattoota kee qabachiiftu barreeffama dheeraa tokkoon jireenya dhugaa keessatti qunnamtii uumuu akka isaan danda'an gargaara.




## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Yaada rarra'ee hafe tokko akkamiin xumurra?
2. Afaan Oromoo keessatti matimniifi gochimni wal-simannaa yoo dhaban rakkoo akkamiitu mudata jettee yaadda?
3. Akaakuun malleen dubbii kam fa'i?
4. Akkasaan maaliin iddeesaarraa addaan ba'a?
5. 'Aduu baasaa rooba' yoo jennee akaakuu malleen dubbii keessaa isa kamiin bakka bu'a?
6. Qaamolee keeyyataa tarreessuun tajaajila isaanii ibsi
7. Caasaalee keeyyata addeesaa addaan baasii barreessi.
8. Geerarsi gootummaa maaliin kannen biroorraa adda ta'a?

## 5. Madaallii

Boqonnaa kana jalatti hubannoo barattoonni kee horatan madaaluuf kaayyoowwan dhiyaatan bu'uura taasifachuun barbaachisaadha. Barattoonni kee ergaa dubbisa dhiyaatee hubachuu isaanii, yaada rarra'ee hafe karaa loojikawaa ta'een xumuu danda'uu isaanii, hiika jechootaa addaan baafachuu, wal-simannaa matimaa, gochimaafi aantimaarratti wantoota dhiibbaa geessisan addaan baafachuu, malleen dubbii garagaraa qaaccessuufi fakkeenya kennuu danda'uufi geerarsa tokko qaaccesuu danda'uu isaanii madaali.

# BOQONNAA 6: ADDUNYUMMAA (WAYITII 8)
## Dheerina Wayitii tokko 40’

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana jalatti dhimmoota hawaasaa addunyumaan hidhata qaban xiinxalaa. Dhimmoota afaanii ammoo kanneen akka hiika jechootaa, gaaleefi gosoota isaan akkasumas, ciroofi gosoota isaa, akkamitti akka addaan ba’an ilaala. Kanaafuu, carraaqqiin ergaa dubbisichaafi caacculee afaanii kana hubachuuf taasifamu keessatti ga’een barsiisaafi barattoonni taphatan galma ga’uu kaayyichaatiif iddoo guddaa qaba. Egaa, gilgaalota hundumaa dammaqinaan hirmaachuufi hirmaachisuun gahee barsiisaati.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ergaa dubbisaa dhiyaatee addaan baasu
- jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika laatu.
- gaaleefi gosoota isaa xiinxalu
- ciroofi gosoota isaa balballoomsu.

## 2. Qabiyyee

- Ergaa dubbisaa
- Hiika jechootaa
- Gaalee
- Akaakuu gaalee
- Miseensa gaalee
- Ciroo
- Maalummaa ciroo
- Akaakuu ciroo

## 3. Mala Baruu- barsiisuu

Boqonnaa kana jalatti gilgaalonni kitaaba barataa keessatti dhiyaatan irra caalaa akka barataan shaakaluuf. Kanaafuu, shaakala dubbisa duraa kan “Barannoo 1” jalatti dhiyaatee eegalee hanga isa dhumaatti barataan shaakaluu qaba. Shaakalli dubbisuun duraa akka barattoonni muuxannoo isaanii gara mata durichaatti fidatan taasisuurratti xiyyeeffata. Kitaaba barataa keessatti gaaffii dhimma kana

ilaalchisee dhiyaateef deebii barattoonni kennan hunduma isaa harkaa fuudhuun qajeelchi malee "kun sirrii kun ammoo dogoggora" jechuurraa of qusadhu. Hiika jechoota dubbisicha keessatti gufuu ta'an akka tilmaaman haala mijeessuun ga'ee barsiisaati. Shaakalli yeroo dubbisuu ammoo, akka barattoonni yaada walii galaafi yaadolee callaa dubbisichaa argatan taasisa. Kanaaf ammoo, keeyyata seensaafi keeyyata goolabaa bakka yaanni cunqaa'ee itti argamu ariitiin akka dubbisan taasisi. Sana booda, deebii gaaffiiwwan callisaan dubbisuu isa jalqabaa jalatti dhiyaate irratti akka mariyatan taasisi. Gaaffiiwwan kitaaba barataa gilgaala 2(B) jalatti dhiyaatan yaadaan qabuun callisaafi dhuunfaan dubbisuun deebii isaaniirratti akka mari'atan taasisi.

## Barannoo 1: Dubbachuufi Dubbisuu

### Giggle 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

**Deebii(A)**

Addunyummaan namoota aadaafi daangalee garagaraa keessa jiran karaa wal-quunamtii, geejjibaafi daldalaatiin walitti fiduun ilaalcha waliigalaa tokko akka qabaataniifi sirna tokkoon akka bulan adeemsa taasisudha. Bu'aan isaas bilisaan biyyoota garaagaraa keessa socho'uun daldaluu, odeeffannoo, meeshaaleefi tajaajiloota aadaafi hawaasa garaagaraa keessatti oomishame haala salphaan uummata halaala jiran biraan ga'uu, biyyoota sooreyyiirraa gara biyyoota hiyyeeyiitti qabeenyaa sochoosuun hojii investimentiirratti bobba'uufi wkf ta'uu malu. Wal –caalmaa hawaasaafi aadaa cimsuun, eenyummaa naannoo dhabamsiisuun, aangoo harkaa namoota muraasaatti kennuufi wkf ammoo miidhaa isaa ta'uu mala.

**Deebii(B)**

Gaaffiiwwan 1fi 2n deebii 'A' jalatti kennameen waan wal-fakkaatuuf isa ilaaluun nidanda'ama.

3. Addunyummaan garaagarummaa dhiphisuun ilaalcha waliinii babal'isa. Ilaalcha waliinii qabaachuun ammoo, gara addunyummaatti geessa.
4. Achi-as dhufni yaadrimee addunyummaa bakka sadiitti qooduun ilaaluu

dandeenya. Isaanis Waraana Addunyaa duraa, yeroo waraana Addunyaafi Waraana Addunyaa booda. Waraana Addunyaa I dura addunyummaan akka

gaariitti misee ture. Haalli kun jijjiiramuun garuu yeroo waraana Addunyaa akka ilaalchi addunyummaa nama keessaa badu sochii garaagaraa taasifamaa ture. Waraana Addunyaa booda ammoo haalli jijjiiramee, kanneen danqaraa taa'aa turan qalbii jijjiirrachaa ilaalchi addunyummaa duraan dhaame ture akka qabatu yeroo itti taasisanidha.

5. Waraana Addunyaa II booda biyyoonni bilisummaa isaanii argatan daldalaafi sochii biyyoota biroo keessatti taasisan laaffisaa, meeshaalee alaa galan kan bakka bu'u biyya keessatti qopheeffachaa deeman. Biyyoonni kaan ammoo, dinagdee addunyaa keessatti hirmaachuurraa of qusatan. Haallan kun akka isa Waraana Addunyaa duraatti deebisuutti gufuu ta'an.

Ogummaan jechootaa tooftaa ittiin barattoonni hiika jechoota haarawaa hubatanirratti xiyyeeffata. Hiikni jechootaa galumsarraa, galmee jechootaa keessaa, aadaarraafi wkf irraa argamuu danda'a. Barannoo kana jalatti kan barattoonni shaakalan hiika isaan galumsarratti qabaniif jechoota waliin deeman waan ta'eef, akkaataa isaan itti shaakaluu danda'anirratti haala mijeessuun ga'ee barsiisaati . Haalaan kana keessaa inni tokko gareen qooduun hojjechiisuudha. Hojii gareetiin dura garuu akka barattoonni dhuunfaan irratti yaadan taasisi.

C. 1. Soba 2. Soba 3. Soba 4. Soba 5. Soba

**Deebii(D)**

1. cooma - gumaa / muraa tokko
2 booka – uuroo /otee /ullee tokko
3. sujaaraa- baakkoo tokko
4. damma- faraasillaa /qaandii/kiiloo/kubbaayyaa/qalqala tokko
5. xaafii – daawullaa /keeshaa/tokko
6. qoraan – ba'aa /muka tokko
7. buna – jabanaa / shinii /kiiloo/ faraasullaa tokko
8. foon – gumaa / kiiloo tokko, muraa tokko
9. boqqolloo – muka/kiiloo/daawullaa/ keeshaa /tokko
10. jaldeessa- kootama /qeenee tokko

**Deebii(E)**

1. ciidha fixachaa deemti.
2. uumame, horatame
3. muxe biqile
4. halluu faallaa adii ta'e kan bifa colaatti qabu
5. Marartuu, garraamii,

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Deebii gaaffiiwwan shaakala kana jalatti dhiyaatan akka barattoonni isa duraan tilmaaman cimsachaa, isa yeroo dubbisaa argatan muuxannoo isaaniitiin waliin qabsiisanii yeroo itti mirkaneeffatan, itti madaalaniifi ittiin of ilaalanudha. Kanaafuu, kan duraan beekan, kan dubbisanii argataniin walitti fiduun hiika boriif isaan fayyadu tokko yeroo itti addaan baafataniidha. Gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti dhiyaataniif deebiin garaagaraa kennamuu danda'u. Kanaafuu, barattoota kee waliin dammaqinaan irratti mari'achuun akka hubatan taasisi. Bakka barbaachisutti keeyyata dhimmichaan wal-qabate irraa deebi'anii dubbisuu danda'u.

## Barannoo 2: Dubbachuu

### Gilgaala 4: Shaakala Falmii

Falmiin tooftaa ittiin ogummaan dubbachuu kallattiidhaan gabbifatamu waan ta'eef barattoota garee lamatti qooduun mata-duree kitaaba barataarratti kenname shaakalsiisi. Atis akka abbaa seeraatti ta'uun gareen kam dubbatee amansiisuuf akka carraaqe, madaali. Sana dura garuu falmiin yaadoleefi ragaa qabatamaa dhiyeessuun amansiisuuf adeemsa taasifamu ta'uu itti himi. Haala kanaan ija jabina horachaa ogummichas gabbifachaa deemuu danda'u.

## Barannoo 3: Caasluga

### Gilgaala 5:Gaaleefi Ciroo

Barannoon kun galeefi ciroorratti xiyyeeffata. Isaan kunis xinima ( saayinsii keessaa himaa sakatta'u ) jalatti xiinxalamu. Gaalees ta'ee ciroon sadarkaa itti walirraa oolan ni qabu. Haa ta'u malee, hiikaanis ta'ee caasaan garaagarummaa qabu. Akka Addunyaa ( 2010 ) ibsetti, gaaleen wal-hammannaa jechootaa kan

hojii tokkoof dhaabbatan, kan waliin socho'an, kan waan tokkoon bakka bu'uu danda'an ta'uu isaanii, ciroon ammoo, tuuta jechootaa kan yoo xiqqaate gochima of keessaa qabu ta'a. Caasaan gaalees isa kan ciroorra xiqqaa akka ta'es ni'ibsa. Gaaleen caasaa jecharraa guddaati haajennu malee, yeroo jechaan walirra oolus niqaba. Afaan Oromoo keessa garee jechootaa gurguddaa afurtu jiru. Isaanis maqaa, maqibsa, durduubeefi gochima ta'u. Isaan kunis gaalee gurguddaa afur ijaarratu. Kanaafuu, baay'inni garee jechoota kanaafi gaalee keenyaa wal-qixa jechuudha.

Gaaleen tokko yoo baay'ate miseensota maqaafi tajaajilaan garaagara ta'an sadii qabaachuu danda'a. Isaanis mataa, miiltoofi murteessituudha. Mataa dura bu'aa ykn handhuura caasaa gaalee jedhame tokko yoo ta'u gosoota gaaleerratti hundaa'uun bakka argama isaa jijjiirrata. Fakkeenyaaf, kan gaalee maqaa dura caasichaa yoo ta'u, kan gaalee gochimaa ammoo dhuma caasichaarra ta'a. Gaaleewwan Afaan Oromoos garee jechootaa afran irraa ijaaraman afur yoo ta'an hundinuu miseensota kana qabaachuu danda'u. Miseensa gaaleewwan kanaa keessaa inni biraa ammoo miiltoodha. Miiltoon mataa galee ilaalchisanii odeeffannoo dabalataa kanneen nuuf kennaniidha. Isaanis mataa gaalichaa waliin hidhata qabaniin wal-caaluu dhanda'u. Kanneen hidhata guddaa qaban matichatti aananii yoo galan kaawwan ammoo miiltoo kanatti aananii galuu danda'u. Kun bakka miiltoowwan tokkoo ol ta'anii argamanitti.

Murteessitoonni garuu miseensota gaalichaa hangaan, lakkoofsaan, akeekuudhaan, sadarkaafi wkf daangessu.

Fkn.

1. Sangaan foonii diimaan sun
2. Barumsaan cimtuudha

Gaaleewwan kanaan olii yoo ilaalle, gaaleewwan miseensota garaagaraa qabanidha.

1. Sangaan foonii diimaan sun [Gaalee maqaa]

Mataa  Miiltoowwan  murteessituu

Hidhataan cimaa  Hidhannii laafaa

2. Barumsaan cimtuudha [Gaalee gochimaa]

Miiltoowwan  mataa

Hidhata cima mataa waliin qabu.

**Deebii(A)**

1. Gulummaan  
   Konkolaataa fe'umsaa  
   Konkolaataa fe'umsaa qaba. (Ciroon qixa)
2. Oromiyaan  
   qabeenyaa uumamaatiin badhaatuudha. Ciroon qixa  
   qabeenyaa uumamaa.  
   badhaatuudha  
   qabeenyaa uumamaa
3. Barattoonni  
   warri jeeqan adabaman.
4. Sagaan diimaa guddaa kaleessa argine sun  
   kuma shanitti gurgurame -ciroo of danda'aa.  
   kuma shan  
   sangaan diimaa guddaa
5. Barumsaan $1^{ffaa}$ ba'e= ciroo of danda'aa
6. Abdiisaa  
   Mana barumsaa  
   Mana barumsaa deeme-ciroo qixa

7. Barnootaa Afaan Oromoo
   duudhaa Oromoo
8. mana kitaabaa
   mana kitaabaa ijaare- ciroon qixa ijaare.
9. gaalee

10. Hamma manaatti geggeesse.ciroo qixa

**Deebii(B)**

Gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti 'B' jalatti dhiyaatan ibsa olitti kennameefi deebii "5A" jalatti dhiyaate faana bu'uun deebisuu akka yaalan taasisi.

**Deebii(C)**

1. G, E, D 2. F 3. A 4. C. B

**Deebii(D)**

| Gaalee maqaa | Gaalee gochimaa |
|---|---|
| 1. Qabeenya biyyaa | - kunuunfamuu qaba. |
| 2. Barsiisaafi barataan | - waliin hojjechuu qabu |
| 3. Naamusa gaariin | - hawwii keenya |
| 4. Ambaalee seenaa | - Kunuunfamuun dhalootaafi darbuu qabu. |
| 5. Barnoonni | - bu'uura guddinaati |

**Deebii(E)**

1. [ashaboo quroo tokko] gaaleen maqaa miiltoo gaalee gochumati,
2. [akka Daraartuu fiigichaan cimtuu] gaalee maqibsaa miiltoo gaalee gochimaati.
3. [Fayyaaf gaarii] gaalee maqibsaa miiltoo gaalee gochimaati.
4. [warri barumsaan ciccimoon] gaalee maqibsaa miiltoo gaalee maqaati.
   [Ijoollee abbaa tokkoo] gaalee maqaa miiltoo gaalee gochimaa
5. ( qalloo magaalaa ) gaalee maqibsaa miiltoo gaalee maqaati

**Deebii(F)**

1. Kan barana nuugiin irraa gale- ciroo hirkataa
   - Oyiruun bara dhufuuf waan xaa'omeef- ciroo hirkataa
   - Xaafii gaarii baasa - ciroo of danda'aa.
2. Biyyarraa diina qolate – ciroo of danda'aa
3. Huccuun jirbiirraa dha'ame, - ciroo hirkataa
   - Qorraaf gaariidha – ciroo of danda'aa
4. Oromiyaan qilleensa gaarii waan qabduuf
   - jireenyaaf gaariidha – ciroo of danda'aa
5. Misoomarratti waliin hirmaachuun – ciroo hirkataa guddina biyyaatiif gaariidha - ciroo of danda'aa

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

1. Dhiibbaafi bu'aan addunyummaa maali?
2. Ulaagaafi amaloota gaaleewwan Afaan Oromoo tarreessi.
3. Miseensonni gaalee Afaan Oromoo kam fa'i?
4. Mataan gaalee maqaa maaliin kan gaalee gochimaarraa adda ta'a?
5. Ciroon maali?
6. Akaakuu gaaleefi ciroo addaan baasii barreessi.

## 5. Madaallii

Barattoonni dhimmoota addunyummaa ilaalchisanii dhiyaatan addaan baafachuu isaanii mirkaneeffadhu. Kana cinatti, ogummaawwan dubbisuu, dubbachuu, barreessuu, caaslugaafi wkf gabbifachuu isaaniis madaali. Caasluga keessaa gaalee, miseensa gaalee, akaakuu gaalee, ciroo, akaakuu ciroofi wkf addaan baafachuu isaanii mirkaneeffadhu. Kanaafis gaaffiiwwan ogummaawwan jiranirratti dhiyaatan haalaan shaakaluu isaanii madaali.

# BOQONNAA 7: INDUSTIRIIFI SOCHII TUURIIZIMII ADDUNYAA

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun dhimma industiriifi sochii tuurizimii addunyaa kaasuun ogummaawwan adda addaa barattootaa gabbisuuf carraaqa. Boqqonnaa kana keessatti barattoonni tuurizimii addunyaa ilaalchisee odeeffannoo hedduu argachuun ala ogummaawwan dubbisuu, dubbachuu, dhaggeeffachuu, og-barruu, barreessuufi hiika jechootaa hiikuu gabbiffatu. Dhimmi dubbisa industiriifi sochii tuurizimii addunyaa keessatti ka'e ogummaawwan dubbachuu, jechoota hiikuu, dhaggeeffachuu, barreessuuf kkf shaakalsiisuuf faayidarraa ooleera. Shaakalawwan boqonnaa kana keessaa fayyadamuun barattoonni mata-duree armaan ol ibsameen shaakala dhaggeeffachuufi dubbachuu shaakalu. Dhimma kanumma irratti dubbisa dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan hubbannoo adda addaa (dhaamsa dimishaashaa, yaada murtaa'aa/addaa, hiika jechootaa, kkf) deebisuun ogummaawwan hedduu horatu. Caasluga keessatti gosoota himaa addaan baasuu shaakalu. Shaakala barreessuu keessatti gosoota keeyyataa addaan baasu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- gaaffiiwwan hubannoo dubbisa keessaa bahaniif deebii kennu.
- hiika jechootaa akka galumsa jaraatiin hiiku.
- gosoota himaa addaan baasanii barreessu.
- jechoota dubbisa keessaa fudhatamaniif himoota ijaaru.
- gosoota keeyyataa addaan baasanii barreessu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Dubbisuufi Dubbachuu
- Gosoota Himaa ( Faayidaan )
- Gosoota Himaa ( Caasaan)
- Gosoota keeyyataa

## 3. Mala Baruu -Barsiisuu

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Shaakalli dhaggeeffachuu sadarkaa sadiin dhiyeefamuu danda'a.

1.Shaakala dhaggeeffachuun duraa

2.Shaakala yeroo dhaggeeffachuufi

3.Shaakala dhaggeeffachuun boodaa.

Tooftaawwan dhaggeeffachuufi dubbisuu ittii dhiyaatanu yoo walfakkaataa ta'anillee, yeroo shaakala dhaggeeffachuu dhiyeessitu of eegannoo gochuun barbaachisaadha. Dubbisa irratti barattoonni irra dedeebi'uun dubbisa dhiyaate dubbisuu danda'u. Shaakala dhaggeeffachuu ilaalchisee carraan jarri irraa dedeebi'uun dubbisa dhiyaate argatanu murtaa'adha. Gaaffiiwwan qophaa'anus dhimma kana yaada keessa galchuu qabu.

Shaakala dhaggeeffachuu jalatti barattoonni carraa dubbachuus argachuu qabu. Dhimma dhiyaate irratti yaada jaraa akka kennanu jajjabeessamuu qabu. Jireenya keessatti dandeettiiwwan dhaggeeffachuufi dubbachuu waan waliin jiranuuf barumsi daree keessaas kana calaqisiisuu qaba.

### Dubbisa Shaakala Dhaggeeffachuuf Dhiyaate

Tuurizimii Oromiyaa

Oromiyaan qabeenya uumamaafi bakkeewwan seenaa-qabeessa qalbii haawatamuun badhaatuudha. Haa ta'u malee, qabeenya kana irraa haalaan bu'aa qabatamaa aragachuu hindandeenye. Sababiiwwan adda addaa kaasnee mee haa ilaalu. 1ffaa, bakkeewwan daawannaa Oromiyaa keessatti argamanu daawwachuuf daandiin hinbabalanne. Kun ammoo tuuristoonni akka bakkeewwan kana haala salphaan hindawanne godha. Oromiyaanis bu'aa tuurizimii irraa argattu dhabsiisaan.

Karaa biraatiin, xiyyeeffannaan guddina tuurizimiif kenname waan nama jajjabeessu hinture. Haa ta'u malee, carraaqqiin amma godhamaa jiru hanga ta'e tuurizimii guddisa jedhamee yaadama. Dhaabbilee dhuunfaa tuurizimii babalina hojii kana keessatti shoora gudda taphatu. Mootummanis warra kana jajjabeessuu qaba.

Rakkoon tuurizimii Oromiyaa kan biraa ilaalcha ummanni qabu waliin walitti qabata. Mee, namoota meeqatu bakkeewwan daawannaa naannoo jaraa jiranu daawata? Ati takkaa bakkeewwan kana daawwachuuf karoorfattee beektaa? Yeroo hedduu namoonni waa'ee tuurizimii yemmuu yaadanu qalbii jaraatti kan dhufu biyya biraa deemuudha. Kun qaama tuurizimii yoo ta'e illee, iddoowwaniifi qabeenyaa uumamaa adda addaa naannoo keenyatti argamanu daawachuu jalqabuu qabna. Kan nama ajaa'ibsiisu ammoo, bakkeewwaniifi qabeenya uumamaa kana daawachuuf kaffaltii nu kanfalu xiqqaadha; yookiin hinjiru.

Rakkoowwan hedduun yoo jiraatan illee warreen armaan olitti ibsaman irra caalaa xiyyeeffannaa argachuu kan qabannuudha. Rakkoowwan kana furuuf guddina tuurizimii dhugoomsuuf tarkaanfiiwwan adda addaa fudhatamuu qabu. Fkf, mootummaan daandii fooyyeessuu qaba; uummata qindeessuun akka jarri guddina tuurizimii naannoo jaraatti hirmaatanii abbummaan itti dhagaa'amu gochuu qaba. Kana malees, akka namoonni dandeettiifi qarshii jaraa industirii kanarratti olchanu jajjabeessuu qaba. Yoo tarkaanfiiwwan kkf hojii irra oolan, tuurizimii guddisuun bu'aa qabatamaa irraa argachuu danda'ama.

### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuuun Duraa

Yaada barattootaa harkaa fuudhi.

### Gilgaala 2:- Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

1. Soba
2. Soba
3. Dhugaa
4. Soba
5. Dhugaa

**Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

Akkuma boqonnaawwan armaan duraa keessatti ibsametti ogummaawwan adda addaa barattootaa gabbisuuf mala baruufi barsiisuu adda addaa fayyadamuu dandeenya. Shaakala dubbisaa keessatti sadarkaalee sadii armaan gadii yoo fayyadamte barannoo dhiyaate haala walitti fufiinsa qabuun dhiyeessuu dandeessa:

A. **Shaakala Dubbisuun Duraa**

Kana keessatti barattoonni dhimma dhiyaate irratti osoo dubbisa hindubbisin muuxannoofi beekumsa qabanu warra kaaniif qoodu danda’u. Kun booda irra odeeffannoo dubbisa keessa jiru waliin walbira qabuun garaagarummaafi walfakkeenya yaada jaraafi yaada dubbisa keessatti dhiyaate akka madaalanu gargaaraan. Kanaanis beekumsaafi dandeettii jaraa irra caalaa gabbiffachuu danda’u.

B. **Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Sadarkaan kun akka barattoonni ogummaawwan dubbisuu hedduu gabbifatanu gargaaraan. Kana jechuun, yemmuu dubbisa dhiyaate dubbisanu kaayyoo ta’e galmaan ga’uuf carraaqu. Dubbisa ‘Industiriifi Sochii Tuurizimii Addunyaa’ fayyadamuun barattoonni ogummaawwan armaan gadii gabbifatu jedhamee eegama.

- Yaada ijoo dubbisaa addaan baasuu
- Yaada murtaa’aa dubbisa keessaa addaan baasuu
- Walta’iinsa yaadaa hubachuu
- Hiika jechootaa akka galumsaatti tilmaamuu/hiikuu

C. **Shaakala Dubbisuun Boodaa/Ogummaa Jireenyaa**

Kun dubbisa akka ka’umsaatti fayyadamuun barattootaaf carraa ogummaa biraa horachuu uumaaf. Kanaanis, barattoonni odeeffannoo dubbisa keessa

argatan jireenya jaraa yookiin haala qabatamaa naannoo jaraa waliin walitti qabsiisu.

**Gilgaala 4 Shaakala Dubbisuun Duraa**

Yemmuu gilgaala kana hojjechiiftu yaada barattoonni kennanu fudhadhu. Sirrii yookiin dogoggora ta'uu isaa dubbisa keessaa addaan baasuu danda'u.

**Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

Gaaffiiwwan kun kaayyoo adda addaa qabu. Kanaafuu, tooftaawwan barattoonni fayyadamanus adda addaa ta'uu ni malu. Fkn, odeeffannoo murta'aa barbaadu yoo ta'e, dubbisa guutummaatti dubbisuu hinqabanu . Keeyyata odeeffannoon barbaadanu keessa jiru ilaaluu danda'u. Yoo kaayyoon jaraa yaada dimshaashaa dubbisaa addaan baasuu ta'e, barattoonni,

- Mata-duree dubbisichaa
- Himoota ijoo keeyyatoota dhiyaataniifi
- Keeyyata goolabaa akka dubbisanu gorsuun gaariidha.

**Deebii Gilgaalaa**

1. Tuuristiin bakka daawatu saa'aa 24 hanga ji'a 6 turuu danda'a; imaaltuun garuu sa'a 24f turtii godha.
2. Sadii
   A. Daawannaa biyya keessaa namoota alagaa biyyumma sana keessaa jiraatanuun
   B. Daawannaa biyya biraa namoota lammii biyya biraatiin
   C. Daawannaa biyyaa keessatti lammii biyya sanaan gaggeessamu.
3. Babalina tajaajila daandiifi qilleensaa, tajaajila fooyya'aa bakka ciisichaafi nyaataa, babalina bilbilaa, eeyyama boqonnaa bakka hojiirraa.
4. A. Yeroo turtii isa xiqqaa tuuristoonni bakka daawannaa tokko turanu.
   B. Bara Dhaabbanni Gamtaa Tuuristootaa Addunyaa itti hundeefame
   C. Bara Dhaabbanni Tuurizimii Addunyaa itti hundeefame.
5. Awurooppaa

6. Faransaayi
7. Bashaannanuuf, fira dubbisuuf, daldaaluuf, walgahiif, yaalaaf, amantiifi, kkf.

**Gilgaala 6:Shaakala Walta'iinsa Yaadaa**

Kaayyoon kanaa akka barattoonni walqunnamtii yaadawwan gidduu jiru addaan baasanuuf, hima yookiin keeyyata dursee dhiyaate keessatti yaadi ta'e ka'uu ni mala .Yemmuu yaadi kun hima yookiin keeyyata isa itti aanutti irra deebi'amu jecha walfakkaataan yookiin jecha/jechootaa biraatiin ibsamuu danda'a. Walitti dhufeenya yaadawwan kana gidduu jiru addaan baasuun dhimma ka'e haalaan qalbeeffachuuf gargaara.

**Fkn:**

Badhaasaan sangaa gurguree hoolaa bite. Gocha isaa kanaan haati warraa isaa hedduu gaddite.

Fakkeenya kana keessatti jechi "gocha" jedhu yaada 'Sangaa gurguruu' ibsa. 'Isaa' inni jedhu ammoo 'Badhaasaa' ibsa yookiin bakka bu'a.Gilgaalli kun dandeettii kana gabbisuuf waan gargaaruuf gilgaala dabalataa qopheessuun barattoota shaakalsiisi.

**Deebii Gilgaalaa**

1. Tuurizimii biyya keessaa
2. Tuuristoota biyya tokko irraa biyya biraa deemanu yookiin warra biyyuma sana keessatti daawannaa gaggeessanu.
3. Dagaagina tuurizimii Lola Addunyaa 2ffaa booda.
4. Namoota bakkeewwan daawannaatti argamanu
5. Qonnaa, industrii hojii daldaala
6. Qooda tuurizimiin guddina dinagdee addunyaafi fooyya'ina jireenya haawasummaa keessatti taphateefi gara fuulduraa taphachuu malu.

**Gilgaala 7: Shaakala Jechootaa**

Kaayyoon kanaa akka barattoonni jechoota haala galumsaan hiikanuuf. Barattoonni akkamitti hiika jechootaa akka hiikanu ragaan agarsiisuu qabu. Hima jechi gaafatame keessatti argamu, himoota isa duraafi booda isaatti argamanu haalaan xiinxalanii akka deebii kennanu gorsiin.

**Deebii Gilgaalaa**

1. Bakka tokko deemanii ilaaluu
2. Biyya biraa
3. Guddachaa
4. Bakka waan tokko irraa argamu
5. Hundee, ka'umsa.

Barattoonni jechoota kana haalaan hubachuu jaraa mirkaneessuuf akka himoota fudhatama qabanu ijaaranu godhi.

**Gilgaala 8: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

A. Kun akka barattoonni gareen hojjetanu carraa kennaaf. Kanaanis dandeettii dubbachuu gabbifatu. Odeeffannoo dubbisa keessatti dhiyaate irratti hundaa'uun yaada jaraa akka kennanu gargaaraan.

B. Akka 'Mala Baruu Barsiisuu' jalatti ibsame barattoonni waan daree keessatti baran jireenyaa yookiin haala qabatamaa naannoo jaraa waliin wal qabsiisuu qabu. Akka barattoonni bakka jedhame deemanii ragaa barbaachisaa ta'e sassaaban mirkaneeffachuu qabda. Karaa gilgaala kana barattoonni ogummaawwan

   A. Af-gaafii gaggeessuu
   B. Barreessuufi
   C. Dubbachuu , gabbifatu.

## Barannoo 3: Caasluga

### Gosoota Himaa(Tajaajilaan/Faayidaan)

Kana yemmuu barsiistu, barattoota gaaffiiwwan adda addaa gaafachuun jalqabi:

Fakkeenyaaf:

1. Hima jechuun maal jechuudha?
2. Gosoota hima meeqatu jira? Fakkeenya natti himuu dandeessaa?

Dubbisa 'Industriifi Sochii Tuurizimii Addunyaa" keessaa akka himoota adda addaa addaan baasanu carraa kenniif. Kana malees, akka jarri mata-duree kenname irratti keeyyata barreessanuuf keeyyaticha keessaa gosoota himaa addaan baasanu gochuu dandeessa. Barattoonni ibsa kitaaba jaraa keessatti dhiyaate dubbisuu qabu. Sana dura garuu gaaffiiwwan mala baruu-barsiisuu jalatti dhiyaatan gaafadhuun.

### Gilgaala 9: Shaakala Gosoota Himaa

A. Akka barattoonni qooda yookiin ga'ee nama adda addaa taphachaa gorsa qabatamaa kennanu gargaariin. Kun ogummaa barattoonni jireenya jaraa keessatti qabaachuu qaban keessaa isa tokkodha. Akka hojii sirriitti hojjetanuuf barattoota cimdiin qindeessiin.

B. Gilgaalli kunis akkuma gilgaala armaan olii gosoota himaa duraan ibsaman shaakalsiisuuf qophaa'e. Ammas akka barattoonni cimdiin hojjetanu godhi.

## Barannoo 4: Barreessuu

### Gosoota Keeyyataa

Osoo gosoota keeyyataa hinibsin dura barattoonni keeyyanni maal akka ta'e baruu qabu. Waa'ee gosoota keeyyataa ilaalchisee ibsi kennamu akka barattootaan hubatamutti fakkeenya dabalataa fayyadami. Akka barattoonni gosoota keeyyataaf fakkeenya jaraa barreessanuuf kitaabolee adda addaa keessaa barbaadanii daree keessatti dhiyeessanu godhi.

**Gilgaala 10: Shaakala Gosoota Keeyyataa**

A. 1fi 2. Akka barattoonni gaaffiiwwan dhiyaatan deebisanu jajjabbeessi. Itti aansuun B jalatti ibsa dhiyaate akka dubbisanu godhi. Ibsa kitaaba jaraa keessatti kennameefi ibsa ati waa'ee keeyyataa gootuuf deebii gaafii 3ffaa fayyadami.

**Deebii Gilgaalaa**

3. C, B, D, A, F, E, G

B.

1.B 2. A.3. C 4.D

**Deebii Gilgaalaa**

1. a) keeyyata Seenessaa
   b Keeyyata Ibsaa
   c) Keeyyata Addeessaa
   d) Keeyyata Amansiisuu Yaalu

2 a). Keeyyata Addeessaa
   b). keeyyata Ibsaa
   c) Keeyyata Amansiisuu yaalu
   d) Keeyyata seenessaa.

## Barannoo 5: Gosoota Himaa (Caasaan)

Kaayyoon barannoo kanaa kaayyoo “Barannoo 3” waliin walfakkaata: barattoonni waa’ee gosoota himaa baratu. Osoo waa’ee gosoota himaa ibsa hinkennin dura, waa’ee gosoota himaa yemmuu ibsuuf yaaltu barattoonni si hubachuu dhiisuu ni malu. Fakkeenya dabalataa kennuu hindagatiin . Adeemsa armaan gadii yoo fayyadamte gaariidha:

A. Himoota dhiyaatan fakkeenya keefi fakkeenya barattoonni kennanu fayyadami

B. Keeyyatoota akka gilgaalatti dhiyaatan itti aansuun fayyadami.

C. Dhumarratti fakkeenya dubbisa jalqaba boqonnaa kanarratti dhiyaate fayyadami.

### Gilgaala 11: Shaakala Gosoota Himaa

A. 1. Ol’aanaan waan dhufeef (ciroo hirkataa)
Dhiyana keenya nyaachuu qabna (ciroo of danda’aa)

2. Talileen waan dheebotteef (ciroo hirkataa)
Bishaan dhugde (ciroo of danda’aa)

3. Yoo ariiffatta ta’e (ciroo hirkataa)
Konkolaataa isa kanaan deemi (ciroo of  danda’aa)
Cimtee hojjechuu qabda (ciroo of danda’aa)

4. Jireenyaa kee yoo fooyyeeffachuu barbaadde (ciroo hirkataqa)
Cimtee hojjechuu qabda (ciroo of danda’aa)

5. Maalummaa kee waan hinbeekne (ciroo hirkataa)
Ragaa kana siitti hin kennu (ciroo of danda’aa)

B. Hundu himoota salphaadha.

C. Himoota fudhatamaa barreessuu jaraa mirkaneeffadhu.

D. 1. Dabalaan farda bite. Badhaasaan garuu harree bite.

2. Nyaata gaariin nyaadhe. Nagaatu natti dhaga’ama.

3. Tolaan mana yaalaa deeme. Tolaan deebi'e.
4. Shantamaan Jimmaatti dhalate. Booruun ammoo Mattuutti dhalate.

**E. Himoota fudhatama qaban barreessuu isaanii mirkaneeffadhu.**

**F. Gosoota himaa addaan baasuu isaanii mirkaneeffadhu.**

## 4. Gaaffiiwwan keessa Deebii

Gaaffiiwwan keessa deebii barattoonni boqonnicha irraa hangam akka baratan ilaaluuf gargaaruun ala, boqonnicha akka waliigalaatti dhiyeessuuf fayyadu. Gaaffiiwwan kee mata-dureewwan ijoo dhiyaatan irratti qopheessuu dandeessa:

- Jechoota hiikuuf tooftaa akkamii fayyadamuu qabna?
- Faayidaa himoonni kennanu irratti hudaa'uun himoonni bakka meeqatti qoodamu? Maal fa'i?
- Goosta himaaf (faayidaa irratti hudaa'uun) fakkeenya lama lama barreessi.
- Caasaa himootaa irratti hundaa'uun himoota bakka meeqatti qoodna? Maal jedhamanii waamamu?
- Gosoota himaaf (caasaa irratti hundaa'uun)fakkeenya lama lama barreessi.
- Keeyyata jechuun maal jechuudha?
- Gosoota keeyyataa meeqatu jira? Maal jedhamanii waamamu?
- Kaayyoowwan gosoota keeyyataa addaan baasii natti himi.
- Yaada ijoo dubbisaa addaan baasuuf tooftaa akkamii fayyadamuu qabda?

## 5. Madaallii

Akkuma beekamu madaalliin haala baruu-barsiisuu irratti hundaa'uu qaba . Kanarratti hundaa'uun tooftaawwan adda addaa fayyadamuun barattoonni hangam akka baratan madaaluu dandeessa. Madaallii gaggeessitu karaa lamaan gochuu dandeessa:

1. Madaalli qabxii hinqabaanne

2. Madaallii qabxii qabu.

Inni 1ffaa irratti dhiyaate qaama baruufi barsiisuu waliin walsimee deemuu qaba. Fakkeenyaaf, gilgaalawwan qabiyyeewwan boqonnaa kana keessatti dhiyaatan fayyadamuun barattoonni hangam barumsicha hordofaa jiranu ilaaluu dandeessa. Qulqullina hojii jarri hojjetanu irratti hundaa'uun dadhabinaafi cimna jaraa addaan baastee bakka rakkoon jiru irratti xiyyeeffachuu dandeessa. Akka qaaama madaallii kanaatti gaaffiifi deebii fayyadamuu dandeessa.

Inni 2ffaa gaaffiiwwan adda addaa qopheessuun haala qormaataan kan gaggeessamuudha. Firiin barattoonni argatanus galmaa'uun booda irra murtiif faayidaa irraa ooluu danda'a. Barattoota kees dhuunfaan, cimdiin, yookiin gareen madaaluu dandeessa. Madaalliin kees qabiyyeewwan dhiyaatan irratti hundaa'uu qaba.

# BOQONNAA 8: BARUMSA ADDAAN KUTUU

## Seensa Boqonnichaa

Akkuma boqonnaawwan kanaan duraa boqonnaa kana keessatti barattoonni shaakalawwan adda addaa hojjechuun ogummaafi beekkumsa jaraa gabbifatu. Ogummaawwan boqonnaa kana keessatti xiyyeeffannaa argatanu keessaa kan armaan gadii warra ijoodha: dhaamsa dubbisaa addaan baasuu, odeeffannoo dubbisaan dhiyaate gara gabateetti jijjiiruu, yaada gabateen dhiyaate gara barreeffamaatti jijjiiruu, himoota kennaman keessaa ammeennaafi raawwiima ammeennaa addaan baasanii barressuu, ateetee faarfachuufi, keeyyata barreessuu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- dhaamsa dubbisaa addaan baasanii barreessu.
- jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika kennu
- odeeffannoo dubbisaan kenname gara gabateetti seeraan jijjiiranii barreessu.
- yaada gabateen kenname fayyadamuun keeyyata barreessu.
- himoota kennaman keessaa hennaa ammeennaafi raawwiima ammennaa addaan baasanii barreessu.
- ateetee faarfatu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Dubbisuufi Dubbachuu
- Hiika Jechootaa
- Jechoota Waliin Deeman
- Caasluga: Ammennaafi Raawwima Ammeennaa
- Ateetee Faarfachuu
- Barreessuufi Dubbachuu

### 3. Mala Baruu – Barsiisuu

Shaakalawwan dubbisuufi dubbachuu hojjechiisuuf gorsawwan "Boqonnaa 7" keessatti dhiyaatan hordofuun ammas murteessaadha. Dubbisa dhiyaate sadarkaa sadiin dhiyeessuu hindagatin:

- Shaakala Dubbisuun Duraa
- Shaakala Yeroo dubbisuufi
- Shaakala Dubbisuun Boodaa

- Caasluga yemmuu dhiyeessitu fakkeenya jireenya barattootaa waliin walqabatan fayyadami. Kana jechuun waan barattoonni beekanu irraa ka'uun waan jarri hinbeeknetti deemuu dandeessa.

- Shaakala afoolaa (ateetee faarfachuu) jalatti gaafii gaafachuun osoo jalqabde muuxannoo barattoonni qabanu akka bu'uuraatti fayyadamuu dandeessa.

Fakkeenyaaf:

- Daree kana keesssaa, eenyutu ateetee faarfachuu danda'a?
- Ateeteen naannoo kanatti hinfaarfatamaa? Yoo eeyee ta'e yeroo akkamii faarfatama?

- Kana barattoota kakaasuuf itti fayyadamuu dandeessa. Itti aansuun gilgaalawwan kitaaba barataa keessatti argamanu akka gareen hojjetanu qindeessin. Atis muuxannoo qabdu itti fayyadamuu hindagatin.

- Shaakala jechootaa yemmuu hojjechiistu akka barattoonni hiika galumsaan argamu irratti xiyyeeffatanu gorsiin. Jechoota haaraa yemmuu arganu gara galmee jechootaatti akka hindeemne gorsi. Kanarratti, waanti hubatamuu qabu galmeen jechootaa barumsa keessatti qooda guddaa qaba. Kana boqonnaa isa dhumaa kitaaba barataa keessatti ibsuu dandeessa. Akkuma barbaachissummaa isaatti waa'ee galmee jechootaa barattootaaf ibsuu dandeessa.

- Jechoota waliin deemanu yemmuu shaakalsiistu fakkeenya dabalataa kenniif . Barattoonnis fakkeenya beekanu akka sitti himanu gaafadhuun. Dubbisa dhiyaate akka ka'umsaatti fayyadamuun madda biraa irraa fakkeenya adda addaa fayyadami. Ogummaafi beekumsa barattoonni jechoota ilaalchisee qabanu gabbisuuf akka jarri jechoota shaakala adda addaa keessatti shaakalan himoota ijaaruun agaarsiisanu jajjabeessi.

-Shaakala dubbachuufi barreessuu jalatti ogummaawwan dubbachuufi barreessuu waliin dhiyeessi. Jalqaba, barattoonni af-gaafii gaggeessanni odeeffannoo argatan gabatee keessatti guutu. Kanaan dura garuu gaafiiwwan akkamii akka

gaafatanu gareen irratti waliigaluu qabu. Odeeffannoon argame seera keeyyanni ittiin barreeffamu eeggatee barreessamuu qaba. Kana irraa barattoonni odeeffannoo tooftaa garagaraan dhiyaachuu akka danda'u hubatu.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Barannoon kun dhaggeeffachuufi dubbachuu walitti dhiyeessa. Tartiibni shaakalli dhaggeeffachuun ittiin dhiyaatu haala armaan gadiin ta'uu danda'a.

- **Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

  Kun akka barattoonni dhimma dhiyaachuu ka'e ilaalchisee muuxannoofi waan beekanu walii qoodanuuf. Kanaafuu, daqiqaa muraasa fudhachuun mata–duree dhiyaate irratti qalbii jaraa qajeelchi. Kun shaakala dhaggeeffachuu yoo ta'e illee, barattoonni carraa dubbachuus ni argatu.
- **Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

  Barattoonni osoo dubbisa dhiyaate hindhageeffatin dura gaaffiiwwan deebisanu dubbisuu qabu. Yemmuu dhaggeeffatanu akka barattoonni gaaffiiwwan dhiyaatan hordofuun yaadannoo fudhatan gorsiin. Dubbisa dhiyaate hanga sadii yoo dubbiste ga'aadha. Marsaa isa jalqabaa irratti barattoonni qalbiin dhaggeeffatu. Isa lammaffaa irratti ammoo yaaddannoo fudhatu. Marsaa sadaffaatti yaadannoo qabatan sirrii ta'uu isaa mirkaneefatu.
- **Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

  Akkuma shaakala dubbisa boodaa, barattoonni dhimma dhaggeeffatan bu'uura gochuun jireenya jaraa waliin walitti qabsiisu.

**Dubbisa Shaakala Dhaggeeffachuuf Qophaa'e**

Amartii

Maqaan koo Amartii jedhama. Waggaa sadii dura barattuu kutaa 11n ture. Haata'u malee, barumsa koo fedhii malee addaan kutuuf dirqameera. Waggaa sadiin dura hiriyoota koo afur waliin gara mana barumsaan deemaa ture. Manni jireenya koo baadiyyaa waan ta'eef kilomeetra 5 caalaa miilaan deemuun qaba. Aniifi hiriyoonni koo kaayyoowwan keenya gara fuulduraa irratti marii gochaa gara mana barumsaa deemaa ture. Walakkeessa bakka ani jiraadhuufi mana barumsaa keenyatti lagatu ture. Yemmuu bakka kana geenyu dargaggoonni hanga shani ta'anu dhaabbatanii marii ta'e gaggeessaa turan. Riqichi laga irra ceenu waan nama sodaachisuuf dargaggoota kana gargaarsa gaafadheen. Jarris tole jedhanii nu ceesisan. Gidduu kanatti warri ana ceesisan ana boodatti

hambisuun hiriyoota koo gaggeessan. Sana booda dirqamaan fuudhaanii gara bakka ani hinbeeknetti na geessan. Akkuma mana jaraa geenyetti, dargaggeessi inni tokko hindeemne. Inni na biratti hafe dirqamaan na gudeede. Akka namni naaf birmatu yaalii godhu illee, gargaarsa argachuu hindandeenye.

Guyyaa kanaa kaasee takkaa gara mana barumsaa deemee hinbeeku. Yeroo ta'e booda, ulfaa'uu koon hubadhe. Yeroo hedduu baqadhee deemuuf yaalii godhu illee milkaa'uu hindandeenye. Ji'a sagal booda, mucaa dhiiran da'e. Akka nama dhukkubsate ta'uun mana yaalaa deemuun qaba jedhee dargaggeessa isa na gudeede amansiisuun guyyaa tokko gara magaalaa deemne. Mana yaalaatti yemmuu carraan ogeessa fayyaa bira galuu na qaqabu akkan lammaffaa dhaladhetti of lakkaa'e. Ogeessa sanatti seenaa koo hundan itti hime. Bataluma sanatti bilbila gara namoota seeraatti bilbiluun gurbaan na gudeede too'anaa jala oole. Anis torban tokkoof ogeessa yaalaa na gargaare sana bira turuun gara manaattin gale. Barumsa koo isan gar malee jaaladhu xumuruun barsiistuu sadarkaa lammaffaa ta'uu danda'eera.

Seenaan koo yoo injifannoon xumurame illee, barattoonni hedduun carraa kana argachuu hindaneenye. Rakkoowwan hedduuf saaxila ba'anii barumsa jaraa addaan kutuuf dirqamaniiru. Rakkoo barumsa addaan kutuu furuuf mootummaafi ummanni tarkaanfiiwwan adda addaa akka fudhachuu qaban natti dhaga'ama:

1. Mootummaan manneen barumsaa baadiyaa keessatti ijaaruu qaba.
2. Warra yakka akkasii raawwatanu haalaan adabuufi barsiisuu qaba.
3. Ummanni dhimmoota kanarratti hirmaannaa gochuu qaba.
4. Namoonni gocha kanarratti hirmaatan jijjiirama amalaa fiduu qabu.

**Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu**

**Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

1. Amartii
2. Dargaggoonni dirqisiisanii butaniin
3. Ulfa ta'uu ishee barte
4. Dhiistee baduuf karoorfatte
5. Jalaa baddee maatii isheetti galte.

**Deebii Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Deebii barattootaa harkaa fudhi

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gilgaala kanaan barattoonni carraa dubbachuu argatu. Dhimma dhiyaate irratti yaada qabanu ibsu. Baratatan rakkoo dhiyaate kana ilaalchise muuxannoo qabu yoo jira ta'e, seenaa isaa/ishii akka barattootaafi qoodu/qooddu jajjabeessi.

### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. 1. Maatii hojii gargaaruuf; rakkoo qulqullina barumsaan kan ka'e; ulfa hin barbaachisneef saaxilamuu, kkf.
   2. Isa tokkoffaa keessatti eeraman irra deebi'i.
   3. Fooyya'ina ilaalchi ummanni barumsaaf qabu
   4. Gargaarsa qarshii
   5. Rakkoowwan sanyiin, aadaan, dinagdeefi fageenya manneen barumsaatiin walitti qabaman furamuu qabu. Kun ammoo jijjiirama amalaa fiduun kan inni ta'uu danda'u.

B. 1. Waa hojjechuuf miira dhabuu/jibbu
   2. Qarshii waa hojjechuuf gargaaru
   3. Kennuu/ol kaa'uu
   4. Qooda
   5. Namoota biyya tokkoo

### Gilgaala 6: Shaakala Jechoota Waliin Deeman

**Deebii**

Barumsa dhiisuu

Barumsa addaan kutuu

Walqunnamtii saalaa

Fakkeenya dabalataa akka barattoonni dubbisa keessaa baasanu gaaffadhuun.

## Barannoo 3: Caasluga

### Gilgaala 7: Shaakala Hennaa Ammeennaa

**Deebii**

A: 1. D. 2. C. 3. B 4 A.

B.. Deebiin barattootaa sirrii ta'uu isaa mirkaneeffadhu

C,Dfi E: Himoota fudhatama qaban ijaaruu jaraa ilaali.

### Gilgaala 8: Shaakala Raawwimaa Ammeennaa

A.1. Gocha dhiyoo raawwatame

2.Bu'aan gocha sanaa amma mulachuu danda'a.

3. Gochi dhiyoo xumurameera. Kanaafuu, amma gammadneera hiika jedhu qabaachuu danda'a.

4 fi 5 .Bu'aan gocha xumuramee amma mul'ata.

Raawwiimni ammeennaa isa Afaan Ingiliziin 'Present Perfect' jedhamuudha. Kitaabolee adda addaa akka madda gilgaalota dabalataatti fayyadami.

B. Himoota fudhatamaa ijaaruu jaraa mirkaneeffadhu.

**Barannoo 4: Afoola**

**Gilgaala 9: Shaaakla Faaruu Ateetee**

**Barattoonni sirriitti hojjechuu jaraa mirkaneeffadhu.**

**Barannoo 5: Dubbachuufi Barreessuu**

**Gilgaala 10: Shaakala Dubbachuufi Barreessuu**

**Gaaffiiwwan kana jalatti dhiyaatan(1-5) hundu waan barattootaan hojjetamanuuf gargaarsa barbaachisaa ta'e kenniif.**

- Yemmuu barattoonni gaaffiiwwan qopheessanu gargaariin
- Gaaffiiwwan kana fayyadamuun akka daree keessatti shaakalanu godhi.
- Gaaffiiwwan hunda sirriitti hojjechuu jaraa ilaali
- Gaafii 4ffaa yemmuu hojjetanu fakkeenya keeyyatoota adda addaa 'Boqonnaa 7'tti dhiyaatan irra deebi'anii ilaaluu danda'u.

**4. Gaaffiiwwan keessa Deebiii**

Hubannoo waliigalaa barattoonni boqonnaa kana keessaa argatan ilaaluuf gaaffiiwwan keessa deebii armaan gadii gaafadhuun.

- Barattoonni maaliif barumsa addaan kutu?
- Rakkoo kana furuuf maaltu hojjetamuu qaba?
- Keeyyanni akkamiin qindaa'ee barreessama?
- Fakkeenya hennaa ammeennaa shan barreessi.
- Fakkeenya raawwiima ammeennaa shan  barreessi.
- Jechoota waliin deeman shan barreessi.
- Ateeteen yoomiifi maaliif faarfatama?

## 5. Madaalii

Jalqabaa hanga dhuma boqonnaa kanaatti barattoonni wantoota armaan gadii hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu.

- Ergaa dubbisaa hubachuu
- Jechoota dubbisa keessaa bahaniif hiika kennuu
- Jechoota waliin deeman fayyadamuu
- Odeeffannoo gaafataman gabatee keessatti guutuufi kan gabatee irraa argataniin keeyyaata barreessuu
- Hennaa keessaa ammeennaafi raawwiimmaa ammeennaa hima keessaa galchanii barreessuu
- Ateetee faarffachuu

# BOQONNAA 9: INJIFANNOO WALMORKII OLOMPIKII

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun waa'ee injifannoo walmorkii Olompikii irratti xiyyeeffata. Shaakalawwan dubbisuu, dubbachuu, dhaggeeffachuu, jechoota hiikuufi barreessuu mata-duree kanuma irratti xiyyeeffachuun qopha'aan. Shaakala dubbisuu jalatti barattoonni suutaafi sakattaa'an dubbisuun odeeffannoo barbaachisaa ta'an addaan baasu. Kana malees, yaadawwan dubbisa keessatti dhiyaatan gara gabateetti jijjiiruus ni shaakalu. Dubbisa dhiyaate irratti bu'uurreeffachuun jechoota tishoo addaan baasuu shaakalu. Karaa biraatiin, waa'ee atileetii beekamaa keeyyata barreessu. Dhuma irratti barattoonni hennaa keessaa amsiiqaa himoota ijaaruun agarsiisu.

## 1. Kaayyoo : Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- barreeffama ati dubbistuuf dhaggeeffachuun gaaffiiwwan hubannoo deebisu.
- dubbisa dhiyaate suutaafi sakattaa'aan dubbisuun gaaffiiwwan hubannoo deebisu.
- jechoota akka galumsaatti hiiku.
- yaada dubbisa keessaa gabateetti dabarsanii barreessuu.
- jechoota tishoo addaan baasanii barreessu.
- jechoota tishoo fayyadamuun himoota ijaaru.
- waa'ee atileetii beekamaa keeyyata barreessu.
- hennna keessa amsiiqaa himaan barreessuun ibsu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Dubbisuufi Dubbachuu
- Jechoota Tishoo
- Keeyyata Barreessuu
- Hennaa Amsiiqaa

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Kaayyoon shaakala kanaa akka barattoonni dubbisa ati dubbistuuf dhaggeeffatanii gaaffiiwwan hubannoo adda addaa deebisanuuf. Kana waliinis dhimma dhiyaate irratti yaada jaraa ibsu. Tooftaawwan shaakalli dhaggeeffachuu boqonnaawwan armaan duraatti ittiin dhiyaatanitti fayyadami.

**Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

Akka barattoonni gaaffiiwwan dhiyaatan deebisanu gorsi.

**Deebii**

1 Yaada barattootaa fuudhi. Yaada jaraa gara dhimma dhiyaachuuf ka'utti qajeelchi.
2 Biyya addunyaa irratti beeksisuu, madda galii/qarshii ta'uu, dinagdee; biyyaa keessatti qooda guddaa taphachuu danda'u.
3. Fiigicha, kubbaa miillaa, utaalchoofi kkf.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

**Deebii**

1. Qananiisaa Baqqalaa
2. Lama
3. Al lamaanuu moo'eera.
4. Invastimantii
5. Walmorkii Olompikii irratti hirmaachuun guddina biyyaaf gummaachuu….

**Gilgaalaa 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi. Akka deebiin jaraa kara mat-duree dhiyaatetti qajeelu godhi.

**Dubbisa Shaakala Dhaggeeffachuuf Qophaa'e**

<u>Qananiisaa Baqqalaa</u>

Qananiisaa Baqqalaa dorgoomiiwwan adda addaa irratti hirmaachuun injifannoo gonfachuu danda'eera. Barreeffamni kun injifannoo inni galmeessise irratti xiyyeeffata. Qanannisaan bara 1982 Boqojiitti dhalate. Bara 2001 fageenya meetra

3000n riikoordii haaraa galmeessisuu danda'eera. Dorgommiin kun Beeljiyem, Biraasils keessatti gaggeessame. Bara 2002 hanga 2006 tti dorgommiiwwan kilo meetra 4fi 12n injifannoo nama ajaa'ibsiisu galmeessiseera. Bara 2004 tti fageenya meetra 5000fi 10,000niin riikoordii haaraa galmeessiiseera.

Olompikii 2004 Ateensiitti gaggeessameen meetra 10,000 injifachuu danda'eera. Akkasumas Olompikii Beejiingiitti bara 2008 tti gaggeessameen injifachuu danda'eera. Qananiisaan dorgommii qaxaamura addunyaa keessatti bakka seenaa qabeessa qaba. Dorgommii tokko irratti fageenyaa kilo meetra 4fi 12n moo'eera. Waggoota hedduuf walitti aansuun dorgommiiwwan kanaan injifachuun beekama.

Riikoordiin meetra 10,000 ( 26:20:31) hanga yoonaa Qananiisaan qabamee jira. Riikoordii kana dorgommii 'Golden League' Biraasils keessatti gaggeessame irratti galmeessise.Bara 2006 ttii Qananiisaan dorgommiiwwan meetra 5000 ja'a 'Golden League'qophaa'an keessaa 5 moo'aachuun addunyaa ajaa'ibsiiseera. Dorgommii fiigicha qaxaamuraa yoo irra deebinee ilaalle walittii aansuun al 27 injifateera.

Qananiisaan injifannoowwan armaan olii yoo galmeessise illee, rakkoo adda addaa keessa darbeera. Bara 2005tti kaadhimaan isaa akka tasaa du'aan biraa dhabamteetti. Dorgommii Mombaasaa keessatti godhame haala qilleensaa irraan kan ka'e addaan kutuuf dirqameera. Dorgommii Edinbiraa keessaatti bara 2009tti gaggeessameen 4ffaa ba'uuf dirqameera. Dorgommii bara 2011 Kooriyaatti gaggeessame irrattis dhukkuba miillaa isaa irraan kan ka'e addaan kuteera.

Gara fuulduraatti Qananiisaan Olompikii Landaniitti qophaa'utti injifachuun maqaa isaa sadarkaa addunyaatti beeksisuuf akka yaalu ni eegama. Qananiisaan fiigichaan ala hojii misoomaa irratti bobba'ee jira. Akka fakkeenyaatti hoteelawwan ijaaruun carraa hojii uumuuf tattaafii gochaa jira. Wiirtuu atileetoonni itti leenji'an ijaaruunis akka atileetoonni isa bakka bu'anu argamanuuf carraaqaa jira. Seenaa atileetiksii addunyaa keessatti maqaan Qaananiisaa yoomiyyuu ni yaadatama.

## Borannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

1. A. Abbabaa Biqilaa
   B Qananiisaa Baqalaa
   C. Haayilee Gabrasilasee
   D. Maammoo Waldee
   E. Daraartuu Tulluu
   F. Xurunash Dibaabaa
   G. Masarat Daffaar
   H. Miruuts Yifxar.
2. Hunda jaraa
3. A, C, D, G, E, B, H, F

### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

**A. Deebii**

| | | |
|---|---|---|
| 1 | Abbaabaa Biqilaa | Room, Tookiyoo |
| 2 | Maammoo Waldee | Meeksikoo |
| 3 | Daraarttuu Tulluu | Baarseloonaa |
| 4 | Qananiisaa Baqqalaa | Beejiing |

**B. Deebii**

| Keeyyata | Yaada Ijoo |
|---|---|
| 1ffaa | Hiikaafi gosoota dorgommii Olompikii |
| 2ffaa | Seenaa Olompikii |
| 3ffaa | Atileetoota Oromiyaafi Olompikii |
| 4ffaa | “ “ |
| 5ffaa | Yaada waliigalaa |

**C. Deebii**

Fiigichoo, utaalchoo, darbaachoo, kubbaa miilaa, kubbaa saaphannaa

**D. Deebii**

1. Fiigichoo, utaalchoofi darbachoo
2. Olompikiin
3. 2:15:16:2
4, Injifannoo Abbabaan Tookiyootti argate

**E. Hiika Jechootaa**

A. namaan ilaalamuu B. haa hubannu

C. beekamaa; isa jalqabaa D. qooda

E. Qabxii isa guddaa warri kaan birra hingeenye

F. yaala G. Argatu

**Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

**Deebii**

Akka barattoonni yaada jaraa ibsanu carraa kenniif.

1. Waan irratti hin-hojjeneef 2. Hojii hojjetaniin
3. Yaada barattootaa fuudhi.

## Barannoo 3: Dubbachuu

**Gilgaala 7: Shaakala Gabaasa Dhiyeessuu**

Barattoota haala armaan gadiitti qindeessi.

1. Dursaa garee filachiisi
2. Barreessaa/Barreessituu garee filachiisi
3. Miseensoonni hunduu marii irratti hirmaachuu qabu.
4. Gabaasni qophaa'e karaa barreessaan/barreessituun yookiin dursaa gareen dhiyaachuu danda'a.

## Barannoo 4: Caasluga

### Jechoota Tishoo/Diigala

**Gilgaala 8: Shaakala Jechoota tishoo**

**Deebii**

A. gadi'aanaa C, irra-butaa F. fuul-dura

B. ol-aanaa D. dura-bu'aa G. gar-malee

E. jala –bultii H. dhaqna –qabaa

Akka barattoonni hiika jechoota tishoo uumaman kanaaf kennanu godhi; jechoota kanas himoota ijaaruun akka agarsiisan godhi.

## Barannoo 5: Barreessuu

**Gilgaala 9:Shaakala Keeyyata Barreessuu**

1. Waa'een keeyyataa boqonnaawwan armaan duraatti waan ka'eef akka barattoonni dubbisanii yaada gabbifatanu goorsiin. Fakkeenya dhiyaateefi

ibsa kenname akka dubbisanu godhi. Ibsa dabalataa yoo barbaadan kenniif.

2. Seera keeyyataa hordofanii barreessuu jaraa mirkaneeffadhu. Akka barattoonni mata-duree, hima ijoo, himoota gargaartuufi hima goolabaa sirriitti barreessan ilaali. Hima ijoo ilaalchisee fakkeenya dhiyaate fayyadamuu danda'u. Yookiin hima ijoo ofii barreessuu akka dandaa'anu itti himi.

## Barannoo 6: Caasluga

### Gilgaala 10: Shaakala Hennaa Amsiiqaa

2. B , C, D, E
3. Himoonni barattootaan barreessaman sirriitti waan amma gaggeessamaa jiranu agarsiisuu jaraa mirkaneeffadhu.
4. Yaadawwan fudhatama qabanu bareessuu jaraa mirkaneefadhu.

## 4. Gaaffiiwwaan Keessa Deebii

Gaaffiiwwan armaan gadi dhiyaatan fayyadamuun hubannoo baratttoonni baqonnaa kana ilaalchisee argatan ilaaluu dandeessa:

- Dubbisa suutaan dubbisuun odeeffannoo akkamii arggatta?
- Dubbisa saffisaan dubbisuun odeeffannoo akkamii argatta?
- Jechoota tishoo jechuun maal jechuudha? Fakkeenya shan barreessi.
- Atileetoota beekamoo keessaa maqaa warra shanii natti himi
- Akka Itoophiyaan dursa atileetiksiin qabdu cimsitee itti fuftu maaltu godhamuu qaba?
- Hennaan amsiiqaa yaada akkamii ibsuuf gargaara? Himoota shan hennaa kana agarsiisanu barreessi.

## 5. Madaallii

Akka barattoonni ogummaawwan armaan gadii horatan gaaffiiwwan adda addaa afaaniifi barreeffamaan wantoota armaan gadii hojjechhuu isaaniimirkaneeffadhu.

- Hirmaannaa atileetootaa biyya keenyaa ibsuu
- Jechootaa hiika kennuu
- Dubbisa saffisaan dubbisanii odeeffannoo gabatee keessatti guutuu
- Jechoota tishoo ijaaranii himoota keessatti fayyadamuu
- Waa'ee atileetii biyya keenyaa keeyyata barreessuu
- Gochaawwan amma gaggeessamaa jiranuuf himoota ijaaruu.

# BOQONNAA 10: KAN MANA BAASAN MANAA NAMA BAASA

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun akka barattoonni ogummaawwan adda addaa gabbifatanu gargaaraan. Jalqaba boqonnichaatti barattoonni gosa afoolaa kan ta'esheekkoo dubbisuun gaaffiiwwan hubannoo adda addaa hojjechuun ogummaawwandubbisuu gabbifatu. Shaakalawwan mata-duree kana jalatti barattoonni afoolli maal akka ta'eefi gosoota afoolaa kan biraa addaan baasani himu. Jechoota sheekkoo kenname keessatti argamanu akka galumsaatiin hiikuu shaakalu. Gosa afoolaa kan ta'e waa'ee mammaaksaas ni baratu. Kana gabbiffachuuf mammaaksoota adda addaa walitti qabuun daree keessatti dhiyeessu. Dhumarrattis caasluga jalatti hennaawwan darbeennaafi raawwiima darbeennaa himoota keessatti fayyadamuu shaakalu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- afoolli maal akka ta'e ibsu
- gaaffiiwwan qayyabannoo sheekkoo keessaa bahaniif deebii barreessu
- hiika jechootaa akka galumsaatiin tilmaamanii barreessu
- mammaaksa garaagaraa barreessu
- hennaa darbeennaafi raawwima darbeennaa himootaan barreessu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi dubbachuu
- Dubbisuufi Dubbachuu
- Gosa Afoolaa: Mammaaksa
- Caasluga: Hennaa darbeennaafi raawwima darbeennaa

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Barannoowwan boqonnaawwan garagaraa keessatti mala baruu-barsiisuu dhiyaatan fayyadamuun shaakalawwan barannoo kana keessa jiranu dhiyeessuu dandeessa. Haata'u malee, shaakalawwan kana kan adda godhu afoola irratti xiyyeeffachuu jaraati. Osoo barattoonni dubbisa ati dubbistuuf hindhaggeeffatin dura, akka jarri gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuun duraa jala jiranu gareen hojjetanu godhi.

**Dubbisa Shaakala Dhaggeeffachuuf Qophaa'e**

**<u>Eenyu Haa Fuudhu?</u>**

Biyya tokko keessa dargaggoota sadiitu jira ture. Dargaggoonni sadanuu intala miidhagduu tokko fuudhuuf kadhatan. Abbaan intala sanaas yaaddoo tokko malee mucayyoo isaa dargaggoota sadanuuf kenne. Yennaa kennuufis, "Isin keessaa kan beekumsaan hunda caalutu, intala tiyya fuudha," jedhee itti himee ture.

Dargaggoonni sadanuu osoo intalattii hinfuudhin dura beekumsaan wal caaluudhaaf gara barumsaatti deeman. Waggoota muraasa booda barumsa isaanii xumuranii deebi'an.Isaan sadanuu ogummaa/dandeettii adda addaa baratanii dhufan. Inni tokko ogeessa fayyaa, inni tokko ammoo balalchisisaa xiyyaaraa, innii sadaffaan hojii bilbilaatiin eebbifaman.

Eddoon mucayyoon sun jiraattu gammoojjii waan tureef, hoggaa dargaggoonni ishii kadahatan sun barumsa isaanii xumuranii dhufan, ishii ammoo boftii iddee dhukkubsachaa turte. Yeroo kana inni ogummaa bilbilaa qabu sun dhukkubsachuu ishii bilbila bilbilee gaafatee dhagahe. Dhukkubsachuu ishii eega dhagahe booda dargaggoota lamaan hafanitti hime. Kan xiyyaara 'oofuu beeku sun xiyyaaraan dhaqee fidee gara mana yaalaa geesse. Inni ogeessi fayyaa sun ammoo qoricha adda addaa kennuudhaan yaalee fayyise.

Waggoota dheeraa dura dargaggoonni sadan gaaffii isaanii abbaa intalaatti dhiyeessatan. Yeroo kana abbaan mucayyoo ogummaa barumsaa isaan argatan gaafachuu calqabe. Dargaggoonni sadanuu ogummaa saanii tokko tokkoon itti himan. Yeroodhuma kana lubbuu mucayyoo du'a 'oolchuuf hirmaannaa isaan

godhan takkaa lamaan akkana jedhanii haasa'uu qaban. Inni ogummaa bilbilaa qabu sun, "Mucayyoon tun dhukkubsachuu ishii kan dhagahe ana. Kanaafuu jarreenitti himee kan du'aa 'oolche ana waan ta'eef ani fuudhuun qaba," jedhe. Inni xiyyaara 'oofu ammoo "Dhukkubsachuu ishii dhageenyaan hatattamaan dhaqee osoon mana yaalaa geessuu baadhee hinfayyisan turan. Kanaafuu waan ani du'aa 'oolcheef anatu fuudhuu qaba," jedhe. Inni sadaffaanis, "Kan duraan dhagayes ta'e kan fuudhee na biraan gahe osoo ani fayyisuunii baadhee hinfayyisan turan. Kanaafuu ,kan fuudhuu qabu ana," jedhe. Yennaa jarri lubbuu mucayyoo fayyisuurratti gahee hojii isaanii abbaatti himan. Abbaa mucayyoo wajjin jaarsolii baay'eetu jira ture.

Falmii dargaggootaa kanarratti jaarsoliin murtii kana fakkaatu kennan: "Inni ogummaa bilbilaa qabu bilbilaan dhukkubsachuu ishii dhagahe sun osoo dhukkubsachuu ishii himuu baatee, kan xiyyaara 'oofus ta'e ogeessi fayyaa ishii gargaaruu hindandaa'an turan. Kanaafuu, kan dura mucayyoo dhukkubsachuu ishii dhagahee jarreenitti himee du'a 'oolche sun yaa fuudhu. Inni xayyaara 'oofee mana yaalaa ishii fide sun waahila isa guddaa, inni ogeessa fayyaa ta'ee ishii fayyise ammoo waahila ishii isa xiqqaa yaa ta'u," jedhanii murteessan jedhama.

**Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

Deebii baratttootaa harkaa fuudhi

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

1. Seenaa ulaagaa fuudhaafi heeruma waliin walqabate
2. Gaaffiin maatii intalaaf dhiyaate; akka warri gaaffii dhiyeessan baratanu itti himame; intalli hindhukkubsatte; jarri sun ogummaa qabanuun gargaaranii intala fayyisan; dhumarratti hojii jaraa giddu-galeessa gochuun murtiin darbe
3. Deebii jaraa harkaa fuudhi

**Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Deebii jaraa harkaa fuudhi

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

Shaakala kana jalatti barattoonni ogummaawwan dubbisuu garagaraa gabbifatu. Sheekkoo dhiyaate osoo hindubbisin dura cimidiin ta'anii akka gaaffiiwwan

shaakala dubbisa duraa jalatti kennaman hojjetanu godhi. Shaakalli kun akka barattoonni beekkumsa dhimma dhiyaaterrattii qabanu ilaaluufi. Karaa shaakalichaa barattoonni ogummaa dubbachuu gabbifachuuf carraa argatu. Gaaffiiwwan kitaaba barataa keessatti kennaman alaan jechoota ijoo sheekkoo keessaa fudhataman irratti barattoota waliin mari'adhu. Kun akka barattoonni sheekkicha haalaan hubatanii gaaffiiwwan dhiyaatan deebisanuuf gargaara.

### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

1. Waan dhaloota tokko irraa dhaloota biraatti afaniin darbu
2. Durdurii/sheekkoo, hibboo, mammaaksa; baacoo/qoosaa, kkf
3. Waan dur ta'e kan seenessu amala nama irratti xiyyeeffachuun akka namoonni irraa baratanu, kkf

### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

1. 4(inni tokko lafee walitti qabsiisuu; inni lammaffaan foon itti gochuu; inni sadaffaan lubbuu leencaa uumuu; inni afraffaa muka yaabachuun lubbuu isaa baafate; warreen sadaan leencaan nyaataman)
2. biyyattiin wallaaltuudha waan jedhaniif
3. Isa lubbuu ofii baraarfachuu danda'e. Waan dandeettii isaa lubbuu oolchuuf fayyadameef
4. beekumsi gaarii bu'aa gaarii qaba(lubbuu dhabuu irraa nama eega)

### Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Deebii barattoota harkaa fuudhi.

## Barannoo 3: Afoolaa

### Mammaaksa

Afoolli gosoota adda addaa akka qabu armaan dura ibsineera. Gosoota kana keessaa mammaaksi isa tokkodha. Akka barattoonni hubannoo mammaaksaaf qabanu fooyyeffatanuuf gilgaalota garaagaraa hojjechiisiin. Gosoota gilgaalaa armaan gadii fayyadamuu dandeessa:

- Mammaaksa guutuu hintaane dhiyeessuun akka barattoonni itti guutanu

gochuu

- Mammaaksa dhiyaateef fakkaattii akka barreessanu gochuu
- Hiika mammaaksa akka barreessanu gochuu

**Gilgaala 7:Shaakala Mammaaksaa**

A. Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

B. Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

Fkn: Dhirsaafi niitiin laga tokkoo waraabamu

Hiika: Dhirsaafi niitiin amala tokko qabu jechuudha.

C. 1. Hattuutu beeka 2. Hindhalatan

3. Torba galagalchu 4. Kan waraabessaati

5. Qaceen

## Barannoo 4: Caasluga

### Hennaa Darbeennaafi Raawwima Darbeennaa

Akka barattoonni maalummaafi faayidaa hennaawwan kanaa haalaan hubatanii himoota keessatti fayyadamanuuf, tartiiba jarri kitaaba barataa keessatti ittiin dhiyaatan fayyadamuu dandeessa. Yookiin tooftaawwan armaan gadii fayyadami:

- Himoota hennaawwan kana agarsiisan gabatee irratti barreessuun akka barattoonni hiika jaraa sitti himanu gaafadhuun
- Himoota kana maaltu akka walfakkeessuufi garaagara godhu gaafadhuun
- Eega barattoonni deebii si kennan booda ibsa hennaawwan kanaa gabaabaan kenni
- Fakkeenyaafi ibsa kitaaba barataa keessatti akka dabalataatti fayyadami
- Akka barattoonni gilgaalota dhiyaatan hojjetanu godhi
- Shaakala hojjetanu keessatti barattoonni hima irraa gara keeyyataatti akka deemanu godhi
- Ibsa kennitu keessatti faayidaa hennaawwanii irratti xiyyeeffadhu
- Barattoonni haalaan hennaawwan kana hubachuu isaanii himootaafi keeyyata

keessatti fayyadamanii agarsiisuu qabu

**Gilgaala 8: Shaakala Hennaa Darbeennaafi Raawima Darbeennaa**

**Deebii barattootaa harkaa fuudhi.**

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

- Afoola jechuun maal jechuudha?
- Gosoota afoolaa hiika jaraa waliin barreessi.
- Sheekkoo jechuun maal jechuudha?
- Sheekkoon gosoota afoola warra kaan irraa maaliin adda ba'a?
- Mammaaksi maal jechuudha? Faayidaan isaa maali?
- Hennaan darbeennaa yaada akkamii ibsuuf nama gargaara? Fakkeenya muraasa natti himi.
- Hennaan raawwiima darbeennaa yaada akkamii ibsuuf gargaara? Fakkeenya muraasa natti himi

## 5. Madaallii

Dhuma boqonnaa kanaatti akka barattoonni ogummaawwan armaan gadii gabbifatan mirkanneeffadhu:

- Afoolli maal akka ta'e ibsuu isaanii
- Gosoota afoolaa addaan baasuu isaanii
- Gaaffiiwwan qayyabannoo sheekkoo keessaa baa'an deebisuu isaanii
- Hiika jechootaa haala galumsaatiin tilmaamuu isaanii
- Mammaaksa garaagaraa mammaaksaan deebisuu danda'uu isaanii
- Darbeennaafi raawwiimaa darbeennaa himaan barreessuu isaanii

# BOQONNAA 11: OG-WALALOO

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun ogummaa walaloo irratti xiyyeeffachuun akka barattoonni walaloo qaacceessanu shaakalsiisaan. Kana malees, barattoonni jechamoota hiikuufi himoota keessatti fayyadamanii akkamitti yaadawwan adda addaa akka ibsanu shaakalu. Karaa biraatiin, ciigoo keessaa soorgoofi sookoo addaan baasuu shaakalu. Akkaataa hibboon itti taphatamu ni gabbifatu. Caasluga jalatti tarsiiqaa himoota keessa galchanii barreessuu shaakalu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- ergaa walaloo himu.
- walaloo dhiyaate ni qaacceessu.
- maalummaafi hiika jechamootaa gabbifatu.
- ciigoo keessaa soorgoofi sookoo addaan baasu.
- maalummaafi akkaataa hibboon itti taphatamu gabbifatu.
- hennaa keessa tarsiiqaa himootaan barreessu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Walaloo qaacceessuu
- Jechama
- Ciigoo(soorgoofi sookoo)
- Hibboo
- Caasluga: Hennaa Tarsiiqaa

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

Barannoo kana keessatti barattoonni walaloo dhiyaate irratti hundaa’uun

gaaffiiwwan adda addaa deebisu. Jalqaba barannoo kanaatti barattoonni gareen gaaffiiwwan shaakala dubbisuun duraa irratti mari'atu. Kana booda walaloo dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan dhiyaatan ni deebisu yookiin walaloo ni qaacceessu.

**Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

1. Waa'ee deegaa
2. Nama deegni miidhe ta'uu ni mala
3. Ofumaan
4. Gaddaafi gammachuu osoo hinta'in kutannaa qabu mul'isa
5. Eeyee. Kuttannaa isaa/ishee irraa kan ka'e.

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Yaadawwan barattootaa harkaa fuuchuun yaada kee itti dabali.

## Barannoo 2: Walaloo Qacceessuu

Jalqaba barannoo kanaatti barattoota waliin maalummaafi amaloota walaloo irratti marii gabaabaa gaggeessaa. Walaloo qaacceessuuf ruqoota barbaachisanu waliin ta'uun yookiin yaadawwan kitaaba barataa keessatti dhiyaatan fayyadamuun akka gilgaala dhiyaate hojjetanu godhi. Hubannoofi ogummaa walaloo jaraa gabbisuuf fakkeenya gosoota walaloo kitaaba barataa keessatti ibsaman akka bakka adda addaattii sassaabanii daree keessatti dhiyeessanu godhi.

**Gilgaala 4: Shaakala walaloo Qaacceessuu**

A. 1. Armaan olitti ibsameera
   2. Walaloo miira barreessaa agarsiisu
   3. Nama rakkinni itti qaqabe; tarri namuma walaloo sana barreesse

**B.** Deebii barattootaa irratti daree keessatti mari'adhaa.

## Barannoo 3: Afoola

### Ciigoo (Soorgoofi Sookoo)

Akaakuu afoola keessaa ciigoon isa tokkodha. Osoo gilgaala dhiyaate hinhojjechiisin dura maalummaafi faayidaa cigoo(soorgoofi sookoo) barattoota gaafadhu. Fakkeenya beekanu akka hiika waliin sitti himanu gaafadhuun. Dhumarrattis gilgaala dhiyaate akka hojjetanu godhi.

**Gilgaala 5: Shaakala Ciigoo**

A. Yaadannoo kitaaba barataa keessatti kenname dubbisi.

| | | **Sorgoo** | **Sokkoo** |
|---|---|---|---|
| B. | 1. | Ishee gama jirtu | durba |
| | 2. | Nama sangaa qabu | dhukkuba abbaa sangaa jedhamu |
| | 3. | Ija qabee cabsuu | arge |
| | 4. | Magaalli Naqamtee guddatte | magaala keessatti naqamte |
| | 5. | kabaji | Ulfa godhi |
| | 6. | Buna barakaa hindhugu | natti hindeebi'u |

### Hibboo

Hibboon afoola keessatti kan ramadamuuf dandeettii waa gadii faggeenyaan xiinxalanii deebii kennuu gabbisa. Tooftaawwan armaan gadii fayyadamuun ogummaa barattootaa gabbisuu dandeessa:

- Hibboo gaafachuun jalqabi. Kun yoo ati 'hibboo' jettee jalqabdu deebii akkamii akka argattu baruuf si gargaara
- Hibboowwan dabalataa gaafadhuun
- Maalummaa hibboo gaafadhuun
- Faayidaa hibboo gaafadhuun
- Gilgaala dhiyaate hojjechiisi
- Daree keessatti dorgommii hibboo qindeessi.

**Gilgaala 6: Shaakala Hibboo**

A. Deebii barattootaa harkaa fuudhi. Ibsa qajeelfama kana keessatti kenname itti fayyadami

B. Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

C. Akka barattoonni kana sirriitti hojjetani mirkaneeffadhu.

## Jechamoota

Tooftaawwan armaan gadii fayyadamuun barannoo kana dhiyeessuu dandeessa:

- Jechamni maal akka ta'e gaafadhuun
- Fakkeenya jechamaa gaafadhuun
- Jechamni jechoota warra kaan irraa maaliin akka adda ta'e gaafadhuun
- Hiika jechamoota dhiyaatanii gaafadhuun
- Jechamoota himoota keessatti fayyadamuu jaraa mirkaneeffadhu

**Gilgaala 7: Shaakala Jechamootaa**

1 A. namaaf hingaddu
  B. hin aare
  C. dheekamsa
  D. waan hin taane hojjeta/yaala
  E. milkaa'e
  F. Karaa sirrii irraa milqe; waan gaarii hintaane hojjete
  G. Hin malaanmala; waa hojjechisuuf waan biraa kenna
  H. Guddisa bade
  I. Jibbe

2. Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

## Barannoo 4: Caasluga

### Hennaa Tarsiiqaa

Hennaa kana yemmuu barsiistu tartiiba kitaaba barataa keessatti dhiyaate hordofuu dandeessa. Tooftaa kan biraa yoo fayydamta ta’e waa’ee hennaa kanaa ibsa dheeraa kennuurra faayidaa isaa irratti xiyyeeffadhu. Akka barattoonni haala qabatamaan itti fayyadamuu dandaa’an mirkaneessuu qabda. Gilgaalota kitaaba barataa keessa jiranuufi warreen ati qopheessitu jireenya jaraa yookiin haala qabatamaa naannoo waliin wal qabsiisuuf yaalii godhi.

**Gilgaala 8: Shaakala Hennaa Tarsiiqaa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

- Walaloo jechuun maal jechuudha?
- Walaloo qaacceessuuf ulaagaalee akkamii fayyadamuu qabna?
- Akaakuu walaloo hiika jaraa waliin addaan baasii barreessi.
- Jechama jechuun maal jechuudha?
- jechamoota shan hiika jaraa waliin natti himi.
- Ciigoon maal? Maaliif fayyada?
- Hibboon maal? Akkamitti taphatama?
- Hibboo taphachuun faayidaa akkamii qaba?
- Hennaan tarsiiqaa yaada akkamii ibsuuf gargaara?
- Fakkeenya hennichaa muraasa barreessi.

## 5. Madaallii

Barattoonni wantoota armaan gadii hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu:

- Walaloo keessaa waan hubatan ibsuu
- Walaloo qaacceessuu
- Gosoota walaloo addaan baasanii ibsuu
- Maalummaafi faayidaa jechamootaa ibsuu
- Jechamoota hiikuufi himoota keessatti fayyadamuu
- Ciigoo keessaa soorgoofi sookoo addaan baasuu
- Hibboo taphachuu
- Hennaa keessaa tarsiiqaa himoota ijaaruun agarsiisuu

# BOQONNAA 12: BIFA JIREENYAA HAWAASA SIRNA GADAA

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni ogummaawwan hedduu gabbifatu. Shaakalli dubbisuu waa'ee jireenya hawaasa Sirna Gadaa irratti xiyyeeffata. Sirna Gadaa ilaalchisee gaaffiiwwan hubannoo adda addaa ni deebisu. Dhimmoota ijoo irratti yaadannoo fudhachuu shaakalu. Kana malees, Sirna Gadaa irratti marii gaggeessu; shaakala jechootaa hojjechuun ogummaa jechoota haala galumsaan hiikuu gabbifatu. Caasluga jalatti gochaafi gosoota gochimaa addaan baasanii barreessu. Karaa biraatiin, hennaa keessa murannaa( gocha yeroo dhufuu) barreeffamaan ibsuu shaakalu. Dhumarratti sirba yeroo Sirna Gadaa bakka adda addaatti sirbamu sassaabanii daree keessatti dhiyeessu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- dhaamsa dubbisaa addaan baasanii barreessu.
- ogummaawwan dubbisuufi dubbachuu gabbifatu.
- barreeffama dhimma aadaa irratti dhiyaate dhaggeeffachuun yaadawwan ijoo irratti yaadannoo fudhatu.
- hiika jechoota haarawaa tilmaamanii barreessu.
- gochaafi gosoota gochimaa addaan baasanii barreessu.
- hennaa keessa murannaa himaan ibsu.
- Sirba yeroo Sirna Gadaa sirbamu walitti qabanii daree keessatti dhiyeessu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi dubbachuu
- Dubbisuufi dubbachuu
- Hiika jechootaa
- Gochaafi Gosoota gochimaa
- Jechamoota
- Hennaa Murannaa
- Sirba Sirna Gadaa

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Kaayyoon gilgaalota barannoo kanaa akka barattoonni dubbisa dhiyaate dhaggeeffatanii yaadannoo fudhatanuuf. Kanaafuu, tooftaawaan armaan gadii barattoonni akka fayyadamanii yaadannoo barabaachisaa ta'e fudhatanu gorsiin:

- Jalqaba irratti "Mata-duree" barreefama shaakala dhaggeeffachuuf dhiyaate akka barreessanu
- Yemmuu dhaggeeffatanu dhimmoota waligalaafi callaa akkaa addaan baasanu. Kana jechuun, yaadni tokko yaadawwan gargaartuu kan biraatiin waan ibsamuuf akka jarreen kana addaan baasanu
- Faayidaa walqabsiistoota irratti akka xiyyeeffatanu. Yeroo hedduu walqabsiistoonni walqunnamti yaadawwan gidduu jiru waan agarsiisanuuf, jara irratti xiyyeeffatanii akka dhaggeeffatanuufi yaadannoo fudhatanu. Akka fakkeenyaatti, walqabsiitoota BOQONNAA 13 keessatti dhiyaatan ibsiif
- Yaadawwan dhaggeeffatanu akka jiruun barreessuu osoo hinta'in waan jedhamu hubachuun jechoota ofii fayyadamanii akka yaaddannoo fudhatanu gorsiin

**Dubbisa Shaakala Dhaggeeffachuuf Qophaa'e**

Aadaa

Hayyoonni garaagaraa jecha aadaa jedhuuf yoo hiika adda addaa kennan illee, dhimmoonni jarri aadaa ibsuuf faaydamanu walfakkaatu. Hedduun jaraa akka aadaan maalummaa saba tokkoo waliin ibsuu waliigalu.Dhimmoota hayyoonni aadaa hiikuuf kaasan keessaa, warreen armaan gadii ijoodha.

Dhimmoota aadaan ittiin ibsamu keessaa afaan bakka guddaa qaba. Ummanni yookiin sabni tokko afaan fayyadamuun jireenya isaa ibsa. Gadda, gammachuufi wantoota itti dhaga'ame mara ibsuuf afaan faaydamuu qaba. Odeeffannoo adda addaa dhimmoota siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee afaaniin ibsa. Kun ammoo aadaan ummata ta'e waliin walitti dhufeenya cimaa akka qabu agarsiisa.

Karaa biraatiin, uffannaan qaama aadaa saba tokkooti. Yoo hubbattanii ilaaltaniittu ta'e, akaakuu uffannaa namni tokko uffatu ilaaluun namni kun saba yookiin

naannoo kanarraa'i jenne tilmaamuu dandeenya. Kan uffannaa waliin walqabatu meeshaalee faaya ummanni fayyadamuudha. Fakkeenyaaf, dooqaan uffataa aadaa Shawaa waliin uffatama. Calleen ammoo uffata aadaa Arsiifi Baalee waliin faayidaa irra oola.

Nyaanni saba tokkoo qaama aadaa saba sanaa akka ta'e ifaadha. Yemmuu waa'ee gosoota nayaata ilaaluu saba tokko waliin walqabsiisuun dirqama. Fakkeenyaaf, marqaan yeroo hedduu ummata Oromoo waliin walqabata. Ancooteefi cuumboon yemmuu ka'u sammuu keenyatti kan dhufu Wallagga.

Yoo dhimmoonni armaan olii aadaa ibsuu keessatti qooda guddaa qabaatan illee, dhimmoota kan biraa hedduu aadaa ibsuuf gargaaran kaasuu dandeenya. Fakkeenyaaf, afoolliifi og-barruun(afaan jalatti yoo hammataman illee) akka fakkeenyaatti ka'uu nimalu. Haala jireenyaa, hawaasummaafi dinagdee ummata tokkoo ibsuuf afooliifi og-barruun bakka guddaa qabu. Dhumarratti waanti hubatamuu qabu akka jechi aadaa jedhu waan hedduu of keessaa qabuuf, dhimmota barreefama kana keessatti ka'aniin guutummaatti akka ibsamuu hindandeenyedha. Wanti irra caalaa hubatamuu qabu garuu aadaan maalummaa ummata yookiin saba tokko ibsuu keessatti bakka guddaa qabaachuu isaati.

**Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

Yaada barattootaa harkaa fuudhuun akka jarri deebii amma kennaniifi ibsa dubbisa keessatti dhiyaate wal bira qabuun ilaalanu gorsiin.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

| Mata duree | Yaadannoo |
|---|---|
| 1. Hiika aadaa | Maalummaa saba tokkoo |
| 2. Fakkeenya aadaan ittiin ibsamu | A. afaan<br>B.uffannaa<br>C. nyaata |
| 3. Fakkeenya dabalataa | A. Afoola<br>B,. og-barruu |
| 4. Yaada xumuraa/goolabaa | Aadaan waan hedduu of keessaa qaba |

**Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Deebii barattoota harkaa fuudhuun yaada kee itti dabali.

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

Gilgaalli tokko barannoo kana jalatti argamu yaadannoo fudhachuu irratti xiyyeeffata. Barattoonni qajeelcha yookiin fakkeenya gabatee keessatti kenname hordofuun waan hafan guutu. Gorsa armaan dura “Barannoo 1” keessatti ilaalle fayyadamuun barattootaa ibsa kenniif. Shaakalawwan warri kaan barannoo kana keessaa warra boqonnaawwan armaan duraa waliin waan walfakkaatanuuf mala baruu-barsiisuu achitti ibsame fayyadami.

**Gilgaala 4: Shaakala Dubbisa Duraa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

**Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

**A.**

| Sirna Gadaa | Yaadannoo |
|---|---|
| A. Turtii aangoo siyaasaa warra Gadaa tokkoo | Waggaa sadeet |
| B.Gogeessa Gadaa Booranaa | a.Moggisa<br>b.Sabbooqa<br>c.Libaasa<br>d.Daraaraa<br>e. Madiida |
| C. Miseensa Gadaa Ituu | a. Horata<br>b.Sabbaaqa<br>c.Dibbeessa<br>d.Fadata<br>e.Daraaraa |
| D. Marsaa Gadaa Gujii | a. Harmuufa<br>b.Roobalee<br>c.Muudana<br>d. Haalchisa<br>e. Dhallana |

| | |
|---|---|
| E. Sadarkaalee Gadaa | |

B.

1. namoota biraa waliin jiraachuuf dalagaa adda addaa qodachuu, kkf
2. lama: Gadaa abbaafi Gadaa ilmaa
3. Babalina hawaasa Oromoo irraan kan ka'e Caffeen adda addaatti waan qoqqoodameef
4. Warra Gadaa tokko keessatti dhalatan; warra maqaan gogeessa Gadaa isaanii walirra bu'e, yoo Gadaa tokko keessatti dhalachuu baatan illee
5. Haala qabannoo aangoo siyaasaa murteessa

**C. Hiika Jechootaa**

1. taayitaa
2. duraa duubaan
3. waan turtii agarsiisu; waan naana'ee dhufu
4. Miseensaafi marsaa Gadaa
5. waa'ee walii waan gaarii jechaa/sirbaa
6. jaarsolee biyyaa
7. hojii
8. irratti hirmaachuu
9. agarsiisaa
10. akkaataa

D. Himoota isaan ijaaran harkaa fuudhi.

**Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Deebii barattootaa hakaa fuudhi.

## Barannoo 3: Dubbachuu

Gilgaala kana jalatti kenname akka gareen hojjetanu godhi.Seera mariin ittiin gaggeessamu barattoota waliin ta'uun tumi. Fakkeenya armaan gadiitti kennaman akka bu'uuraatti fudhachuu dandeessa:

- Nama marii dursu filachuu

- Nama yaadannoo fudhatu filachuu
- Daqiiqaa namni tokko fayyadamuu qabu daangessuu
- Akka miseensonni garee hirmaannaa qixxee godhanu mirkaneessuu
- Yaadawwan miseensotaan kennamanu kabajuu
- Haalaan wal dhaggeeffachuu
- Karaa dursaa yookiin barreessaatiin waan gareen irratti mari'ate gareewwan kaaniif qooduu

**Gilgaala 7: Shaakala Marii**

Qajeelfama kennuun akka barattoonni haalaan hojjetanu godhi.

## Barannoo 4: Jechamoota

Yemmuu gilgaala kana dhiyeessitu tooftaawwan armaan gadii fayyadamuu dandeessa:

- Jechamni maal akka ta'e gaafadhuun
- Yoo deebii sirrii argatte akka fakkeenya muraasa siif kennanu gaafadhuun
- Yoo deebii sirrii hintaane argatte fakkeenya kennuun hiika jaraa akka sitti himan gaafadhuun. Yemmuu kana gootu jalqaba hiika jechoota qeenxeen akka sitti himanu; itti aansuun hiika jechoonni yemmuu walitti dhufanu qaban akka sitti himanu godhi. Garaagarummaa jara gidduu jiru gaafadhuun. Hubannoo jaraa mirkaneeffachuuf akka himoota ijaaranu itti himi.

Fakkeenyaaf

- Harka namaa ilaaluu.

  Jechhoonni sadan kun yoo qeenxeen ilaalaman hiika adda addaa qabu. Haata'u malee, yemmuu walitti dhufanu hiika kan biraa qabaatu: gargaarsa nama irraa eegu jechuu ta'a.Jechoonni haala kanaan walitti dhufanii hiika kan biraa agarsiisanu JECHAMA jedhamu.

Akka barattoonni jechamoota dabalataa sassaabanii daree keessatti dhiyeessanu godhi.

**Gilgaala 8: Shaakala Jechamaa**

**A.** 1. Mirgaan ooluu: Milkaa'uu

2. Sabbata hiikachuu: Yaada fixachuu; durbummaa dhabuu

3. Dubbii nyaachuu: waan tokko irra turuu
4. Harka qalleessa: Hiyyeessa
5. Bishaan taasisuu: Naasisuu
6. Madaa jaldeessa: Kan dafee fayyu
7. Qalbii rarra'uu: yaada kan hinfixanne/yaadda'uu
8. Fuunyaan bira: dhiyoo
9. Dugda galanii deemuu: akka waa hinuumamne ta'uu
10. Gaaddidduu dhabuu: osoo hin yaadamin/ulfina dhabuu

**B.** Himoonni barattootaan ijaaraman fudhatama qabaachuu jaraa ilaali.

**C.** Akka barattoonni sirriitti hojjetan mirkaneeffadhu.

## Barannoo 5: Caasluga

### Gochimaafi Gosoota Isaa

Kaayyoon barannoo kanaa akka barattoonni maalummaafi gosoota gochimaa addaan baasanuuf. Kana fiixaan baasuuf tooftaawwan armaan gadii fayyadamuu dandeessa:

- Hiika gochimaa gaafadhuun
- Fakkeenya akka siif kennanu gaafadhuun
- Kanaan yoo deebii hinarganne fakkeenya kennuun hiika jaraa gaafadhuun
- Gosoota gochimaa himoota keeessatti fayyadamuun akka barattoonni maalummaafi faayidaa jaraa sitti himanu gaafadhuun
- Akka gilgaalota dhiyaatan hojjetanu godhi.

**Gilgaala 9: Shaakala Gosoota Gochimaa**

A.

| | | | |
|---|---|---|---|
| 1. | Gochima faaldarbeeyyii | 2. | Gochima faaldarbeeyyii |
| 3. | Gochima darbeeyyii | 4. | Gochima walqabsiistuu |
| 5. | Gochima faaldarbeeyyii | 6. | Gochima ta'umsaa |
| 7. | Gochima faaldarbeeyyii | 8. | Gochima darbeeyyii |
| 9. | Gochima darbeeyyii | 10. | Gochima faaldarbeeyyii |

B. Himoonni barattootaan ijaaraman fudhatama qabaachuu jaraa ilaali.

C. Deebii barattoota harkaa fuudhi.

**Hennaa Murannaa**

Hennaan kun waan gara fuulduraa godhamu ibsuuf gargaara. Fakkeenya jireenya barattootaa irratti xiyyeeffatan fayyadami. Fakkeenyaaf, barattoota karoora jarri guyyoota dhufanu keessatti qabanu gaafachuu dandeessa. Tartiiba gilgaalonni ittiin dhiyaatan hordofuun barattoota shaakalsiisi.

**Gilgaala 10: Shaakala Hennaa Murannaa**

1. Waa'ee gara fuulduraa ibsu
2. Akka barattoonni fakkeenya dhiyaate fayyadamuun hojjetanu godhi
3. Keeyyanni jarri barreessanu wantoota gara fuulduraa uumamanu agarsiisu isaa hordofuun qajeelchi.

## Barannoo 6: Afoola

**Sirba Sirna Gadaa**

Gaaffiiwwan barannoo kana jalatti argamanu odeeffannoo ga'aa sassaabuun waan hojjetamanuuf, akka barattoonni qajeelfama kenname hordofanu gorsiin. Beekumsa ati dhimma kanarratti qabdu barattootaaf qoodi.

**Gilgaala 11: Shaakala Sirba Sirna Gadaa**

Akkuma duratti ibsame qajeelfama dhiyaate fayyadamuun gilgaala kana hojjechuu qabu.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

- Waa'ee Sirna Gadaa waan beektu natti himi.
- Fakkeenya jechamoota shan natti himi.
- Gochima jechuun maal jechuudha?
- Gosoota gochimaa fakkeenya waliin natti himi.
- Hennaan murannaa faayidaa akkamii qaba? Himoota hennaa kanaan ijaari.

## 5. Madaallii

Barattoonni wantoota armaan gadii hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu

- Dhaamsa dubbisa dhiyaatee ibsuu
- Dhimmoota ijoo irratti yaadannoo fudhachuu
- Dandeettiiwan dubbisuufi dubbachuu gabbiffachuu
- Hiika jechoota haarawaa tilmaamuu
- Hiika jechamootaa kennuu
- Gosoota gochimaa himoota keessatti fayyadamuu
- Hennaa murannaa himoota keessatti fayydamuu
- Sirba yeroo Sirna Gadaa sirbamu taphachuu

# BOQONNAA 13: INTARPIRAAYIZOOTA DALDALA XIXIQQAA

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni carraa ogummaawwan hedduu gabbiffachuu argatu. Dhimmi ijoo boqonnaa kanaa intarpiraayizoota dadala xixiqqaati. Dhimma kanarratti barattoonni shaakalawwan dhaggeeffachuu, dubbachuufi dubbisuu shaakalu. Gilgaaloonni warri kaan boqonnaa kana keessatti argamanu dhimma armaan olii akka ka'umsaatti fayyadamu. Gaaffiiwwan hubannoo dubbisa keessaa baa'ani deebisuun ala, barattoonni mata-dureewan hiika faallaa, sirna tuqaalee, walqabsiistootaafi, hennaa murannala jalatti ogummaawwan afaanii adda addaa gabbifatu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- dhaamsa dubbisa dhiyaatee addaan baasanii barreessu.
- jechoota haar'aa dubbisa keessaa bahaniif hiika faallaa kennu.
- hiika jechootaa akka galumsaatti tilmaamu.
- sirna tuqaalee barreeffama keessatti fayyadamu.
- walqabsiistoota barreeffama keessatti fayyadamu.
- hennaa muraanalaa himoota keessatti galchanii fayyadamu/barreessu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Dubbisuufi Dubbachuu
- Hiika Jechootaa Akka Galumsaatti
- Hiika Faallaa
- Sirna Tuqaalee
- Walqabsiistoota
- Hennaa Murannala

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Akkuma boqonnaawwan kanaan duraa keessatti ibsametti shaakala dhaggeeffachuu sadarkaa sadiin dhiyeessuun haala baruufi barsiisuu qindaa'inaan gaggeessuu ni dandaa'ama.Kanafuu, akka barattoonni jalqaba shaakala dhaggeeffachuun duraa keessatti dhimma dhiyaate ilaalchisee gaaffiiwwan dimshaashaa deebisanu godhi. Itti aansuun dubbisa ati dubbistuuf dhaggeeffachuun akka gilgaalota hojjetanu godhi. Dubbisa dhiyaate si'a sadii dubbisiif. Dhumarratti gilgaala yaada dubbisa dhaggeeffachuu bu'uureeffachuun qophaa'e muuxannoo yookiin haala qabatamaa naannoo jaraa waliin walqabsiisuun akka hojjetanu godhi.

**Dubbisa Shaakala Dhaggeeffannaaf Qophaa'e**

**Hojii Daldala Xixiqqaafi Muuxannoo Adde Yaadatee**

Ani Yaadateen jedhama. Haadha warraa yoo ta'u, ijoollee sadiin qaba. Abbaan warraa koo qonnaan bulaadha. Ani ammoo hiriyoota ganda koo keessatti argamanu waliin hojii dadala xixiqqaarratti bobba'een jira. Waggaa shan dura carraafi leenjii mootummaan kenneen dubartoota afur taanee waliin gurmoofne. Erga leenjii haala daldaalli xixiqqaa ittiin gaggeessamu fudhanne booda liqii mootummaan nu mijeesseen hojii adda addaa hojjechuu jalqabne. Hojiiwwan akaakuu sadii hojjechaa jira. Isaanis buddeen tolchanii manneen nyaataaf dhiyeessuu, suuqii xiqqaa shaaqaxni adda addaa itti gurguramu gaggeessuufi tajaajila rifeensa barreechuuti.

Hojiiwwan kana eergan hojjechuu jalqabe booda jireenya koo keessatti jijjiirama qabatamaa fiduu danda'eera. Hunda caalaa ijoollee koo haala gaariin barsiifachuu danda'eera. Fooyya'ina jireenya jaraa gara fuulduraatiif waan gaarii hojjechaan jira. Anis harka namaa ilaaluu dhiisee dafqa koon hojjedhee madda galii argachuun jireenya maatii koo fooyyessuu danda'eera. Karaa biraatiin tajaajilli amma nu ganda keenyatti kennaa jirru kanaan dura waan hintureef, ummanni osoo ganda irraa hinfagaatin waan barbaadanu argachuu danda'eera. Kana hojjechuu kootti hedduun gammada. Yemmuu hojii kana jalqabnu namoota afur turre. Amma nu dabalatee dhaabbileen keenya namoota kudhaniif carraa hojii uumaniiru. Kun

milkaa'uu isaatiin gammachuun dabalataatu natti dhagaa'ama. Kana malees, hojiiwwan kana hojjechuun bu'aa nu buusne bu'uureeffachuun kabajani ummanni nu kennu akka nu cimnee hojjenu godheera.

Karaa biraatiin, yoo hojii amma hojjechaa jirruun milkaa'uu dandeenyu illee, rakkoowwan muraasni nu qunnamaniiru. Yeroo hedduu hojii keenya babalisuuf kaapitaala dabalataa argachuuf yoo qaama mootummaa ilaalatutti gaafii dhiyeessinu illee, deebii quubsaa argachuu hindandeenye. Rakkoon malaammaltummaa hojii keenya irratti dhiibbaa gochaa jira. Kana malees, kaayyoon keenya yoo guddaa ta'e illee gargaarsi nu qaamoolee mootummaa irraa argachaa jirru quubsaa miti. Namoonni itti gaafatammummaa gargaarsa kennuuf bakka sana ta'an qulqullinaan nu keessummeessuuf fedhii hinqabanu. Kaayyoon keenyaaf ogummaan nu daldaalicha guddissuuf qabanu waliin deemuu hindandeenye. Leenjii dabalataa yoo barbaanne illee argachuu hindandeenye. Rakkoowwan keenya kana furuuf qamoolee mootummaa sadarkaa ol'aanaatti argamanu haasofsiisnee waadaa waan nu galaniif dhiyeenyatti waan furmaata argannu natti fakkaata. Kaayyoon nu guddannee biyya guddissuuf qabnu ni milkaa'a amantaa jedhun qaba. Muuxannoo koo irraa namoonni kaanis baratanii daldala xixiqqaa keessatti haalaan hirmaachuu qabu.

### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

Deebiiwwan barattoonni kennanu harkaa fuudhuun akka jarri dubbisa ati dubbistuuf erga dhaggeeffatan booda irra deebi'anii ilaalanu itti himi.

### Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

1. Carraafi leenjii mootummaan kenneef
2. Ijoollee ishee barsiiffachuu, galiin of danda'uu, gammachuu argachuu
3. Namoonni waan barbaadanu dhiyeenyatti argachuu isaanii; carraa hojii uumuu isaanii
4. Kaapitaala dabalataa dhabuu; malaammaltummaa
5. Qaamolee ol'aanaa haasofsiisaniiru

### Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Deebii barattootaa irraa fuudhi.

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

Kutaan kunis akkuma boqonnaawwan armaan duraatti qindaa'e. Barattoonni gaaffiiwwan waliigalaa dhimma dhiyaate irratti gareen akka mari'atanu godhi. Kun akka barattooonni gilgaalota itti aananii dhufan osoo hinhojjetin dura qophii godhan gargaaraan. Itti aansuunn gaaffiiwwan shaakala yeroo dubbisuu jalatti kennaman irratti hundaa'uun dubbisa dhiyaate saffisaaan yookiin sakattaa'an akka dubbisanu godhi.

'Gilgaala 5' jalatti gaaffiiwwan argamanu akkuma ibsametti akka hojjetanu gorsiin. Bakka keeyyata odeeffannoon itti argamu dubbisuun deebii barbaachisaa argachuu danda'u. Shaakala jechootaa ilaalchisee barattoonni gilgaalota lama hojjetu. Inni jalqabaa hiikawwan kennamaniif jechoota fakkaattii dubbisa keessaa barbaachuu qabu. Kanaafuu, fakkeenya kennuun jalqabi. Inni lammaffaan hiika faallaa irratti xiyyeeffata. Dhumarratti akka barattoonni jechoota kanaaf himoota ijaaruun beekumsa jaraa gabbifatanu godhi.

### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Deebii barattootaa harkaa fuudhi. Deebii jarri kennanu yaada dubbisa keessatti dhiyaate waliin walbira qabanii akka ilaalanu gorsiin.

### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. 1. Maalummaafi faayidaa intarpiraayizoota daldaala xixiqqaa(IDX)

2. Keeyyata1: Hiika IDX

Keeyyata 2: Amala IDX

Keeyyata 3 IDXfi dinagdee biyya tokkoo

Keeyyata 4: Kaayyoo IDX

B 1. dhugaa  2. soba

3. soba  4. soba

5. soba

**C. 1.**

A. muraasa  B. hedduu

C. cimsachuu  D. dhiibbaa

E. hariiroo  F. ga'ee

G. fiixaan baasuu  H. diigamuu

I. walakaan J. qalbeeffachuun

2.

A. gurguddaa F. baay'isuu

B. hedduu G.cimaa

C. murtaa'a H.miidhaa

D.baasii

E.dhokataa

3. Himoota fudhatamaa ijaaruu jaraa mirkaneeffadhu

**Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Sirriitti daawannaa gochuu jaraa hordofuu qabda. Miseensonni garee hundu hojii kana keessattii hirmaachuu jaraas mirkaneeffadhu.

## Barannoo 3: Sirna Tuqaaleee

**Haammattuufi Raajeffannoo**

Sirni tuqaalee barreeffama keessatti qooda guddaa qaba.Akka waanti nu barreessinu haala qindaa'eefi ifaan dhiyaatu nu gargaara. Kanaafuu xiyyeeffannaa argachuu qaba. Osoo gilgaala dhiyaate hin hojjechiisin dura fakkeenyaafi faayidaa sirna tuqaalee barattoota gaafadhu.

**Gilgaala 7: Shaakala Sirna Tuqaalee**

**A.**

1. Maal taatanii as dhuftan, Obbo Badhaasaa?
2. Gadaan Oromoo waggaa saddeetiin marsa.
3. Booyyeen, waraabessi, karkaroofi leenci fakkeenya bineensota daggalaati.
4. An bade!
5. BBOn(Biiroo Barnoota Oromiyaa) Finfinnee keessatti argama.
6. Walitti dhufeenyi keenya waan rakkoo qabu sitti hinfakkaatu?
7. Kun waan nama ajaa'ibsiisudha!
8. Waggaa baranaa sirriitti qo'achuu, bakkeewwan seena-qabeessa ta'an daawachuu, namoota rakkatan gargaaruufi yaada namaa dhaggeeffachuun kaayyoowwan kooti.

9. Maaltu akkas si godhe?
10. Shan taanee dhufuu dandeenyaa?

B. Deebii barattootaa harkaa fuudhi. Akka isaan yaadannoo kenname dubbisan gorsiin.

C. Akka barattoonni deebii sirrii kennan mirkaneeffadhu.

## Barannoo 4: Barreessuu

### Walqabsiistoota

Akkuma kanaan dura ibsame walqabsiistoonni barreeffama keessatti faayidaa guddaa qabu. Faayidaan jaraa yaadawwan haala qindaa'een dhiyeessuun walta'insa(logical flow of ideas) uumuuf.

**Yaadannoo**

***Gosoota Walqabsiistuu***

***Walqabsiitoota of danda'oo***

Jarri kun himoota lama of dandaa'an walitti qabsiisuuf gargaaru. Fakkeenyaafi

- akkasumas
- ammoo
- kana malees
- haata'u malee
- yookiin
- kanaafuu
- moo
- fi
- garuu
- ta'ullee

Fkn: Sanbatoon barataa cimaadha, haata'u malee altokko tokko hojii garee keessatti hirmaachuu hinfedhu.

**Walqasiitoota Hirkatoo**

Himoonni walqabsiitoonni kun keessa jiranu of dandaa'anii hindhaabbatanu. Fakkeenyaaf

- Akkuma
- Erga/eega
- Otoo…dura
- Erga…booda
- Yoo…malee
- Akka…ttii
- Osoo/utuu
- Yammuu
- Yennaa
- Hanga…tti

<u>Osoo nyaata hin nyaatin dura</u>, <u>Badhaasaan harka isaa dhiqate</u>.

Ciiroo hirkatoo hima/ciroo of danda'aa

'Osoo nyaaata hin nyaatin dura' isa jedhu keessatti 'osoo…dura' walqabsiistu hirkatoodha. Kana irraan kan ka'e himni of danda'oo ture gara ciroo hirkatootti jijjiiramuu danda'eera.

Ibsa kana fakkeenya adda addaa fayyadamuun barattootaaf ibsi. Barattoonni walqabsiistoota kana himoota lama walqabsiisuu qofaa osoo hinta'in keeyyata keessatti fayyadamuu shaakaluu qabu. Keeyyata dabalataa fiduun akka kana shaakalanu godhi.

**Gilgaala 8: Shaakala Walqabsiisotaa**

1. A. Yaada dabalataa ibsuuf
   B. Fakkeenya kennuuf
   C. Karaa biraatiin
   D. Yaada addaa
   E. Kun yoo hintaane
   F. Yaada waliigalaa dhiyeessuuf
2. A. Dammeen bifa barreedaa qabdi; kana malees, amala dansa qabdi. Yookiin, Dammeen bifa barrreedaafi amala dansa qabdi.
   B. Waggaa kana sirriitti qayyabadheera; kanaafuu qabxii gaarii akkan galmeessisu amantaa guddaa qaba.
   C. Badhaatuun kubbaa saaphanaa taphachuu jaalatti; Magartuun garuu kubbaa…
   D. Barumsa kee haalaan hordofi; ykn/yoo ta'u baate hiriyoota kee…
   E. Jaarraan aanan dhuguufi marqaa nyaachuu jaalata.
   F. Mana yaalaa deemuu moo mana turuu barbaadda?
   Barattoonni deebii biraa qabaanaan harkaa fuudhi.
3. Yookiin, kan akka, ammoo, yoo, yookiin

## Barannoo 5: Caasluga

**Hennaa Murannalaa**

Osoo maalummaa hennaa kanaa hinibsin dura akka barattoonni gaaffiiwwan dhiyaatan deebisanu itti himi. Himoota dhiyaatan maaltu akka walfakkeessu gaafadhuun. Itti aansuun maalummaafi faayidaa hennichaa ibsiif.

**Gilgaala 9: Shaakala Hennaa Murannalaa**

A. 1. Dhufuus hafuus ni danda'u
   2. Shubbisuus shubbisuu dhiisuus ni danda'a.

3. Deemuu, deemuu dhiisuus ni danda'u.
4. Nyaachuus nyaachuu dhiisuus ni dandeenya.

B. Akka deebii barattootaa sirrii ta'e mirkaneeffadhu.

## 4. Gaaffiiwwan keessa Deebii

- Interpiraayizoota daldala xixiqqaa dinagdee biyyaaf bu'aa akkamii buusu?
- Hiika faallaa jechuun maal jechuudha? Fakkeenya muraasa natti himi.
- Faayidaan sirna tuqaalee maal fa'i?
- Faayidaa sirna tuqaalee boqonnaa kana keessaatti dhiyaatan fakkeenya waliin barreessi.
- Walqabsiistoonni faayidaa akkamii qabu?
- Gosoota walqabsiistootaa addaan baasii barreessi. Himoota keessattis fayyadami.
- Faayidaan henna muranaalaa maali? Fakkeenya muraasa kenni.

## 5. Madaallii

Barattoonni wantoota armaan gadii hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu:

- Faayidaa interpiraayizoota daldala xixiqqaa ibsuu
- Gaaffiiwwan hubannoo dubbisa irratti hundaa'anii deebisuu
- Bu'aa gurmaa'inni qabu ibsuu
- Hiika faallaa jechootaa kennuu
- Hiika jechootaa haala galumsaatiin tilmaamuu
- Sirna tuqaalee barreeffama keessatti fayyadamuu
- Walqabsiistoota barreeffama keessatti fayyadamuu
- Hennaa murannalaa himoota keessatti galchanii fayyadamuu

# BOQONNAA 14: BALAA BEELAA BIYYOOTA ADDUNYAA 3FFAA KEESSATTI

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni rakkoowwan biyyoota Addunyaa 3ffaa keessa jiranu keessaa isa tokko irratti hundaa'uun shaakalawwan adda addaa hojjetu. Odeeffannoo sassaabuun sababiiwwan balaa adda addaafi furmaata isaanii irratti marii gaggeessu. Ogummaawwan dubbisuufi dhaggeeffachuu jaraa gabbiffachuuf gaaffiiwwan hubannoo garagaraa fayyadamuun shaakala hedduu hojjetu. Hiika jechootaa akka galumsa jaraatti tilmaamu. Caasluga jalatti gochibsaafi akaakuu isaa addaan baasuu shaakalu. Karaa biraatiin barreeffama keessaa sababaafi bu'aa addaan baasuu shaakalu. Shaakala barreessuu keessatti amaloota keeyyataa hubachuun keeyyattoota garagaraa barreessu; warreen dhiyaatan ammoo ni qaacceessu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- dhaamsa dubbisaa addaan baasanii himu.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin tilmaamu.
- gochibsaafi akaakuu isaa addaan baasanii barreessu.
- sababaafi bu'aa addaan baasu.
- amaloota keeyyataa hubachuun keeyyata barreessanii qaacceessu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Dubbisuufi Dubbachuu
- Caasluga: Gochibsaafi Akakuu Isaa
- Sababaafi Bu'aa
- Amaloota keeyyataa
- Keeyyata Qaaceessuu

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Shaakala kana keessatti barattoonni akkamitti sababniifi bu'aan akka ibsamu hubannoo argatu. Yeroo hedduu sababaafi bu'aa ibsuuf jechoota akka 'sababni isaa, kun kan ta'uu danda'e, maddi kanaa, kana irraan kan ka'e, waan kun akkas ta'eef, kanaafuu' fi warra biraa fayyadamna. Kanaafuu, yemmuu dubbisa ati dubbistu dhaggeeffatanu jechoota/walqabsiitoota sababaafi bu'aa ibsuuf gargaaranu irratti akka xiyyeeffatanu gorsiin.

**Dubbisa Shaakala Dhaggeeffachuuf Qophaa'e**

**Maaliif Rakkoon Nutti Dedeebi'a?**

Dubbisa kana keessatti rakkoowwan biyyoota Addunyaa 3ffaa keessatti dedeebi'uun muudatanu ilaaluuf yaalla. Maaliif rakkoowwan kun uumamu? Dhiibbaawwan akkamii fidu? Maaltus godhamuu qaba? Gaaffiiwwan kana deebisuuf yaalii goona.

Rakkoowwan biyyoota kana muudatanu keessaa, beelli isa tokkoofi kan attatamaan hiikamuu qabuudha. Karaa biraatiin dhibbeewwan kan akka busaa, HIV/AIDS, malaammaltummaafi kkf irra dedeebi'uun miidhaa guddaa geesisaa turan; geesisaas jiru. Rakkoowwan kun akka uumamanu kan sababa ijoo ta'e hiyyummaa yookiin guddina diinagdeetiin boodatti hafuu jaraatti. Biyyoonni kun yoo qabeenya uumaan badhaa'an illee, qabeenya kana guddina jaraa arifachisuuf faayidaa irra hinoolchine. Kun ammoo dandeettii dhabuu irraa madduu danda'a. Kana malees, abbootiin taayitaa bu'aa dhuunfaaf malee guddina biyyaatiif dhimmamanii hin hojjetanu.

Maddi rakkoowwan kan biraa biyyoota kana keessatti mul'atanu uumama waliin walqabata. Fakkeenyaaf, beelli gochaawwan namootaatiin yoo uumamuu danda'e illee, yoo roobni roobuu dide namoonniif beeladoonni adda addaa miidhamuu danda'u. Kun ammoo namoota diinagdee keessatti hirmaachuu dandaa'anu dhabamsiisa.Diinagdeen biyyaa yoo boodatti hafu, guddinni waliigalaa biyya sanaas boodatti hafaa ta'a.

Rakkoowwan kaan ammoo beekumsa, dandeettiifi ogummaawwan barbaachisaa

ta'an dhabuu irraa dhufuu ni malu. Fakkeenyaaf, biyyoonni kun laggeen adda addaa yoo qabataan illee, haala jallisiitiin qonnaaf fayyadamuu hindandeenye. Kunis, akka ummanni jaraa deegaan jiraatanu dirqisiiseera. Ummanni hedduun biyyoota kana keessa jiraatu humna elektriikaa argachuu hindandeenye. Kunis qabeenya bishaanii itti fayyadamuu dadhabuu irraa kan dhufe.

Rakkoowwan kana furuuf tarkaanfiin adda addaa fudhatamaa akka jiru ragaan ni muli'sa. Haata'u malee, carraaqiin godhamaa jiruuf ballinni rakkoowwan ummataa walsimuu hindandeenye. Kanaafuu, maaltu godhamuu qaba? Tarkaanfiiwwan armaan gadii yoo hojii irra sirriitti oolan yeroo booda jijjiiramni qabatamaan dhufuu danda'a:

- Qabeenya uumaa haalaan itti fayyadamuu
- Malaammaltummaa to'achuun misooma irratti xiyyeeffachuu
- Muuxannoo biyyoota biraa itti fayyadamuu
- Ummata haalaan barsiisuu
- Barnoonni kennamu rakkoowwan adda addaa hiikuuf akka gargaaru mirkaneessuu.

**Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

1. Rakkoowwan biyyoota Addunyaa 3ffaa keessa jiranu, sababiiwwan jarri ittiin uumamanu, dhiibbaa jarri fidanu, tarkaanfii jara furuuf fudhatamuu qabu
2. beela, HIV/AIDS, busaa, malaammaltummaa, dhabamniisa elektriikaa, kkf
3. barumsa dhabuu; hiyyummaa; rooba dhabiinsa; malaamaltummaa, kkf
4. boodatti hafumaa; du'iinsa namoota hojjechuu dandaa'aniif, kkf
5. qabeenya haalaan fayyadamuu; barnoota babalisuu; muuxannoo biyyoota biraa irraa barachuu kkf.

**Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

Shaakalawwan barannoo kan jala jiranu hojjechiisuuf tooftaawwan boqonnaawwan kanaan duraa keessatti ibsaman fayyadami.

### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

### Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A.

1. Deebii barattootaa harkaa fuudhi. Kun jarri hangam himoota hedduu hima tokkoon ibsuu akka danda'an agarsiisa.
2. Jijjiirama qilleensaa; dhukkuba adda addaa; balaa beelaa
3. Jijjiirama qilleensaa, boodatti hafummaa, baayina ummataa, malaammaltummaa, kkf
4. A. baayina ummata Niijeer hanqina nyaataaf saaxilame
   B. Bara beelli ba'a Afriikaatti uumame
   C. Waggoota kudhan biyyoonni Eeshiyaa keessaa rakkina beelaaf itti saaxilaman
   D. Bara kanaan namoonni rakkoo beelaan miidhaman miliyoona 1023 ture
   Warra hafan haaluma kanaan akka deebisanu gargaariin.
5. Itoophiyaa, Somaaliyaa, Bootsiwaanaa, Hindii…
6. A. gita beelaa
   B. balaa beelaaf saaxilamuu
   C. dhibeewwan kan akka garaa kaasaa, oldeebisaa, weessii
   D. balaa beelaa
   E. Afriikaa

**B.** 1. nyaata 2. lafa qonnaa

3. rakkoo ta'e jalaa ba'uu dadhabuu 4. sooressa
5. bakka gudda kennuu
6. waa namaa hojjechuuf seeraan ala qarshiifi wantoota biraa nama irraa eeguu
7. namoota umriin guddoo/jaarsolii 8. hamma ta'e

9. shaalaguu 10. rakkateera

C. akka barattoonni himoota fudhatamaa qaban ijaaran mirkaneeffadhu.

**Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

## Barannoo 3: Sababaafi Bu'aa

Akkuma armaan dura ibsame barattoonni walitti dhufeenya yaadawwan gidduu jiru tooftaawwan adda addaa fayyadamuun addaan baasuu shaakaluu qabu. Jechootaafi walqabsiistoota akka fayyadamanii sababaafi bu'aa addaan baasuu dandaa'anu fakkeenyaan itti agarsiisi. Fakkeenya jechootaafi walqabsiistootaa "Mala Baruu- Barsiisuu" jalatti kennaman fayyadami. Shaakala kana sadarkaa sadiin hojjechiisi:

- Akka barattoonni HIMA keessaa sababaafi bu'aa addaan baasanu
- Akka barattoonni KEEYYATA keessaa sababaafi bu'aa addaan baasanu
- Akka barattoonni dubbisa dheeraa(jalqaba boqonnaa kanaatti dhiyaate) keesssaa sababaafi bu'aa addaan baasanu

**Gilgaala 7: Shaakala Sababaafi Bu'aa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi. Akka jarri himoota fudhatama qabanu ijaaranu hordofi.

## Barannoo 4: Caasluga

### Gochibsaafi Akaakuu Isaa

Yemmuu barannoo kana dhiyeessitu fakkeenya barattoonni kennanu haalaan fayyadami.Gochibsaafi gosoota isaa fakkeenya keessa galchuun akka barattoonni addaan baasanu godhi. Tartiiba gilgaalawwan ittiin dhiyaatan hordofi. Ibsa dheeraa kennuurraa faayidaa isaa fakkeenya keessatti agarsiisuuf yaali. Dubbisa jalqaba boqonnaatti dhiyaate keessaas akka barattoonni gosoota gochimaa addaan baasanuuf faayidaa jaraa ibsanu fakkeenya kennuun gargaariin.

**Gilgaala 8: Shaakala Gochibsaa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

## Barannoo 5: Barreessuu

Kaayyoon barannoo kanaa akka barattoonni ulaagaalee yookiin amaloota keeyyataa hubatanii keeyyata barreessanuufi qaacceessanu. Keeyyata qaacceessuun dura maalummaafi amaloota keeyyataa baruu qabu. Ibsa kitaaba barataa keessatti kennameefi yaadawwan dabalataa kee fayyadamuun shaakalawwan dhiyaatan hojjechiisi. Haala baruu-barsiisuu keessatti wantoota armaan gadii irratti xiyyeeffadhu yookiin gaaffiiwwan armaan gadii fayyadami:

- Keeyyata jechuun maal jechuudha?
- Keeyyanni tokko keeyyata gaariidha kan jedhamu yeroo akkamiitti yookiin maalfaa yoo qabaatedha?
- Keeyyata tokko qaacceessuuf yookiin madaaluuf ulaagaalee akkamii fayyadamna?

### Gilgaala 9: Shaakala Amaloota Keeyyataa

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

- Rakkoowwan biyyoota Addunyaa 3ffaa keessatti irra caalaa mulatanu keessaa fakkeenya muraasa kenni
- Gochibsa jechuun maal jechuudha?
- Akaakuu gochibsaa fakkeenya waliin natti himi.
- Sababaafi bu'aa addaan baasuuf jechootaafi walqabsiistoota fayyadamuu dandeenya. Fakkeenya muraasa barreessi.
- Himoota sababaafi bu'aa agarsiisanu shan barreessi.
- Keeyyanni gaarii amaloota akkamii qaba?
- Keeyyata yemmuu qaacceessitu ulaagaalee akkamii fayyadamta?

## 5. Madaallii

Barattoonni wantoota armaan gadii hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu.

- Dhaamsa dubbisa dhiyaatee ibsuu
- Hiika jechootaa haala galumsaatiin barreessuu
- Gochibsaafi akaakuu isaa addaan baasanii ibsuu
- Keeyyataafi amaloota keeyyataa barreeffamaan qaacceessuu
- Hima, keeyyataafi dubbisa dheeraa keessaa sababaafi bu'aa addaan

# BOQONNAA 15: FAAYA MORMAA

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun og-baruu irratti xiyyeeffata. Jalqaba boqonnichaatti barattoonni asoosama dubbisuun gaaffiiwwan adda addaa deebisu. Asoosama dhiyaates ni qaacceessu. Kun maalummaa, garaagarummaafi caacculee asoosamaa ilaalchisee beekumsaafi ogummaa jaraa gabbifachuuf carraa kennaaf. Karaa biraatiin barattoonni jechoota akka galumsaatti hiikuu shaakalu. Jechoota waliin deemanus ni gabbifatu. Qoosaafi baacoo adda addaas ni gabbifatu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- yaada ijoo asoosamaa hubatu.
- tokkummaafi garaagarummaa asoosamaafi alasoosamaa barreessu.
- hiika jechootaa haala galumsaan tilmaamu.
- jechoota waliin deemanu himu.
- maalummaafi caacculee asoosamaa xiinxalu.
- qoosaafi baacoo adda addaa gabbifatu.

## 2. Qabiyyee

- Dubbisuufi Dubbachuu
- Hiika jechootaa
- Jechoota waliin deeman
- Maalummaafi Caacculee Asoosamaa
- Qoosaafi Baacoo

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

### Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

Barannoo kana keessatti akka barattoonni hubannoo dhimmoota armaan gadii irratti gabbifatanuufi faayidaa irra oolchanu mirkaneeffadhu

- Maalummaafi caacculee asoosamaa
- Tokkummaafi garaagarummaa asoosamaafi alasoosamaa
- Asoosama qaacceessuu

Kana fiixaan baasuuf tooftaawwan armaan gadii fayyadamuu dandeessa:

- Mata-dureewwan armaan olii irratti marii gabaabaa barattoota waliin gaggeessi
- Dura garuu akka barattoonni gareen gaaffiiwwan dhiyaatan irratti mari'atanu godhi
- Erga dubbisa dhiyaate dubbisani yookiin asoosama qaacceessan booda yoo deebii jaraa duraan kennan irratti yaada dabalataa qabatan gaafadhuun
- Tartiiba gilgaalotaa kitaaba barataa keessatti dhiyaatan hordofi

**Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhuun waan hafe itti dabali.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

A. 1.Barattoota gargaaruuf caasaan asoosamaa haala sadiin akka ilaalamuu danada'u itti himi: gochaawwan jalqaba asoosamaa, dhimmoota gidduu asoosamichaatti raawwataman; dhuma asoosamaatti waan uumame. Jara kana gabaabaan kaa'uu qabu.

2. Namoota asoosamicha keessatti hirmaatan addaan baasanii akka barreessanuuf ga'ee jarri taphatanu haa barreessan.
3. Gochaawwan asoosama keessa jiranu yoomiifi eessatti raawwataman?
4. Jalqaba abbaa warraafi Addee Gameettii giduu; Addee Gameettiifi Addee Giiftoo, warra kaanis akka barattoonni addaana baasanu, bu'aan waldiddaa yaadaa maal akka ta'e gaafadhuun.
5. Waan barattoonni irraa baratan gaafadhuun. Dhaamsi tokko 'akka ebaluu ta'uun qolee nama cabsa' ta'uu ni mala.

**B.** 1. harka qalleessa 2. qananii 3. hawwiin
4. rifachuu 5. taayitaa 6. qusataan
7. haaraa 8. faaya 9. ogummaa
10. shubbisaa 11. kabaja 12. raawwatame
13. qaanofte 14. abdii 15. dhokachaa

**C.** 1. naasuudhaan 2. kutachuutiin 3.leeyyaasisaa
4. hawwii 5. abboottii taayitaa 6. waa hojjechuuf kakuu galuu

7. liqiidhaan 8. harkaan qabdee
9. qarshii yeroo murtaa’e booda namaa deebi’u 10. barreedduu

**Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Yaada barattootaa harkaa fuudhi.

## Barannoo 2: Jechoota Waliin Deeman

Beekumsi namni tokko jechoota ilaachisee qabu karaa adda addaattiin xiinxalamuu danda’a. Hiika jechootaa, akka jarri ittiin sagaleessamanu, qubeeffamanu, hiika keesatti faayidaa irra oolanuuf dhimmoota kaan kaasuu dandeenya. Jecha jecha biraa waliin deemu hubachuunis qamaa beekumsa namni tokko jechoota ilaalchisee qabu keessatti ramadama. Fakkeenyaaf ‘bunni ni dhaabama’ jechuu dandeenya. Haata’u malee, ‘bunni ni hojjetama’ jechuun fudhatama hinqabu. Kanaafuu, jechoonni ‘bunni’ fi ‘dhaabuun’ waliin deemu. ‘Bunaafi hojjechuun’ waliin hindeeman.

Yemmuu barannoo kana dhiyeessitu fakkeenya jechoota waliin hindeemne gabatee guraacharratti barreessuun akka barattoonni yaada itti kennanu gaafadhuun. Achii akka jarri jechoota fudhatama qabanu sitti himanu gaafadhuun. Dhuma shaakalawwan irratti akka barattoonni jechoota waliin deeman himoota keessatti fayyadamuun agarsiisanu godhi. Kun beekumsa jaraa bu’uura cimaa irratti akka ijaaranu gargaaraan.

**Gilgaala 4: Shaakala jechoota Waliin Deeman**

A. 1, 2, 4, 5, 7, 9

B.1.kenna/laata 2. fudhachuu 3. saffisaa
4. ba’uun 5. taphachuun 6. qabamuun
7. furuuf 8. kennuun 9. hojjechuun
10. gaggeessuun

## Barannoo 3: Afoola

### Qoosaa/Baacoo

Kun gosoota afoolaa ta’anii haala nama bashannansiisanuufi barsiisanuun yaada adda addaa dabarsuuf gargaaru. Akka barattoonni waa’ee baacoofi qoosaa hubannoo horatanu gargaariin. Tooftaawwan armaan gadii fayyadamuu dandeessa:

- Maalummaafi faayidaa qoosaafi baacoo gaafadhuun
- Fakkeenya adda addaa akka siif kennanu gaafadhuun
- Akka barattooonni muraasni daree keessatti baacoofi qoosaa dhiyeessanu carraa kenniif; hiika baacoofi qoosaa dhiyeessan akka hiriyoota jaraa gaafatanu itti himi
- Bakka yookiin yeroo qoosaafi baacoon faayidaa irra oolu irratti yaada jaraa gaafadhuun(qabiyyee qoosaafi baacoo giddu-galeessa gochuun bakka kamitti akka faayidaa irra oolanu)
- Atis qoosaafi baacoo beektu, warreen barumsa barattootaaf kennuu malan daree keessatti dhiyeessuun waan irraa baratan gaafadhuun
- Gilgaala dhiyaate akka hojjetanu godhi.

**Gilgaala 5: Shaakala Qoosaa/Baacoo**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

- Asoosama jechuun maal jechuudha?
- Asoosamaafi alasoosama gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?
- Ruqoota asoosamaa ibsi.
- Amaloota asoosamaa gabaabaafi asoosama dheeraa ibsi.
- Asoosama qaacceessuuf ulaagaalee akkamii fayyadamuu qabna?
- Jechoonni waliin deemu yemmuu jennu maal jechuudha? Fakkeenya kennuun agarsiisi.
- Qoosaafi baacoon faayidaa akkamii qabu?

## 5. Madaallii

Akka barattoonni wantoota armaan gadii hojjechuu danda’an mirkaneeffadhu:

- Maalummaafi faayidaa asoosamaafi alasoosamaa ibsuu
- Tokkummaafi garaagarummaa asoosamaafi alasoosama ibsuu
- Ruqoota asoosamaa addaan baasuu
- Hiika jechootaa kennuu
- Jechoota waliin deeman fayyadamuu
- Qoosaafi baacoo adda addaa waliti himuu danda’uu isaanii

# BOQONNAA 16: XALAYAA BARREESSUU

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaan kun waa'ee xalayaa barreessuu irratti xiyyeeffata. Karaa shaakalawwan boqonnaa kana keessatti dhiyaataniin barattoonni faayidaafi akaakuu xalayaa ilaalchisee hubannoo ga'aa argatu jedhamee yaadama. Kana malees, qabiyyee, qaamaafi akaakuuwwan xalayaa akkamitti akka barreeffamanu hubannoo argatu.Jalqaba boqonnichaa irratti dubbisa 'Xalayaa dogoggoraan Dhufe' dhaggeffachuun gaaffiiwwan hubannoo deebisu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- gaaffiiwwan hubannoo deebisu.
- faayidaafi akaakuu xalayaa himu.
- qabiyyee  xalayaafi akkaataa xalayaan itti barreeffamu himu.
- xalayaa akaakuu adda addaa barreessu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Kutaawwan xalayaa
- Gosoota xalayaa
- Xalayaa Erguu

## 3. Mala Baruu-Barsiisuu

### Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Jalqaba barannoo kanaatti barattoonni waa'ee xalayaa barreessuu waan beekanuufi muuxannoo xalayaa barreessuu ilaalchisee qabanu walii qoodu. Kun kan ta'uu qabu osoo dubbisa shaakala dhaggeeffachuuf dhiyaate

hindhaggeeffatin dura. Xalayaa dhiyaate yemmuu dubbistu akka nama haasa'aa jiruutti yoo ta'e qalbii barattootaa hawwachuu dandeessa. Ogummaa barattootaa irratti hundaa'uun si'a meeqa akka dubbisuu qabdu murteessi. Akka waliigalaatti kan gorsamu garuu yoo al sadii dubbisteedha.

**Dubbisa Shaakala Dhaggeeffachuuf Qophaa'e**

**Xalayaa Dogoggoraan Dhufe**

Waggaa 10 dura barattuu kutaa 11n ture. Guyyaa Wiixataa, sa'a afuritti ture. Gara gabatee maqaan warri xalayaan dhufeef itti maxxanfamuuttin deeme. Maqaan koo sadaffaa irratti barreeffamee ture. Tartiiba koo eeggadhee, waraqaa eenyummaa agarsiisuun xalayicha fudheen gara dareetti deebi'e. Maqaan koo sirriitti dugda poostaa irratti barreeffamee jira. Haata'u malee, maqaa nama xalayaa naa ergee takkaa dhagaa'ee hinbeeku. Gammachuu Lammeessaa jedha. Poostaa biinxee xalayicha dubbisuuf hinariifanne.

Yemmuu saa'a 6 ta'u daree keessaa ba'ee gara manaa deemuun jalqabe. Yaada ta'etu gidduutti natti dhufe. Tarii nama ana beekutu maqaa isaa jijjiiree barreesse ta'a jedheen shakkii duraan qabu of keessaa balleesse. Mana ga'ee osoo laaqana hin nyaatin dura xalayicha dubbisuun jalaqabe, "Mallattoo jaalala dhugaa! Mallattoo gaarummaa!" Afuurri na cicituu  jalqabe. Waan itti aanee dhufu baruufin barbaade. "Yoon sidhaba  ta'e akkan lubbuun hin jiraanne na caalaa situ beeka. Sirraa fagaadhee jiraachuun koo jaalalaan siif qabu dachaan dabaleera." Amma tokko xalayicha dubbisuu addaan kuteen yaaduu jalqabe. Xalayaa dogoggoraa ta'uu isaan hubadhe. Haata'uu malee dubbisuu dhiisuuf obsan dhabe. " Akkuma walii galletti cidha keenya ji'a lama gidduutti godhanna. Torban tokko booda nan dhufa. Barreedduu koo, yemmuun xalayaa kana barreessaa ture suuraan kee waraqaa irratti irra dedeebi'ee dhufuun…" Dhuma xalayaatti to'annaa koo malee imimmaan narra gadi yaa'aa xalayicha tortorse.

Xalayaa dogoggoraan dhufe yoo ta'e illee guyyaa sadii booda deebii barreessuufin murteesse. Deebii koo keessatti dinqisiiffannaan isaaf qabu ibseen akka cidhi jaraa milkaa'u fedhii koo ibse. Ji'a afur booda xalayaa kan biraatu na qaqqabe. Waan nama gaddisiisu of keessaa qaba ture. Kaadhimaan isaa balaa konkolaataan

lubbuun ishee akka darbe natti hime. Boo'icha gaafa sana boo'e yoommiyyuu hinirraanfadhu.

Xalayaa walii barreessuu itti fufne. Waggaa xalayaan dogoggoraa naaf dhufetti qaamaan wal arguu dandeenye. Turtii keessa haalaan wal barre. Amma bultii hundeessinee waliin jiraachaa jira. Ijoollee sadii godhachuus dandeenyeera. Yoo duuti kaadhimaa isaa na gaddisiise illee, guyyaa xalayaan sun naa dhufe yoommiyyuu hin dagadhu!

**Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

1. Sababiiwwan adda addaatiif: fira nagaa gaafachuuf, hojiif iyyannoo galfachuuf, odeeffannoo argachuuf
2. Yaadawwan barattootaan kennaman harkaa fuudhi
3. Ibsa kitaaba barataa keessa jiruuf ibsa armaan olitti kenname ilaali

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

1. Soba(Maqaan ishee hinkennamne)
2. Soba(eega bantee dubbisuu jalqabde booda barte)
3. Soba(yoo jaalala ibseef illee, nama biraaf barreeffame)
4. Dhugaa( kun ifaan dubbisa keessatti ibsameera)
5. Soba(lubbuun ishee darbeera)

**Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

1. Waggaa kudhan dura akka xalayaan ergameef
2. Akka xalayichi dogoggoraan ishee bira dhufe
3. Xalayaa walii barreessuun bultii uumuu akka danadaa'an
4. Deebiin barattootaa akka yaadawwan xalayaa keessatti kaa'an waliin walfakkaatan ilaali.

## Barannoo 2: Barreessuu

### Kutaawwan Xalayaa

Barannoo kana yemmuu barsiistu gilgaala kenname yookiin xalayaa kanaan dura qophaa'e(fakkeenyaaf mana barumsaa ati itti barsiistuun qophaa'e ) fayyadamuu dandeessa.

**Gilgaala 4: Shaakala Qaamolee Xalayaa**

A. 1. C 2. A. 3. D 4. B

B. Xalayaa firaa

1. C 2. F 3. E 4. A 5.B 6. D

C. 1. C 2. F 3. E 4.B 5. A 6.D

## Gosoota Xalayaa

Gilgaallawwan kutaa kana jalatti dhiyaatan dhuunfaan akka hojjetanu itti himi. Itti aansuun cimdiin akka deebii jaraa irratti mari'atanu godhi. Dhuma irratti waliin deebii irratti yaada walii galaa kaa'aa.

Yemmuu xalayaa adda addaa barreessanus akka cimdiin hojjetanu godhi. Abbaan tokko yemmuu barreessaa xalayaa ta'u inni kaan ammoo xalayichaaf deebii laata. Haala kanaan ga'ee jaraa jijjiiraa ogummaa xalayaa barreessuu gabbiffachuu danda'u.

**Yaadannoo**

Gosoonni xalayaa kaayyoo , qaamoleefi haala ittiin barreeffamanuun addaan ba'uu danda'u. Fakkeenyaaf, xalayaan michuu, fira nagaa gaafachuuf, affeerraa walii gochuuf, gaddaafi gammachuu ibsuuf barreeffamuu danda'a. Walitti dhufeenyi namoota xalayaa akkasii walii barreessanu waan beekumsa yookiin firummaa irratti hundaa'eef jechoota al-idilee fayyadamuu danda'u. Karaa biraatiin yemmuu xalayaan hojii barreeffamu of eeggannoo guddaan godhamuu qaba. Walqunnamtiin namootaafi dhaabilee adda addaa waliin uumuuf barbaadnu cimina xalayaa keenya irratti hundaa'a. Kanaafuu, haalli nu jechoota ittiin fayyadamnuufi himoota ittiin qindeessinu haalaan yaadamuu qabu. Akka barattoonni kana ilaalchisee hubannoo ga'aa argatanu godhi. Fakkeenya xalayaa hojii sirriittii hin barreeffamne qopheessuun miidhaa akkamii akka fiduu danda'u waliin mari'adhaa. Xalayaa/iyyannoo hojii yoo ta'e gaariidha.

Barattoonni xalayaa adda addaa erga barreessan booda, akka daree keessatti dubbisanu carraa kenniif. Xalayaalee barreeffamanii dhiyaatan kanarratti jalqaba yaada hiriyoota jaraa daree keessatti argamanu dhaggeeffadhu. Yaada jarri

kennanu irratti hundaa'uun waan sirraa'uu qabu sirreessi. Carraaqii barattoonni godhanu ammoo jajjabeessi.

Xalayaan eega barreeffame booda ergamuu qaba. Kanaafuu, teessoon nama xalayaa barreesseefi namni xalayaan barreessameef sirriitti poostaa irratti kaa'amuu qaba. Barattoonni teessoon poostaa irratti bakka kamitti akka barreeffamu hubatanuuf poostaa fiduun itti agarsiisi.

**Gilgaala 5: Shaakala Gosoota Xalayaa**

1. Nagaa wal gaafachuu; waa'ee barumsaa yaada walii jijjiiruu; jaalala walii ibsuuf, kkf
2. gadda namatti dhaga'ame ibsuudhaan nama jajjabeessuuf
3. nama cidhaafi sagantaawwan adda addaa irratti affeeruuf
4. gammachuu namatti dhaga'ame ibsuuf
5. odeeffannoo dhaabbilee adda addaa irraa argachuuf
6. hojii barbaachafi kkf xalayaa barreeffamu

**Gabatee 2ffaaa(Deebii)**

| **Xalayaa michuu** | **Xalayaa hojii** |
|---|---|
| 1,2, 3, 4 | 2,3, 4,5, 6 |

**Gilgaala 6: Shaakala Xalayaa Barreessuu**

A. 1.Akka barattoonni qajeelfama kenname hordofanii xalayaalee barreessanu gargaariin.

2. Akka barattoonni qajeelfama kenname hordofanii xalayaalee barreessanu gargaariin.

3. a) E b) F c) A d) B e) D f) C

B. Akka barattoonni qajeelfama kenname hordofanii xalayaalee barreessanu gargaariin.

C. Akka barattoonni qajeelfama kenname hordofanii xalayaalee barreessanu gargaariin.

**Gilgaala 7: Shaakala Qaamolee Poostaa**

1. Xalayaan deebi'ee dhufa
2. Tambeerii
3. A. (a)

B. (b)

C. Akka barattoonni kana hojjetan hordofi.

D. Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

**Gilgaala 8: Shaakala Waliigalaa**

Yaadawwan barattootaa dhaggeeffachuun “Yaadannoo” armaan dura kenname akka deebiitti fayyadami.

## 4. Gaaaffiiwwan Keessa Deebii

- Xalayaa walii barreessuun maal nama fayyada?
- Gosoota xalayaa addaan baasii barreessi
- Xalayaa firaafi xalayaa hojii gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?
- Qaamolee xalayaa firaafi xalayaa hojii addaan baasii ibsi.
- Xalayaa harkaan barreessamuufi xalayaa imeeliin barreeffamu gidduu garaagarummaa akkamiitu jira?

## 5. Madaallii

Beekumsaafi ogummaa barattoonni boqonnaa kana keessatti gabbifatan baruuf wantoota armaan gadii hojjechuu isaanii mirkaneeffadhu.

- Gaaffiiwwan hubannoo deebisuu
- Faayidaafi akaakuu xalayaa ibsuu
- Xalayaa firaafi xalayaa hojii addaan baasuu
- Xalayaa firaa adda addaa barreessuu
- Xalayaa hojii adda addaa barreessuu

# BOQONNAA 17: MADDA ODEEFFANNOO

## Seensa Boqonnichaa

Boqonnaa kana keessatti barattoonni waa'ee maddawwan odeeffannoo hubannoo argatu. Mata-duree kana jalatti barattoonni akkamitti akka wabiin barreessamu shaakalu. Dubbisa dhiyaate keessatti madda odeeffannoo kan ta'e GALMEE JECHOOTAA ilaalchisee ibsa adda addaa dhiyaate dubbisuun gaaffiiwwan hubannoo deebisu. Faayidaa galmee jechootaa baruun ala, odeeffannoo dubbisuu ni gabbifatu. Karaa biraatiin haala miiljaleeniifi miiltoon ittiin barreeffaman muuxannoo argatu. Shaakala dhaggeeffachuu jalatti dubbisa maddawwan odeeeffannoo irratti dhiyaate dhaggeeffachuun gaaffiiwwan hubannoo adda addaa deebisu. Dhuma boqonnichaatti barattoonni maalummaa, amalootaafi gosoota keeyyataa ilaalchisee hubannoo jaraa gabbiffatu.

## 1. Kaayyoo: Xumura barnoota boqonnaa kanaatti barattoonni:

- dhaamsa dubbisaa addaan baasanii barreessu.
- faayidaa maddawwan odeeffannoo himu.
- madda odeeffannoo keessatti tartiiba wabiin itti kaa'amu ibsu.
- haala miiljaleefi miiltoon itti barreeffamu ibsu.
- maalummaa, amalootaafi gosoota keeyyataa himu.

## 2. Qabiyyee

- Dhaggeeffachuufi Dubbachuu
- Dubbisuufi Dubbachuu
- Yaadannoo Fudhachuu
- Wabii Barreessuu
- Maalummaa, amalootaafi gosoota keeyyataa

## 3. Mala Baruu-barsiisuu

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

Barannoo kana keessatti barattoonni dubbisa dhiyaate dhaggeeffachuun yaadannoo fudhatu. Kana akka gochuu dandaa'anuuf tooftaawwan armaan gadii fayyadami

- Yemmuu yaadannoo fudhatanu haala/caasaa dubbisni yookiin barreefamni ittiin qindaa'ee dhiyaatu akka hubatanu gorsiin: mata-duree, ibsa xiyyeeffannaa barreeffamaa(keeyyata jalqabaa keessatti ibsamu), himoota ijoo keeyyatootaafi keeyyata goolabaati. Yoo barattoonni qaamolee barreeffamaa kana haalaan sakkataa'an , yaadannoo qindaa'e qabachuu danda'u.
- Jalqaba barannoo kanaatti akka barattoonni gaaffiiwwan shaakala dhaggeeffachuun duraa irratti cimdiin mari'atanu godhi
- Yaadannoo fudhatan akka hiriyoota jaraa waliin walbira qabuun garaagarummaafi walfakkeenya gidduu jiru akka ilaalanu itti himi.

**Dubbisa Shaakala Dhaggeeffachuuf Qophaa'e**

**Maddawwan Odeeffannoo**

Odeeffannoon maddawwan adda adda irraa argamuu danda'a. Osoo maddawwan odeeffannoo kana hinilaalin dura faayidaa odeeffannoo ilaalchisee dhimmoota ijoo kaasnee turtii xiqqoo goona. Dhimmoota barreessinuufi dubbachuun ibsinu odeeffannoo malee gabbisuu hindandeenyu. Fakkeenyaaf, waa'ee haala qilleensaa yoo ibsuu yookiin barreessuu barbaadne odeeffannoo adda addaatu nu barbaachisa. Yoo waa'ee dinagdee biyya tokkoo ibsuu barbaadne odeeffannoo(akka ragaatti) ga'aa argachuu qabna. Karaa biraatiin, yoo waa'ee dhibbeewwan adda addaa barreeffamaan gabaasa ta'e dhiyeessuu barbaadne odeeffannoo qabachuu qabna. Maalummaa dhibbeewwanii, akkamitti akka nama tokko irraa nama biraatti darbanu, akkamitti akka wal'aanamanuufi kkf ilaalchisee yoo odeeffannoo qabanne malee homaa ibsuu yookiin barreesssuu hin dandeenyu.

Mee amma ammoo maddawwan odeeffannoon irraa argamu kaasnee haa ilaalu. Manneen barnootaa keessatti kitaaba barataafi kitaaboleen wabii akka madda odeeffannoo guddaatti ka'uu nimalu. Kana malees, barattoonniifi barsiisonni galmee jechootaa fayyadamuun jechoota ilaalchisee odeeffannoowwan kan akka

hiika, sagaleessa, qaama dubbii jechootaa argachuu dandeenya. Karaa biraatiin, barattoonniifi barsiisonni gaazeexaa adda addaa mana kitaabaa keessatti argamanu irraa odeeffannoo garagaraa argachuu danda'u. Fakkeenyaaf, oduu dhimmoota amma gaggeessamaa jiranu, odeeffannoo dhimma siyaasaa, guddina dinagdee, jireenya hawaasummaafi kkf argachuu danda'u.

Maddi odeeffannoo kan biraa intarneetiidha. Intarneetii irraa namoonni odeeffannoo kamiyyuu argachuu danda'u. Barattoonniifi barsiisonni dhimma barbaadan irratti odeeffannoo ga'aa argachuun waan hojjechuuf barbaadan fiixaan baasuu danda'u. Fakkeenyaaf, barattoonni qabiyyee barnootaa daree yookiin kitaaba barataa keessatti dhiyaatan ilaalchisee yaadawwan, ibsa dabalataafi gilgaalota adda addaa yoo barbaadan intarneetii irraa fudhachuun ogummaafi beekumsa jaraa gabbifachuu danda'u.

Maddawwan odeeffannoo yeroo hedduu fayyadamnu keessaa teleeviziiyooniifi raadiyoon warra ijoodha. Jara kana irraa odeeffannoo gosoota adda addaa argachuu dandeenya. Fakkeenyaaaf, dhimmoota yeroo ammaa addunyaa keessatti xiyyeeffannaa argatan baruu yoo barbaanne jara fayyadamuu dandeenya. Haala qilleensaa,  ispoortiifi dorgommiin garagaraa yoom akka gaggeessamanu, oduuwwan waa'ee daldalaa, fayyaa, siyaasaafi kkf jaruma kana irraa arganna.

Maddawwan odeeffannoo yoo hedduu ta'an illee, warreen armaan olitti ibsaman yeroo hedduu kan nu fayyadamnuudha. As irratti wanti hubatamuu qabu odeeffannoo maddawwan kanarraa argannu bakka adda addaatti barreeffamaan yemmuu fayyadamuu barbaannu bakka kamii akka arganne ibsuu qabna. Kana malee yaada keenya hin taane akka ofiitti fayyadamuun fudhatama hinqabu; nama yakkisiisuus danda'a. Kanaafuu, odeeffannoo yemmuu bakka adda addaa irraa fudhattu madda irraa argatte haalaan ibsuu hindagatin.

**Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

**Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu**

1. Dubbachuufi barreessuu keessatti yaadawwan kaasanu gabbisuuf
2. Kitaaba barataa, kitaaba wabii, gaazexaa, intarneetii, televiziiyoona, raadiyoo
3. Madda odeeffannoo irraa arganne haalaan ibsuu qabna.

**Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa**

1. Namoota haasofsiisuu
2. Intarneetii
3 Intarneetii; gaazexaa
4. Kitaaba wabii
5. Televiziiyoona; raadiyoo; intarneetii

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

Dubbisa waa'ee galmee jechootaa irratti dhiyaate osoo hindubbisin dura, barattoonni gareen ta'anii gaaffiiwwan shaakala dubbisa duraa jalatti dhiyaatan deebisuu yaalu. Kun akka jarri dhimma dhiyaate ilaalchisee waan duraan beekanuufi muuxannoo jaraa walii jijjiiranu gargaara. Kanafuu, akka kun haalaan raawwatamu hordoffii barbaachisaa godhi. Shaakalawwan warra kaan haaluma tartiiba jarri kitaaba barataa keessaatti ittiin dhiyaataniin gaggeessi.

**Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa**

1. Deebii barattootaa harkaa fuudhi.
2. A, B, C, D
3. Deebii barattootaa harkaa fuudhi.
4. a) tattaafii b) duraa duuba
   c) waan waanti biraa hojjetamu namatti agarsiisu/qajeelchuu
   d) of eeggannoon e)waan hunda kan of keessaa qabu

**Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu**

A. 1. keeyyata 5
   2. keeyyata 2
   3. keeyyata 1
   4. keeyyata 3
   5. keeyyata 4

**B.** 1. rakkina
   2. carraaqii
   3. hiika jechi hima keessatti qabachuu danda'u
   4. irratti hundaa'uun
   5. akkamitti akka jechi itti jedhamu
   6. garee jarri keessatti argamanu
   7. gulantaa
   8. kan mul'atu
   9. isa guddaa

10. bakka waan tokko irraa dhufu

**C.** Akka barattoonni himoota fudhatama qaban ijaaran mirkaneeffadhu.

**Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa**

Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

## Barannoo 3: Wabii Barreessuu

Barannoo kana keessatti barattoonni akkamitti madda odeeffannoo fayyadaman haalaan barreessanu baratu. Odeeffannoon wabiiwwan adda addaa irraa fudhataman tooftaawwan hedduu fayydamuun barreeffamuu danda'u. Miiljaleen isa tokko yemmuu ta'u, inni biraa ammoo miiltoo jedhama. Ibsaafi fakkeenya kitaaba barataa keessatti kenname ilaali. Akka barattoonni maddawwan odeeffannoo adda addaa barbaachuun odeeffannoo sassaabanii yaadannoo fudhtanu hojii garee kenniif. Gilgaala walfakkaataa kitaaba barataa keessatti dhimmuma kanarratti dhiyaate hojjechiisiin. Yoo barattoonni madda odeeffannoo irraa fudhatan haalaan agarsiisuu dhabaatan yaadawwan jarri maddawwan kana keessaa argatan akka kan jaraatti lakkaa'ama. Kun ammoo sirrii miti; nama gaafachiisuus ni danda'a.

Yemmuu barattoonni madda adda addaa irraa odeeffannoo sassaabanu haala odeeffannoon ittiin qindaa'e hubachuu qabu. Gilgaala haala kitaaboleeen ittiin qindaa'ani agarsiisu ilaaluun ibsa dabalataa kenniif. Wabii sirriitti barreessuun ogummaa barreeffamaafi qorannoo gaggeessuu keessatti ogummaa isa ijoodha. Maddawwan odeeffannoo mana kitaabaa mana barumsaa keetti argamanu ilaali; haala jarri ittiin qindaa'an hubadhu; akka barattoonni maddawwan odeeffannoo kana keessaa gareen hojjetanii yaadannoo fudhatanu godhi.

### Gilgaala 7: Shaakala Madda Odeeffannoo Barreessuu

**A. Deebii barattootaa harkaa fuudhi.**

B. 1. a. Madda odeeffannoo irraa arganne agarsiisuuf
- b. Namoota kitaabi kun akka maxxanfamu godhan galatteeffachuuf
- c. Waa'ee akkamii irratti akka xiyyeeffatu baruuf
- d. Qabiyyee kitaabaa agarsiisa
- e. Kitaabolee kitaabi tokko irraa yaada fudhate
- f. Mata-dureewwan kitaaba keessatti dhiyaatan
- g. Yaada jalqaba kitaaba irratti dhufuun kaayyoo kitaabichaa ibsuu danada'u.

2.

| Maqaa barreessaa | Bara itti barreessame | Maqaa kitaabaa | Magaala itti maxxansame | Mana Maxxansaa |
|---|---|---|---|---|
| Hiinseenee Makuriyaa | 2009 | Galmee Jechootaa Afaan Inglizii, Oromoo, Amaaraa | Finfinnee | Dhaabbata Maxxansaa Daldalaa |
| Shaawwayyee Beellamoo, Fireehiwoot Tulluu | 1999 | Afoolaa Oromoo, Jildii II | Finfinnee | Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa |
| Asteer Ejersoo, Laaqachi Alamee, Atsadaa Tsaggaayee | 1995 | Afoola Oromoo, Durdurii, Jildii –IV | Finfinnee | Komishinii Aadaafi Turizimii Oromiyaa |

3: deebii barattootaa harkaa fuudhi.

C •1. Yaada kaasnuuf ragaa kennuuf; yaada qabnuuf cimna kennuuf

2. Yaada namaa akka yaada ofiitti fayyadamuutu dhufa. Kun ammoo sirrii miti.

3. Karaa lamaan

## Maalummaa, Amalootaafi Gosoota Keeyyataa

Boqonnaawwan kanaan duraa keessatti ka'uu isaa ni yaadatama. Sana bu'uura gochuun barannoo kana barsiisuu dandeessa. Gaaffiiwwan armaan gadii fayyadamuun barattoonni waan kanaan dura baratan hangam akka yaadatanu hubachuu dandeessa:

- Keeyyata jechuun maal jechuudha?
- Keeyyata keessatti dhimma meeqatu ka'a?
- Keeyyanni haala akkamiitiin qindaa'a?

Deebiiwwan gaaffiiwwan kanaa irratti hundaa'uun gilgaalota barannoo kana jalatti dhiyaatan akka barattoonni hojjetanu gargaariin. Karaa biraatiin akka barattoonni keeyyata adda addaa barreessanu godhi. Keeyyatoota barreessanis walitti kennuun akka qaaceessanu itti himi.

**Gilgaala 8: Shaakala Gosoota Keeyyataa**

A. 1. Keeyyatichi amaloota hunda ni guuta. Akka barattoonni fakkeenya keeyyaticha keessaa fudhatanii ibsa qubsaa kennanu godhi.

2. Deebii barattootaa harkaa fuudhi.

**B.** C, D, A, B

**C.** 1. Seenessaa — 2. Ibsaa

3. Ibsaa — 4. Addeessaa

5. Amansiisaa — 6. Ibsaa

7. Seenessaa

**D.** 1. Amansiisaa — 2. Addeessaa

3. Seenessaa — 4. Ibsaa

## 4. Gaaffiiwwan Keessa Deebii

- Maddawwan odeeffannoon irraa argamanu keessaa fakkeenya muraasa natti himi.
- Kitaabni wabii haala akkamiin qindaa'a?(caasaa kitaaba wabii natti himi)
- Galmee jechootaa keessaa odeeffannoo akkamii argatta?
- Galmeen jechootaa yeroo akkamii hojji irra ooluu qaba?
- Wabiin tartiiba akkamiin barreeffama?
- Keeyyata jechuun maal jechuudha?
- Amaloota keeyyataa barreessi.
- Gosoota keeyyataa hiika jaraa wajjin addaan baasii barreessi.

## 5. Madaallii

Akka barattoonni wantoota armaan gadii hojjechuu danda'an mirkanneeffadhu:

- Maddawwan odeeffannoo addaan baasanii agarsiisuu
- Faayidaa maddawwan odeeffannoo ibsuu
- Haala wabiin ittiin barreeffamu agarsiisuu
- Maalummaa keeyyataa ibsuu
- Amaloota keeyyataa ibsuu
- Gosoota keeyyataa addaan baasuu

## Wabii

Adugna Barkessa 2009. Terminology-related Problems in Teaching Afaan Oromoo. Germany: vdm Verlag.

Addunyaa Barkeessaa 2010. Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo: Concept of Afaan Oromoo Grammar. Finfinne: Mega Printing Press.

2011. Sanyii: Jechaafi Caasaa Isaa ( Word and Its Structure).Finfinnee: Efficeincy Printing Press.

2011. Akkamtaa: yaadrimee Qorannoo Hujoo Afaan Oromoo Keessatti( Concept of Applied Linguistics in Afaan Oromoo Language. Finfinnee: Efficiency Printing Press.

Catherine G. M. 2001. A Grammatical Sketch of Oromoo. RÜDIER KÖPPE VERLAG. KÖLN, ISBN

Crystal, D.1997. The Cambridge Encyclopedia of Language. 2nd (edt.), Cambridge: Cambridge: University press.

Dowens, W. . 1998. Language and Society. 2nd (edt.), Cambridge: Cambridge University Press

O'Grady, W. and Dobrovolsky, M. 1996. Contemporary Linguistics Analysis, an Introduction.3rd (edt.), Tronto : Copp Clark LTD.

Owens, J. 1985a. The Grammar of Harar Oromo. Humburge: Helmut Buske Verlage Humburge.

Tamene Bitima 2000. A Dictionary of Oromo Technical Terms, Oromo-English. Berlin: RudigerKoppe Verlag Kolin.

Temesgen Negasa. 1993. Word Formation in Oromoo. Addis Ababa University: Addis Ababa, (Un Published MA thesis).

1995. "Word Formation in Oromo" in Baye and et al. (eds.), Proceeding of Ethiopian journal of language and literature, NO. 5, ILS, Addis Ababa. Company.

Wako Tola 1981. The Phonology of Oromo (Mecca ) MA thesis, ILS, Addis Ababa University.

Yule, J. 2006. The Study of Language (2nd edt.), Cambridge: Cambridge University Press.